# XIINXALA ASOOSAMA DHEERAA *EDEDA:* IJA YAADXINA BIFIYYEETIIN

**BAARUU TASFAAYEE FUFAATIIN**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUU ITTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE YUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMAANIITII DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF KAN DHIYAATE**

**BITOOTEESSA 2016** ALI

**JIMMA, ITOOPHIYAA**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUU ITTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE YUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMAANIITII DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF KAN DHIYAATE**

# XIINXALA ASOOSAMA DHEERAA *EDEDA*: IJA YAADXINA BIFIYYEETIIN


**QORATAAN: BAARUU TASFAAYEE FUFAA**

**GORSITUUN: IRISTEE AKKAWAAQ (Asst. Prof.)**

**GARGAARAA GORSAA: ABDUSALAAM A/ OLII (MA)**



**BITOOTEESSA 2016 ALI**

**JIMMA, ITOOPHIYAA**

**YUUNIVARSIITII JIMMAA**

**DHAABBATA QORANNOO DIGIRII DURAATIIN BOODDEE**

Waraqaan Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Ittin Guuttachuuf Baaruu Tasfaayeen, Mata duree "Xiinxala Asoosama Dheeraa *Ededa*: Ija Yaadxina Bifiyyeetiin" Jedhurratti Qophaa'e Adeemsa Barbaachisu Guutee kan Dhiyaateedha.

Maqaa qorataa: **Baaruu Tasfaayee Fufaa**

Mallattoo: ______________

Guyyaa: ___/___/________

## Koree Qormaataa

Gorsituun: **Iristee Akkawaaq (Garg. Piroo)** Mallattoo __________ Guyyaa: ___/___/___

G/Gorsaan: **Abdusalaam A/ Olii (MA)** Mallattoo __________Guyyaa: ___/___/___

Qoraan Alaa: **Magarsaa Diinsaa (PhD)** Mallattoo _________Guyyaa: ___/___/____

Qoraan Keessaa: **Alamaayyoo Faqqadaa (PhD**) Mallattoo ________Guyyaa: ___/___/____

Haala Mijeessaan: **Namarraa Kabbadaa (MA)** Mallattoo _________Guyyaa: ___/___/___

**Itti Gaafatamaa Muummee Yookaan Walitti Qabaa Sagantaa Digrii Lammaffaa**

# IBSA BARREESSAA

Ani qorataan maqaafi mallattoon armaan gadiitti eerame, qorannoon kun hojii dhuunfaa koo ta'uufi kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhiyaanne ta'uusaa, akkasumaas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessattti kaa'uu koon mirkaneessa.

Maqaa: **Baaruu Tasfaayee Fufaa**

Mallattoo: ______________

Guyyaa: _____/_____/______

## GALATA

Duraan dursa Waaqayyo isa abbaa ogummaa hundaa ta'eefi waan hunda gochuu danda'uuf galanni guddaan haata'u. Itti aansuudhaanis, gorsituukoo Iristee Akkawaaq (Garg. Piroo) kallatti hundumaan ogummaafi beekumsa qabdu nuffiifi qusannoo tokko malee isa na bira dhaabbatteef galanni koo guddaadha. Akkasumas, gargaara gorsaa koo Abdusalaam A/Olii (MA) deggersa ogummaa qabaan qusannaa tokko malee nagargaaraa turaniif galanni ani qabuu guddaadha. Haadha manaa koo Illikee Barnabaas yeroo hundumaa humnaan, jajjabinaafi deggersa naa gooteef baay'een galateeffadha. Haadha imaanaa kana hundumaa isheen taate harmee koo Dassaatuu Saxxanyiifis galanni ani qabu daangaa hinqabu. Rakkinaafi bal'ina jiru hundumaa keessatti ana biraa kan hindhibamne obboleessa koo Barsiisaa Waaqdhiisaa Tasfaayeef galanni koo guddaadha. Xumura irrattis barsiisoota koo Yuunivarsiitii Jimmaatti argamaan, digirii jalqabaa irra kaasanii amma sadarkaa kanaatti kalattii adda addaan na deggeraniifi sadarkaa kana irra akkaan gahuuf beekumsa qabaan utuu hinwaakkatiin na cimsan hundaaf galanni ani qabu guddaadha. Keessumattu, Dr. Taayyee Guddataafi Dr. Alamaayyoo Faqqadaaf galata onneerra madden qaba.

# AXAREERAA

*Kaayyoo gooroo qorannoo kanaa asoosama Dheeraa Ededa bu'uura yaadxina bifiyyeen xiinxaluudha. Xiinxalli kun, akkaata itti yaadxina bifiyyeen asoosama xiinxalaan irratti ogummaa kan cimsuufi hubannoo namootaaf kan dabaluudha. Kan qorannichaaf ka'umsa ta'e ogbarruu barreeffama keessa walaloo waliin yeroo wal bira qabamee ilaalamu, xiinxalli yaadxina kanaan asoosama irratti heddumminaan mul'achuu dhabuu akkasumaas, qorannoowwan kan biro irratti hundaa'uun kanneen mata duree kanaan walitti dhiyeenya qaban waan isaan hin xuqiin darbaan hubachiisuufi fedhii qorataan gama kana irratti qabuudha. Barbaachisumaan qorannoo kanaa akkaata itti yaadxina bifiyyeen asoosama xiinxalaan irratti ogummaa cimsuufi hubannoo namootaaf dabaluudha. Malleen qorannoo keessa mala qorannoo akkamtaatti dhimma kan ba'e ta'ee, gosa iddatteessuu mit-carraa keessaa kaayyeffataa kan fayyadameedha. Tooftaan ragaaleen ittiin walitti qabaman xiinxala yookaan dookimeentii sakatta'uudha. Ragaaleen walitti qabaman akkaata gaaffilee bu'uura qorannoo deebisuu danda'aniifi kaayyoolee gooree milkeessuu danda'aniin keeyyata keeyyataan kan ibsamaan ta'e, yaadxina bifiyyee giddugaleessa taasifachuun xiinxalamaniiru. Sadarkaan ijaarsa jaargochaa miidhagina qabaachuu isaaf sabaabni bu'a ba'ii namfakkiiwwan keessa darban ta'uu, haala kanaan dhiyaachuun isaa hawwattummaa asoosamichaa daraan akka dabale kan hubachiise Kana malees, yoomeessi asoosama filatamee Naannoo Beeneshaangul Gumuuz irraa ka'ee hanga Naannoo Oromiyaatti babal'achu, hawaasummaan yeroo seena saba sanaa ibsu jechoota al kallattiitti akka gargaarame, iji seeneffama asoosamichaa ramaddii sadaffaa hunda beekaa murta'aa akka ta'eefi akkaata kanaan dhiyeessuun isaa ammo ergaaan asoosamichaa miidhaginaa akka darbuuf gumaacha akka godhe kan hubachiise Karaa biraatiin, malleen dubbii kanneen akka akkasaa, iddasaa, nameessaa, arbeessaa, mitiheefi fakkoommiin asoosamicha keessatti calaqqisuufi calaqqisuun warreen kanaa ammo asoosamichaaf; qabatamummaa, miidhaginaafi dhageetti akka kenneef kan hubachiise ta'uu mirkana'eera. Kanaafuu, ogeeyyiin dirree qorannoo kana irra jiran asoosama kana irratti yaadxina dhugummaan, asoosamoota biroo Afaan Oromoon barreffamaan irratti yaadxina bifiyyeen osoo qorannoo geggessanii gaarii ta'aan yaada qoratichaati.*

BAAFATA

QABIYYEE FUULA

GALATA ... iii
AXAREERAA ... iv
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ... 1
1.1. Seenduubee Qorannichaa ... 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ... 4
1.3. Kaayyoo Qorannichaa ... 7
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ... 7
1.3.2. Kaayyoo Gooree ... 7
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ... 7
1.5. Daangaa Qorannichaa ... 8
1.6. Hanqina Qorannichaa ... 9
1.7. Qindoomina Qorannichaa ... 9
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ... 10
2.1. Ogbarruu ... 10
2.1.1. Asoosama ... 12
2.2. Qeeqa Ogbarruu ... 32
2.3. Yaadxina Qeeqa Ogbarruu ... 35
2.4. Yaadxina Qorannichi Bu'uureffate ... 37
2.4.1. Yaadxina Bifiyyee ... 38
2.5. Sakkatta'a Qorannoo Walfakkaatoo ... 42
BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA ... 45
1.1. Saxaxa Qorannichaa ... 45
3.2. Madda Ragaalee ... 45
3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu ... 46
3.4. Mala Funaansa Ragaalee ... 46
3.5. Mala Xiinxala Ragaalee ... 46
BOQONNAA AFUR: QAACCESSAAFI HIIKA RAGAALEE ... 48
4.0. Cuunfaa Jaargocha Asoosama Ededa ... 48
4.1. Xiinxala Sadarkaa Ijaarsa Jaargocha Asoosama Filatamee ... 49

4.1.1. Xiinxala Maddaa Yookaan Ka’umsa (Exposition) Jaargocha Asoosamichaa ............ 50
4.1.2. Xiinxala Tumsa/Dabaliinsa (Rising Action) Jaargocha Asoosamichaa ...................... 51
4.1.3. Xiinxala Finiina/Guutimiira (Climax) Jaargocha Asoosamichaa ................................ 51
4.1.4. Xiinxala Sigigaannaa (Falling Achion) Jaargocha Asoosamichaa .............................. 53
4.1.5. Xiinxala Furmaata Jaargocha Asoosamichaa ............................................................ 54
4.2. Xiinxala Namfakkiiwwaniifi Waldhabbii Asoosama Filatamee ....................................... 55
4.2.1. Xiinxala Namfakkiilee Asoosamichaa ....................................................................... 55
4.2.2. Xiinxala Waldhabbii Asoosamichaa .......................................................................... 60
4.3. Xiinxala Yoomessafi Ija Seeneessa Asoosama Filatamee ................................................ 64
4.3.1. Xiinxala Yoomessa Asoosamichaa ............................................................................ 64
4.3.2. Xiinxala Ija Seenessa Asoosama Filatamee .............................................................. 68
4.4. Xiinxala Fayyadama Malleen Dubbii Asoosama Filatamee ............................................ 69
4.4.1. Xiinxala Haala Fayyadama Malleen Dubbii Akkasaafi Iddeessaa ............................. 70
4.4.2. Xiinxala Haala Fayyadama Malleen Dubbii Nameessaafi Arbeessaa ......................... 71
4.4.3. Xiinxala Haala Fayyadama Malleen Dubbii Walfaallee/Mitiheefi Fakkoommii ........ 73
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO .............................................. 76
5.1. Cuunfaa ............................................................................................................................ 76
5.2. Argannoo ........................................................................................................................... 78
5.3. Yaboo (Yaada Furmaataa) ............................................................................................... 79
Wabiilee ........................................................................................................................... 80
Dabalee A: Suuraa Qola Kitaaba Asoosama Ededa ............................................................ 86
Dabalee B: Cheeklistii ......................................................................................................... 87

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Jiruufi jireenya isaa keessatti dhalli namaa yaada, miira, fedhii, hawwii, mudannoofi muuxannoo isaa irraa ka'ee haala jiruuf jireenya isaa ittiin ibsatuufi dabarfatu haala adda addaa jiran keessa inni tokko ogbarruudha. Ogbarruun ogummaaf dandeettii dhalli namaa ittiin aadaa, duudhaa, falaasama, haala jiruuf jireenya isaa akkasumas, waan keessoo isaatti dhagahamu mara kan ittin ibsatu kalaqa sammuu ilma namaati.

Yaada kana Asafaan (2009, ff. 22-23) yoo ibsu, "Ogbarruun, oguma kalaqaa kan muuxannoo jiruuf jireenya keessatti yayyabnu, bu'uuressinuufi akka qabatamutti miidhagsinee fooy'essuun ittiin ibsinu, dabarsa aadaa uummataa ta'ee, aadaa ummaata kun ammo dhalootarra dhalootatti kan dabarfamu haala miidhagaafi hawwataa ta'een qindaa'eeti" jedha. Itti dabaluun Finnegan (1978, f. 29) yoo ibsitu, "Literature is work of art which expresses the truth of experience in terms of beauty to be comprehended and it is the means of communicating ideas of intellectual and social significance" jetti.

Akka yaada namoota kanaatti ogbarruun, hojii kalaqaa oguma isa dhugaa karaa miidhagina qabuun guutameefi karaa yaada beektotaafi eenyummaa hawaasaa ittiin wal geeddaran, akkasumaas, waan barreeffamaan jiruufi kalaqa sammu dabalatu ta'ee, jiruuf jireenya hawaasa bu'uureffachuun barreessan kalaqa mataa isaan bocu ta'uu isaati. Bocamni isaas, akkaata hawaasicha yookaan dubbisaa ofitti hawwachuu danda'uun ulaagaa barreeffamaan miidhagina gonfatee dhiyaachu isaati.

Ogbarruun barreeffamaa, gooroowwan gurgudda sadii kanneen akka: asoosama, diraamaafi walaloo jedhamanitti qoodamee ilaalama. Dubay (2015, f. 197) yaada kana yummuu ibsu, "The literal meaning of literature is the art of written work in different forms, such as, poetry, plays, stories prose fiction" jechuun ibsa. Gosoonni ogbarruu barreeffama kunneen haala itti dhiyaatanifi qindaa'an kan mata mataa isaanii qabu. Asoosamni damee ogbarruu keessa isa tokkoodha. Dhimma kana irratti yaada Lazar yummuu ilaallu, asoosamni dame ogbarruu keessa tokko ta'ee, jiruufi jireenya dhala namaa ibsuuf kan tajaajiluudha.

Akkasumaas, hojiilee kalaqa keessaa tokko ta'ee jiruuf jireenya hawaasa tokko akka daawwitiitti kan mul'isuudha (Lazar, 1993).

Jechi asoosama jedhu hiika amma qabateen yeroo jalqabaaf jaarra 18ffaa keessa kan mul'ate gosa hololoo seeneffamaa, yaada ofii gocha sirriitiin kan mul'isu ta'ee, akkaata dubbisaa ofitti hawwachuu danda'uun hawwattummaa gonfatee, miidhaginaan kalaqamee kan dhiyaatuudha (Zarihuun, 1996).

Hojiiwwan ogbarruu tokko karaa sirrii ta'een xiinxala irratti geggeessuun ogbarruun sun gara sadarkaa fooy'aatti akka guddatu kan taasisuufi hojii barreessitoota sanaas kan beeksiisu, akkasuumas kanneen biroon ammo hanqinaafi cimina jiran addaan baafachuun waan fooy'aa akka hojjetaniif, kana malees, ogbarruu biyyichaa fooy'essuufi guddisuufillee gahee akka qabuudha.

Biyya tokko keessatti, hojiiwwan ogbarruu bara baraan mul'ataan irratti xiinxalli geggeeffamaa akkuma deemun ogbarruun biyyichaas gara sadarkaa fooy'aatti carraan guddachaa deemu isaa bal'aadha. Akkasuumas, hojii barreessitoota adda addaa karaa sirrii ta'een xiinxalamuun sadarkaan isaani yoo beekamu, kanneen biroon ammo hanqinootafi ciminoota jiraan ilaaluudhan, miidheksuun hojiiwwan fooy'aa ta'aan akka hojjetaniif isaan gargaara. (Zarihuun, 1996).

Wayita ogbarruu tokko gadi fageenyaan dubbisnu, gaaffileen wanta dubbifnu sana irratti ka'uu malu. Gaaffileen ka'uu qabaan kunis, kanneen akka: kana jechuun maal jechuudha? akkamitti akkas ta'a? bu'aa maalii qaba? miidha maalii qaba? rakkoo inni addunyaatti fidu maalii? kan jedhaan ka'uu malu. Yeroo kana taasifinus ogbarricha sana qorachaafi madaalaa kan deemnu ta'uu agarsiisa. Yaadonni ogbarruus kan qoratamaniifi madaalaman ulaagaalee yaadxina qeeqa kanaatti gargaaramaniiti (Klages, 2006).

Egaan, asoosamni ogbarruu barreeffama keessa tokko yummuu ta'u, ulaagaa ittiin asoosama sana xiinxalan adda baafachuun dhimmoota ilaaluun barbaachiseef addaan baasanii xiinxaluun guddina ogbarruufi hojii kalaqaa afaan sanaaf baay'ee barbaachisadha. Kana malees, xiinxaluun ulaagaa ittiin xiinxalaniin qulqullinaafi hawwattummaa hojii kalaqichaa madaalanii agarsiisuudha.

Asoosama xiinxaluun qulqullina isaafi hawwattummaa isaa mirkaneessuun, ulaagaa ittiin xiinxalaan irratti hunda'uun, ergaa barreessan dabarsuu barbaade, haala ifa ta'een, bifa hawwattummaa qabuun dubbistoonni akka hubataniif wantoota miidhagina asoosamichaaf

gumaachan adda baasuun agarsiisuudha (Dean, 2006). Inni biraan ogbarruu tokko xiinxaluuf yaadxinaleen adda addaa ni jiru. Isaan keessa yaadxinni bifiyyee isa tokko.

Yaadxinni bifiyyee biyyoota gara garaa keesstti babal'achaa dhufuu isaatiifi xiinxala hojii ogbarruu keessatti fudhatama argachuu isaa Erlich (1980, f. 63) yoo ibsu, "Formalist criticism became prominent in prage in 1920s when there was a repressive political climate in the Soviet Unio" jedha.

Karaa biraatin Bertens (2001, f. 32) akkas jechuun ibsa, "formalists began to transilated in to inglish in the late 1950s and 1960s, that the English spoking would began to notice of their wholly diffirent approcheas of litrary arts" jechuun ibsa. Yaadoota kana irra wanti hubatamu, yaadxinni bifiyyee erga hundeeffame booda gara afaan inglizitti hiikamuun dubbattoonni afaan ingliziis hojiilee ogbarruu gara garaa xiinxaluuf kan itti fayyadaman ta'uu kan agarsiisudha.

Egaan, yaadxinni kun xiyyeeffannoon isaa bifa hojii ogbarruu dhiyaatee sanaafi wantoonni ogbarruu sana keessatti argamaan akkaata kamiin akka dhiyaatanii miidhaginaafi hawwattummaa akka dabalan xiinxaluu qofarratti kan fuulleffatuudha.

Namni Carter (2006, f. 32) jedhamu ammo, xiyyeeffannaa yaadxina bifiyyee gabaabinaan akka itti aanutti ibsa, "As the name suggests formalism was more interested in analysis of form, the structure of a text and its use of language, than in the content. Formalists wanted to establish a scientific bases for the study of literature which involved detailed inquiry into plot structure, narrative perspectives symbolic imaginary and other literay techniques" jedha.

Walumagalatti wanti yaadoota kana irra hubatamu, xiyyeeffannaan yaadxina bifiyyee qabiyyee barreeffama tokkoo caalaa xiinxala unkaa, miidhaginaafi hawwattummaa barreeffama dhiyaatee, kana malees wantoota miidhagummaafi hawwattummaa barreeffamichaaf bu'uura ta'aan kanneen akka; haala ijaarsa sadarkaa jaargochaa, tartiiba ta'eewwanii yookaan gochoota namfakkiiwwanii, kallattii seeneffamaa, haala barreeffama yookaan yoomeessa, akkaata waldhabbiin namfakkiiwwan gidduutti uumamaniifi itti fayyadama afaaniifi warreen kun ammoo akkaata kamiin hawwattummaa akka dabaalan irratti kan xiyyeeffaate ta'uu isaati.

Kana bu’uura godhachuun xiyyeffannoon qorannoon kanaas, kitaaba asoosama dheeraa Alamuu Goobanaan barreeffame, mata dureen isaa “*Ededa*” jedhu, fuula 309 qabaatee, bara 2021 maxxanfame, ija yaadxina bifiyyeetiin xiinxaluu irratti kan fuuleeffateedha.

## 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Dhaabbilee barnoota olaanoo keessatti, namoonni adda addaa damee barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu keessatti, bu’uuraalee yaadxina ogbarruu gara garaatti gargaaramuun asoosamoota Afaan Oromoo irratti qorannoo adda addaa geggeessu. Kun ammoo, guddina ogbarruu Oromootiif ga’ee guddaa qaba. Haata’u malee, qorannooleen kunniin, asoosamoota Afaan Oromoo bu’uura yaadxinaalee ogbarruutiin guutummaan guutuutti xiinxalaniiru jechuun ulfaataadha. Keessumaa, bu’uura yaadxina bifiyyeetiin xiinxalli asoosamoota Afaan Oromoo irratti gaggeeffaman muraasa.

Kanaafuu, yaadxina kanaan asoosama Afaan Oromoo irratti qorannoo gaggeessuun barbaachisaadha. Qorannooleen muraasni bu’uura yaadxina bifiyyeen asoosama Afaan Oromoo irratti gaggeeffamaniiru. Haata’u malee, qorannoolee kanneen dhimmoota xiyyeeffannaa yaadxinni bifiyyee asoosama irratti qabu guutummaatti ibsaniiru jechuun ulfaataadha. Kanaaf, ka’umsi qorannoo kanaas qaawwa kana guutuuf yaadameeti.

Waraqaa kana hojjechuuf qorannowwan gara garaa dubbisuuf yaaleera. Isaan keessa, qorannowwan yaadxinoota gara garaatiin hojjetaman 12 ergan addaan baasee dubbisee booda, kaallattiidhan qorannoo kanaan walitti dhufeenya kanneen qabaan qorannoowwan muraasa argeen jira. Isaan keessaa fakkeenyaaf,

Abdii Waaggaarii (2015) mata-duree, “Qaaccessa Asoosamoota Tuullaa Cubbuufi Ichima Jaalalaa, Yaadxina Bifiyyeetiin” jedhuun ulaagaa Digrii Lammaffaa Afaan Oromoofi ogbarruun guuttachuuf qorannoo geggeesse yoo ta’u, kaayyoon isaa asoosamoota eeraman yaadxina bifiyyee bu’uura taasifachuun xiinxaluudha. Xiyyeeffannoon isaas, ijaarsa caasaa, akkaataa dhiheenya namfakkii olaanaafi maasaanuu, ija seenessaafi dubbiiwwan qolaa asoosamicha keessatti argamaan irratti kan fuulleffateedha.

Qorannoo kanaafi Abdii Waggaarii yaadxina bifiyyee irratti hundaa’uun asoosamoota filataman xiinxaluuf yaaluu isaaniitiin walfakkaatu.

Wanti adda isaan taasisu immoo, qorannoon Abdii ijaarsa caacculee asoosamoota sanaafi dubbiiwwan qolaa faayidaa irra oolan qofarratti kan fuuleeffate yoo ta'u, qorannoo kana keessatti garuu ijaarsa caacculee qofa osoo hin taane, qindoomina gidduu isaanii jiruus, namfakkiilee, akkasumas yoomeessi asoosama kanaa akkaata kamiin akka dhiyaatee hawwattummaa taasiise kan xiinxaleedha. Qorannoon Abdiifi qorannoo kana kitaabolee asoosama adda addaa kanneen barreessitoota adda addaatiin barreeffamaan irratti adeemsifamuun isaaniis garaagarumma isaaniti.

Qananii Baayisaa (2008) mata duree "Xiinxala asoosamoota Burreen Bifa Tokkoo Mitifi Dibaa: Ija Yaadxina Bifiyyeetiin" jedhuun ulaagaa Digrii Lammaffaa Afaan Oromoofi ogbarruun guuttachuuf qorannoo geggeesse yoo ta'u, kaayyoon isaa asoosamoota eeraman yaadxina bifiyyee bu'uura taasifachuun xiinxaluudha. Xiyyeffannoon isaas akkaataa itti caacculeen asoosamicha ijaaraman, Walsimsiistota yookaan malawwan barruu, Ak-barruufi Dubbiiwwan qolaa faayidaa irra oolan ilaaluu yummuu ta'u.

Qorannoo kanaafi Qananii Baay'isaa yaadxina bifiyyee irratti hundaa'uun asoosamoota filataman xiinxaluuf yaaluu isaaniitiin walfakkaatu. Wanti adda isaan taasisu immoo, qorannoon Qananii caasaa ijaarsaa, maalawwan barruu sanaafi ak-barruu qofa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, qorannoon kun ammo sadarkaa jaargochaa, haala uumama namfakkiiwwaniifi waldhabbii, iji seeneffamaa, yoomeessaafi malleen dubbii isa keessatti argamaan miidhagina isaaf gahee akkamii akka taphataan kan xiinxaleedha.

Egaan, qorannoowwan namoota adda addaatin taasifaman kunneen soosamoota Afaan Oromootiin barreeffaman irratti hojjetamuun isaanis walfakkeenya qorannoo kana wajjin qaban kan agarsiisu yoo ta'u, qabxiin xiyyeeffannoo isaanii garaagarummaa isaani agarsiisa.

Kunis qorannoon kun: ijaarsa sadarkaa jaargochaa, akkaata uumama namfakkiiwwanii, waldhabbii, iji seeneffama, yoomeessiifi malleen dubbii achi keessatti argamaan, akkaata kamiin dhiyaatee hawwataa akka taasiise xiinxaluun isaa kan adda taasisuudha. Kana malees, qorannoon kun akkaata dhiyaannaa warreen kanaa kan agarsiiseefi hawwattummaa isaan asoosamichaaf kennaan kan xiinxaleedha.

Qorannoon akka walfakkiitti fudhaatame kun garuu warreen kana waan jedhe tokkollee hin qabu. Kun addummaa isaanii isaa bu’uuraadha. Kanaafuu, hojiin qorannoo kanaa sababoota bu’uuraa armaan gadiitiif itti fufinsa qabaachuu qaba.

Qorannooleen xiyyeeffanno yaadxina bifiyyeetiin ogabarruu barreeffamaa keessa walaloo waliin gaafa wal bira qabamee ilaalamu, ogbarruu barreeffamaa keessa asoosama irratti akka walaloo baay’inaan mul’achuu dhabuu. Akkuma beekamu, dhimmi yookiin yaadni asoosama tokko keessatti ka’u miidhaginaan dhiyaachuuf caacculeen asoosamichaa haala gaariin yoo ijaaramaniifi qindoomina qabaataniidha. Bu’aan asoosamicha irraa argamus qindoominaafi walitti hidhamiinsa isaanii irratti hundaa’a. Kanaaf, bifa asoosama tokkoo xiinxaluun barbaachisaadha. Kanaafuu, qorannichi kallattiilee qorannoolee biroo hin ilaalle yaadxina bifiyyeen mul’atan guutuuf adeemsifame. Sabaabni isaas, Asoosama “*Ededa”* jedhamu irratti xiinxalli, kallatti xiyyeeffannaa yaadxina bifiyyeetiin kanaan dura qorannoon waan irrattii hin gaggeeffamneef.

Akkuma seenduubee qorannoo keessatti ibsamuuf yaalametti, asoosamni calaqqee jiruufi jireenya dhala namaa miidheeksanii waraqaa irratti haala ofitti nama harkisuun, namoota addunyaa dhugaa keessa jiraataniif bifa miidhagaafi hawwataa ta’een dhiyeessuudha. Kun ammoo, wantoonni miidhagiina barreeffamichaaf bu’uura ta’aan yoo xurree sirriirra deeme qofa galma ga’a. Kanaafuu, hojii barreessitoota Oromoo kallatti bu’uura yaadxina bifiyyeen qorannoo irratti adeemsisuun barbaachisaa ta’uusaa itti amanameeti.

Qoranannoon hojii yeroo tokko qofa hojjetamee dhaabbatu waan hintaaneef qorannoo itti fufsiisuuf. Kun immoo, akkuma jireenyi dhala namaa jijjiiramaa ta’e, dhimmoonni ogbarruu Afaan Oromoos haala kanaan wal qabatee maal akka fakkaatu sakatta’uun barbaacisaadha.

Bu’aan hojii ogbarruu tokko irraa argamu ammo qindoominaafi walitti hidhamiinsa isaanii irratti hundaa’a. Kanaafuu, dhimmoota qindoominaafi walitti hidhamiinsaan, bu’aa ogbarruu tokko keessatti argaamsiisan xiinxaluun murteessaa waan ta’eefi. Kana malees, asoosamoota Afaan Oromoo yeroo ammaa kana barreeffamaa jiran karaa kanaan yoo xiinxalamaan guddina ogbarruuf gahee guddaa taphachuu danda’a jedhamee waan itti amanameef.

Haaluma kanaan qorannnichi, kallattilee qorannooleen biroon hinilaalleen qaawwa yaadxina bafiyyeen mul'atan guutuuf adeemsifame. Kanaaf qorataan,

qorannoo matadureen isaa "Xiinxala Asoosama Dheeraa *Ideda*, Ija Yaadxina Bifiyyeen" jedhu yeroo fudhatee ka'u gaaffilee armaa gadii akka ka'umsaatti qabateeti. Kanaafuu, qorannichi gaaffilee itti aanan kanaaf deebii kennee jira.

1) Sadarkaan ijaarsa jaargocha asoosama filatamee bifa kamiin dhiyaate?
2) Haalli uumama namfakkiiwwaniifi waldhabbii asoosama filatame maal fakkaata?
3) Yoomessiifi iji seenessa asoosama filatamee bifa kamiin ijaarame?
4) Fayyadamni malleen dubbii, miidhagina asoosamichaaf gumaachi godhan maal fakkaata?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa asoosama dheeraa *Ededa* jedhu ija yaadxina bifiyyeetiin xiinxaluudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti.

1) Sadarkaa ijaarsa jaargocha asoosama filatame bifa kamiin akka dhiyaate ibsuu.
2) Akkaata barreessan namfakkiileefi waldhabbii itti uume miidhagummaa barruu sanaaf shoora akkamii akka qabu addeessuu.
3) Asoosamicha keessatti bifa yoomessiifi iji itti dhiyaate ibsuu. .
4) Malleen dubbii asoosamicha keessatti argamaan, miidhagina asoosama sanaaf gumaacha akkami akka qabaatan agasiisuu.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannoo kanaa, asoosama dheeraa *Ededa* jedhu ija yaadxina bifiyyeetiin xiinxaluu yoo ta'u, akkaata ittiin yaadxina bifiyyeen asoosama xiinxalan irratti ogummaa cimsuu, hubannoo namootaaf dabaluufi wantoota asoosama tokko keessatti hawwattummaa dabaalan agarsiisuudha.

Qorannichi hojjetamee erga xumurameen booda, kallattii dhimmamtoonni gara garaa irraa fayyadamu jedhamee tilmaamamuun, hanga danda'ameetti akka isaan bifa barreeffamaan argatanii dubbisaniif waraqaa irratti bifa barreeffamaan akkasumaas, miidiyaalee hawaasaa irraas barreeffamaan argatanii buufachuun akka dubbisaniif fe'ama. Toora interneetii irratti fe'amuun isaa ammo qaamoonni hunduu karaa salphaan argachuu akka danda'aan taasiisa. Qaamoleen irraa fayyadamaan kunneenis, kanneen tarreeffaman kana ta'uu danda'u.

Hawaasni yookaan qaamni asoosama kana dubbisu xiyyeeffannoo yaadxiina bifiyyeetiin asoosamichi karaa ijaarsa sadarkaa jaargocha, namfakkiiwwani, yoomeessa, waldhabbiifi malleen dubbii asoosamicha keessatti argamaan akkataa kamiin akka dhiyaataniifi hawwattummaa asoosamichaa dabalaan addaan baasanii beekuuf gargaara.

Dagaagina ogbarruu Afaan Oromoo keessatti gumaacha qabaachuu danda'a. Kana jechuun ogbarruun tokko gaafa xiinxalamu yaadxina bu'uureffate irratti hunda'ee akkaata barreeffama sanaa addaan baasee ilaala. Yeroo kana ammo akkaata itti ogbarruun tokko barreeffamuu qabutu hubatama. Kana irraa ka'uun, qaamni dhimma kana irratti hirmaatu kamuu xiyyeeffannoon akka hojjetu taasisa.

Asoosessitoonni yoo carraa waraqaa qorannoo kana dubbisuu argatan, asoosama barreessuuf hubannaa gahaa argatu. Kanamalees, Namoota yaadxina kanaan qorannoo asoosamaa irratti gaggeessuu barbadaniif daandi saaqu danda'a. Qaamoleen irraa fayyadamaan kunneen ogbarruu oromoo irratti kallattii gara garaan jijjiramniifi guddinni akka jiraatu kallattiinis ta'u, alkallattiin irratti hojjechuufi ogbarruu Oromoo fuulduratti tarkaanfachiisuu dana'u.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Asoosamoonni Afaan Oromootiin barreeffaman hedduutu jiru. Daangaan qorannoo kanaa asoosama tokko qofarratti xiyyeeffate. Asoosamichis *Ededa* jedhama. Sababni daangeffama kanaas, kitaabni asoosamaa hedduun jiraachuu giddu galeeffachuun kitaaba haaraa qorannoon kamiyyuu irratti hin geggeeffamne kana fudhachuun kan xiinxalameedha.

Kana malees, asoosamichi yaadxinoota asoosamni tokko ittiin xiinxalamuu danda'u keessaa yaadxina bifiyyee qofaan xiinxalame. Haala kanaan daangeffamuun kun immoo dadhabii baasiifi yeroo waliin wal qabaatu ni xiqqeessa. Kanaafuu, qorannichi mata duree, xiinxala asoosama dheeraa *Ededa* Ija Yaadxina Bifiyyeetiin jedhu irratti daangeffameera.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun utuu kitaabilee lama sadii irratti hojjetamee gaariidha. Garuu yeroofi maallaqa qusachuuf akkasumaas, yeroo hojii qorannoo kanaaf kenname giddugaleeffachuun kitaaba tokkotti daangeffameera. Kana malees, kitaabni qorannoon irratti hojjetame kun dhimmoota uummata Oromoofi uummata Gumuuz ballinaan kaasa. keessumaa, sirnoota adda addaa keessatti madda waldhabbii uummata kana lamaani ni kaasa. Kanaaf, kitaabichi utuu yaadxina dhugummaan ilaalamee gaariidha.

Garuu, sababa qusii yeroofi maallaqaaf kitaaba tokko irratti akkasumaas, yaadxina tokkoon xiinxalamuun isaa hanqina qorannichaa ta’ee natti mul’ateera. Qorannoo kana geggeessuuf rakkooleen qorataa mudaatan, qorannoolee yaadxina bifiyyeedhan asoosama irratti hojjetaman heeddumminaan akkaataa barbaadamuun dhabuun rakkoo qoratichaa ture. Kana malees; rakkoon jijjiirraa, hanqinoonni yeroofi qarshii isaan bu’uura turan.Haata’u malee, qoratichi qorannoo isaa galmaan ga’uuf, gama qorannoolee matadurichaan walitti dhufeenya qaban gorsituufi gorsaa aantee waliin mari’achuun rakkoo kana furuu danda’eera.

Walumaagalatti dhugoomina qorannichaatiin wantoota barbaachisan dhiyeessuun, rakkoolee hojii qorannichaa keessatti mul’atan furuun, qorannichi akka galma ga’u ta’eera.

## 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannichi boqonnaa shan of keessatti hammatee jira. Boqonnaan tokko; seenduubee, ka’umsa, kaayyoo, daangaa, barbaachisummaa, hanqinaafi qindoomina of keessa qaba. Boqonnaan lama; sakatta’a barruu yaadrimeefi barruu walfakkiin hammatameera. Boqonnaan sadii, mala qorannichaa of keessatti kan hammate yummuu ta’u, Boqonnaan afur ammoo xiinxala ragaaleen kan hammatameefi dhumarratti boqonnaan shan; gudunfaa, argannoofi yaboo ka’uun, dura duuba isaa eeguun qindaa’ee geggeeffameera.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.1. Ogbarruu

Ogbarruun, muuxannoo hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti raawwatu waan ta'eef, akkaatan raawwii isaa kun ammo walxaxaa ta'uu irra kan ka'ee hiika hunda galeessa itti kennuun ulfaatadha. Haaluma kanaan, hayyoonni adda addaa ogbarruuf hiika wal hinfakkaanne akka laatan (Asafaa, 2009) ibseera.

Ogbarruun oguma barreeffama kalaqa dabalachuun dhimmoota hawaasaa giddu galeeffachuun mul'achuu danda'uudha. Ogbarruu jecha tokkoon ibsanii bira darbuun ulfaata akka ta'eetu himama. Kunis, beektoonni dame barnoota kanaarra jiraan haala gara garaa bu'uura godhachuun ogbarruuf hiika gara garaa kennaa kan turaan ta'uu hubachiisa.

Alamituu (2020, f. 10) yaada kana akka ibsitutti, "ogbarruu jecha yookaan hima tokkoon ibsuun mijataa miti. Sabaabnisaas, guddina ogbarruu jaarraawwan gara garaa keessatti mul'atu walxaxaa, ulfaataafi jireenya dhala namaan kan wal fakkaatuudha," jetti, akka yaada kanaatti, ogbarruu salphisanii jecha muraasaan ibsuun ulfaata kan ta'eefi guddina ogbarruun keessa darbus guyyaa guyyaatti jijjiirama gara garaa jireenya dhala namaa waliin mul'isaa waan deemuuf hiika har'a qabu guyyaa biro immoo waan kan biraa dabalachuun yookaan haala duraan ittiin ibsamaa turerraa kan biraa ta'ee mul'achuu kan danda'uudha. Gama biraan, Asafaa (2009) barreeffama isaan ogbarruu waa'ee uummataa uummataaf deebisee kan dhiyeessu, daawitii jiruufi jireenya dhala namaa akka ta'e eera. Ogbarruun ogummaa dhugummaa muuxannoo keenyaa miidhegsineefi gabaabsinee uumuudhan ittiin ibsinudha (Wasanee, 2010).

Asirra kan hubatamuu, ogbarruun muuxannoofi mudannoo dhala namaatti miidhagina dabalee jechoota filatamoon dhiyaachuu kan danda'u ta'uudha.

Alamituun (2020, f. 16) akka ibsitutti, "hojiileen kalaqaa jiruufi jireenya hawaasaa bu'ureffachuun kalaqamanii barreeffamaan mul'ataan ogbarruu (literature) jenna. Hojiileen kalaqaa kunis kanneen akka asoosama, walaloofi diraamaafaa ilaallata" jetti. Akka yaada kanaatti, ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee hawaasa isaa giddugaleeffachee barreeffamaan miidhagina gonfatee hawaasicha kan calaqqisiisu ta'uu isaati.

## A. Wantoonni Barreeffamaan Jiran Hundii Ogbarruudha

Wantoonni barreeffamaan jiran hundii ogbarruudha. Akka ilaalcha kanaatti waan barreeffamaan jiru hundi ogbarruudha. Kunis, barreeffamoota akka siyaasa, falaasama, sagantaalee barreeffamaan jiraniifi wanti barreeffamaaan jiran marti ogbarruudha yaada jedhu qabu. Akka hordoftoota ilaalcha kanaatti, wanti akka aadaa qaroomaatti hawaasichaatiin ta'a. Ogbarruun aadaa afaan hawaasichi ittiin dhimma ba'uun galmeessuudha. Kun immoo hiika ogbarruu waan bal'isu fakkaata. Ogbarruun jechoota filatamoo ta'anitti gargaaramuun yaada barbaade mi'eessee, miidhagsee, lubbuu itti horee kan dabarsu akka ta'e yaadni ogbarruun waan barreeffame mara jedhu kun waan hin mul'anneef ni qeeqama (Asafaa, 2009).

## B. Ogbarruu Akka Barreeffama Muraasaatti

Akka ilaalcha kanaatti, ogbarruun waan barreeffame keessaa filachuu irratti xiyyeeffata. Barruun tokko ogbarruu ta'uuf ulaagaalee kalaqaafi miidhagina qabaachu guutuu qaba. Hojii kalaqaa gaafa jennus barreeffamni hojii kalaqaa waan qabatamaa ta'e tokko akkuma jirutti dhiyeessa. Barreessaan ogbarruu waan qabatamaa ta'eefi hin taanerra ka'uun yaada uumee qindeessuun hawwataa taasisee miidheksee dhiyeessa. Kana malees, kanneen ogum-uumee (ogafaaniifi ogbarruu) jalatti hin ramadamne; barreeffama seenaa, saayinsii, falaasamaafi kan kana fakkaatan yeroo ta'an, kanneen hojii uumee (creative literature) jalatti ramadaman immoo asoosama, walaloo, do'ii,sheekkoo/oduu durii, weedduu gara garaafi kkf dha. Miidhagina qabaachuu kan jennu yummu qooqni ogbarruu sanaa kan miira namaa kakaasuufi wantoonni ogbarricha keessatti argamaan qindoomina uumuun hawwattummaan ergaa sana dabarsaniidha. (Asafaa, 2009).

Gama biraan immoo barreessitoonni ogbarruuf hiika mataa ofii laachuu barbaadanis jiru. Fedhasaan (2013, f. 67) akka itti aanu kanatti ibsa, "Ogbarruun barreeffama kalaqa sammuu ilma namaa barreeffamaan jiru hunda hammata. Ulaaga bifa miidhagina qabuun sammuu namaa akka hawwachuu danda'uutti mijeeffamee kalaqama. Ta'us garuu, barreeffamoonni miidhagina qaban (gaazexaa, kitaabilee barnootaa, barruleef kkf) hammam yoo miidhaganillee ogbarruu miti" jedha.

Birhaanuun (2009, f. 18) immoo akka itti aanu kanatti ibsa, “The term written literature is used to refer to a body of imaginative literature committed to writing or presented in the form of printed words. Hence the besic distinction between oral literature and written literature is that in the former the artist conveys his or her ideas verbally where as in the latter artist the conveys his or her ideas through writing” jedha.

Yaada barreessitoota kana yoo ilaallu, ogbarruun hojii kalaqaa kan jiruuf jireenya hawaasaa ibsuu, duudhaafi seenaa hawaasaa haala miidhagaafi hawwataa ta’een kan dhiyeessu, dhageettii miira keessoo kan ibsu, kan nama hawwatuufi hanga dubbisanii xumuranitti barreeffama nama hawwatuu ta’uu isaati. Kun ammo, ogbarruun meeshaa waa’ee hawaasaa yookiin jiruuf jireenya hawaasaa suuraan bocee hawwataa taasisee nutti agarsiisu ta’uusa mul’sa. Akkasumaas, fuullee yookiin daawwitii hawaasni keessatti of ilaaludha. Haaluma kanaan, ogbarruun bakka gurguddoo sadiitti qoodama. Isaanis: asoosama, walaloofi diraamaa jechuun ni danda’ama. Kanaafuu, qorannoon kun yaadxina bifiyyeedhan asoosama xiinxaluuf ka’ee waan jiruuf kallatumaan gara asoosamaattan ce’a.

### 2.1.1. Asoosama

Asoosamaaf beektonni adda addaa hiika adda addaa kennaniiru. Birhaanuun (2009, f. 29) akka itti aanu kanatti ibsa, “Jechi asoosama jedhu jecha afaan Laatinii fictio jechu kan hiikni isaa yaaduufi ta’uu kan ta’e irra kan uumamedha. Kanaafuu, asoosamni ogbarruu asoosaan/tuun kalaqamee seeneffama dhugaan osoo hin taane kalaqaan barreeffamudha” jedha. Yaada kana irra kan hubatamu, asoosamni jecha laatinii fictio jedhu irra kan dhufe ta’ee waan qabatamaa jiru osoo hin taane kalaqa samuu barressatiin waan kalaqame yookaan uumameedha.

Jechi asoosama jedhu hiika amma qabateen yeeroo jalqabaaf jaarraa 18ffaa keessa kan mul’ate gosa hololoo seeneffamaa ilaala. Iddoowwan seenawaa bocaman, namfakkii jireenya dhugaa kan bakka bu’an, yaadaafi gocha sirriitti kan mul’isu, walitti fufinsa kan qabuufi seeneffama diriiraa akkasumaas, fakkii jireenyaa, jireenya qabatamaa, Dhugumayyuu haala jireenya nama dhuunfaafi hawaasaa kan mul’isu jechoota yaaduumeen kan bocamuufi dhugummaa jireenya mul’isu, abjuu irraa kan burqu, tasa kan uumamu yookiin dhugaa kan ta’aan kan uumamaniifi boodas dhugummaa kan argatan seeneffama mudannoofi haala ta’uu, dubbisaa isaa addunyaa kalaqaan uumamte keessa kan

galchu, asoosaatiin kan uumame waan ta'eef wanti haaraa ta'eefi hololoon kan barreeffamu gosa boca seeneffama dheera kan qabuudha (Zarihuun, 1996).

Itti fufuun Asafaan (2009, f. 125) immoo akka itti aanu kanatti ibsa, "Asoosamni hojii barruu sammuu namaatiin uumamee dubbisaaf dhiyaatudha. Barreessaan asoosama tokko dhugaa jirurratti hundaa'e amala, sansaka, hubannoo namoonni hawaasa keessatti qaban sana qooddattoota uwwisee ergaa kan dubistootaf ittiin dabarsinudha" jedha.

Itti dabaluun Fedhasaan (2013, f. 67) ammo akkasiin ibsa,"Asoosamni argaa yaada barreessaan kalaqamee suuraa jireenya dhala namaa addunyaa keessatti kaasee kan mul'isudha. Mudannoofi muuxannoo namni tokko haala jiruufi jireenyaa keessatti muuxate mul'isuuf, sammuu barreessaa keessatti kalaqamee waraqaarrattin bifa miidhagina qabuun mul'ata" jedha.

Yaadolee kanarraa ka'uun, Asoosamni akaakuu ogbarruu barreessaan tokko gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwataman, raawwatamuu malaniin ka'umsa godhatee akka hubannoofi ilaalcha isaatiin dandeettii kalaquu isaa qindeessuun kan asoosaan yookiin asoostuun miidhagina itti horuun hawaasaaf dhiyeessaniidha.

Kana malees, jijjiramaafi guddina ogbarruun qaroomina hawaasa wajjiin agarsiisaa dhufee irra kan madde ta'uusaafi yeroo yerootti jijjiramaafi fooy'aa akka jiru agarsiisa. Akkasumaas, muuxannoofi mudannoo jireenya bal'inaan dhiy'essuuf ga'umsa cimaa waan qabuuf seenaa guddina ogbarruu keessatti akka bu'aa guddaatti kan fudhatamuudha.

Walumagalatti, asoosamni gosoota ogbarruu haala jiruufi jireenya hawaasa tokko bal'inaan karaa adda addaatiin ibsaa jiraan keessa ga'ee inni qabu olaana ta'uu isaati. Bu'aa kana irraas uummanni Oromoo fayyadamaa ta'uu isaa agarsiisa.

Asoosamni ogbarruu barreffama keessa tokko yummuu ta'u, asoosama xiinxaluun ammo ulaaga xiinxalliif adda baafataan irra dhaabbatanii xiinxaluun guddina ogbarruufi hojii kalaqaa afaan sanaaf baay'ee murteessadha. Kanaafuu, xiinxaluun ulaagaa ittiin xiinxalaan erga addaan baafatanii booda ulaaga madaalli sanaan qulqullina hojiichaa agarsiisudha.

Yaada kana irratti, yaada Diyaniin (1998) yummuu ilaallu, asoosama xiinxaluun, qulqullina isaa mirkaneessudha. Akkasumaas, ergaa barreessan dabarfachuu barbaade haala salphaafi ifa ta'een, akkasumaas miidhaginni isaa dubbistoota ofitti hawwachuu isaaf shoora ol'aana qabaachuu isaa agarsiisa. Walumagalatti, bu'uura yaadxinootaatiin asoosama xiinxaluun hojii qulqullina qabuuf hawaasni xiyyeeffannoo akka kennu taasisa. Akkasumaas, hojiicha cimsufillee bu'aa qaba.

### 2.1.1.1. Caaccuulee Asoosama

Asoosama tokkoof utubaa ta'uun asoosamichi kaayyoo barbaadameef akka oolu kan taasisan caacculee asoosamichaadha.namoonni gara garaa yaaduma wal fakkaatuun caacculee asoosamaa kana yeroo tarreessan; Birhaanuu (2009, f. 33), Zarihuun (1996, f.154) fi Fedhasaan (2013, f. 68) yummuu ibsaan, "caacculee asoosamaa jedhamanii kan beekaman seenaa, jargocha, namfakkii, walitti bu'insa yookiin waldiddaa, yoomessa, ergaafi akkaataa yookaan ija seenessaa jedhamu" jechuun tarreessu.

Asoosama barreessuufis ta'e isa barreeffame xiinxalaan dubbisuuf caaccuulee isaa addaan baasanii hubachuun barbaachisaadha. Caaccuulee asoosama tokkoo beekanii xiinxaluun ammoo tooftaa asoosamni tokko ittiin qindaa'ee dhiyaateefi miidhagina asoosamni sun qabu hubachuuf gargaara. Melakneh (2003) waabeeffachuun Beekan (2013, f. 45) waa'eefi faayidaa caaccuulee asoosama akka itti aanutti ibsa,

> Barreessaas haata'u, dubbisaan jechoota asoosama keessatti beekamuu qaban, kanneen akka: seenaa, jaargocha, qooddataa, waldiddaa, yoomessa, ergaafi…sirriitti hubachuu qaba. Kunis asoosama tokko qaaccessuufi madaaluuf gargaara. Asoosamni akkasumaan dubbifamee keessa hindarbamu. Gadi fageenyaan xiinxalamuu qaba. Kanaafis, jechoonni akka yaadrimeetti asoosama keessatti dhimmi itti baanu kunneen miseensota asoosama jedhamu jedha.

Egaa, yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu, gosa asoosamaa kamiyyuu keessatti caaccuulee asoosama dhimma itti ba'aan addaan baasanii beekuun barreessaafi dubbisaafis asoosama dhiyaate tokko gadifageenyaan xiinxaluufi madaaluuf yookiin qeequuf murteessaa ta'uusaati.

Bifuma walfakkaatuun waa'ee caaccuulee asoosama Birahanuun (2009, f. 33) yoo ibsu, "…In order to be able to read, analyse and interpret fiction, it is important to understand its basic elements. The elements of fiction include setting, character, plot, conflict, theme" jedha. Akka yaada kanaatti, asoosama tokko dubbisanii xiinxaluuf, akkasumas, hiika itti kennuuf miseensota asoosama kanneen bu'uura ta'an yoomessa, namfakkii, jaargocha, waldhabbii, ergaafi kkf sirriitti hubachuun barbaachisaa ta'uusaati. Kanaaf, warreen kana itti aansuun haa ilaallu,

**2.1.1.1.1. Jaargocha**

Jaargochi, ijaarsa gochoota sababaafi bu'aa of keessatti qabatu ta'ee, gaaffilee maaliif jedhutu keessatti deebii argata. Kun ammo sababni jiraachu yummuu agarsiisu, sababichi jaargocha hubachuuf isa bu'uurati. Yaada kana Birahanuun (2009, f, 39) yummuu ibsu "The term plot is used ti refer to the arrangement or the sequence incidents in awork of fiction. Plot develops as a resalts of action and interaction between characters" jedha. Yaada kana irra wanti hubatamu jaargochi raawwii gochoota inni tokko isa biraa sababa godhachuun wal dura duuban raawwatamaan ta'uu isaaniti.

Akkasumaas, jaargochi gochaafi wal qunnamtii namfakkiiwwan gidduutti taasifamuun uumamuu isaa agarsiisa. Yaada kana Milborn (2006, f. 2) yoo ibsu, "Plot is the sequence of events in astory as the author chooses to arrange them. It is a chain of events and the cause of some subsequent events" jedha. Akka yaada kanaatti, jaargochi ta'iiwwan hojii ogbarruu tokko keessatti argamaan Marti kan sababaafi bu'aa waliin ta'aniidha.

Kun ammo dubbistoonni hanga dhuma isaa arganitti hawwiin akka deemaniif gahee guddaa kan qabuudha. Kana malees, jaargochi sansalata gochoota sababaafi bu'aa isaanii qabatu akka ta'e ibsa.

Itti dabaluun Beekan (2013, f. 46) yummuu ibsu, "Jaargocha kan jedhamu yaadrimeen isaa jechoota ijaarsaafi gochoota jedhaman irraa kan dhufe yoo ta'u caasaa mataa isaa of jalaa kan qabuudha. Isaanis: ifa ba'iinsa (exposition), oldeemsa (rising action), guut-miira (climax), sigigaannaa (falling action) fi fala yookaan furmaata (resolution) dha" jedha. Yaada kana keessatti, jaargochi sadarkaalee qabaachuu isaa wanti agarsiisu jira. Kana malees,

Pughfi Margaret (2014) Jaargochi sadarkaalee shan akka qabu ni ibsu. Isaanis; ka'umsa, tumsa, finiina, sigigaannaafi furmaata, kunis yaada hayyootan deggeramanii dhiyaataniiru.

### A. Ka'umsa Yookaan Madda (Exposition)

Jalqaba seenichaa, yaada ka'umsaa yookiin iddoo itti barreessaan odeeffannoo dugda duubaa itti dhiheessu, waltajjii qindeessu, haala mijeeessu, bakka namfakkiiwwaniifi waldiddaan uumamuu danda'u itti beeksifamanidha. Yaada kana Crimson (2012, f. 60) yummuu ibsu, "Exposition is introduction and establishment of the character, setting and stuation. Exposition includes the narrative that gets the story movingforward. Authors use exposition to set up the main character and his problem or goal" jedha.

Itti dabaluun Fedhasaan (2013, f. 69) ammo, "Saaxilli bakka namfakkiileen gochoota asoosama raawwachuuf itti saaxilamu, utubaan hundeeffamu, seenduubeen seenaa asoosamichaas jalqabu, hayyu-dureen walitti hidhatuufi yoomessa gocha asoosamicha keessatti hundaa'etu akeekama" jedha.

### B. Tumsa (Rising action)

Tumsi, erga baniinsa keessatti wanti hunduu eegalame ta'iiwwan achi keessatti argamaan bakka waliif faallaa itti ta'uu eegalaniidha. Kunis kan ta'u, namfakkiiwwan dureefi masaanuu gidduutti. Yaada kana Wikoxfi Rankin (1993, f. 9) yoo ibsan,

"Rising action sometimes called struggle, tension or suspens provides a close focus on conflict or interlocking in plot detail. Therefore rising action helps as see the obvious that all further action, character development and resolution are interrelated" jedhu.

Yaada kana irra wanti hubatamu, oldeemsi bakka qalbiin namaa itti fannifamuu eegaluudha. As keessatti kaayyoon ijoon namfakkattoota achi keessatti argamaan walitti buusuu yookaan waligalteen isaan gidduutti akka uumamu taasisuudha. Kun immoo wantoonni hundi walxaxaafi rakkisaa ta'aa akka deemu godha. Kanaaf, adeemsi gochoota achi keessatti rawwatamanifi furmaata namfakkaatotaf kennamuuf deemu gidduu hariiroo cimaan jiraachuu akka beeknuuf nu gargaara.

### C. Finiina (climax)

Humna guutameen kan ka’e yaadni duraan uumame bakka cimaa yookiin olaanaa gahuu isaa kan agarsiisu yoo ta’u, waldiddaan cimee gara wal rukutuutti yookaan walitti bu’uu bakka itti ga’uudha. Humna aarii bakka itti walitti ba’an yookiin iddoo itti humni kuufame nama keessaa itti ba’uudha.

Gabaabumatti, finiinni iddoo murta’aa jaargochi waldiddaa guddaarra ga’uudha. Yaada kana Turco (1999, f. 42) yoo ibsu, “The climax, when protagonist and antagonist are pitted against one an other in a final effort. At this point the protagonist either over comes the antagonist and achieves the goal or the conflict is losts” jedha.

### D. Sigigaannaa (Falling Action)

Sigigaannaan asoosama tokko keessatti bakka wanti fiixee irra ga’e itti gadi bu’uu eegaluudha. Gochi iddoo kanatti rawwatamu furmaanni akka uumamuuf karaa saaqudha. Yaada kana Misgaanuun (2013, f. 47) akka itti aanutti ibsa, “sigigaannaa ‘falling action’ kan jedhamu yaanni qalbii dubbisa rarraasaa fiixee irra ga’e qabbana’aa deemuu isa kan agarsiisuudha” jechuun ibsa.

Namni Ehrenhaft (2010, f. 50) jedhamu yaada kana yummuu ibsu, “Falling action is the result of conflict” jedha. Yaadoota kana irra wanti hubatamu, yaanni qalbii nama rarraasaa ture fiixeerra erga ga’een booda gadi bu’aa deemuu isaati.

### E. Furmaata (Resolution)

Furmaanni, wanti namfakkiiwwan muddaa ture yookaan dubbistoota yaadaan dhiphisaa ture qabbana’aa laafaa deemee yoo fala argatuudha. Yaada kana Kilarer (1999, f. 15) yoo ibsu, “Climax is followed by resolutions of the complication with which the text usually ends” jedha. Haaluma wal fakkaatuun Crimson (2012, f. 64) “Resolution is where the problem resolved and the protagonist has either reached the goal or failed” jechuun ibsa. Yaadoota kana irra wanti hubatamu, furmaanni bakka wantoonni nama dhiphisaa turaan itti fala argataniidha. Kana jechuun bakka namfakkiin muummee itti milka’u yookaan milka’uu dhabuudha.

#### 2.1.1.1.2. Namfakkii

Namfakkiin, namoota seena asosama tokko keessatti qooda fudhataniidha. Kana malees, akka nama addunyaa dhugaa keessa jiraatuu foon uffatee kan argamu osoo hin ta'iin, asoosamicha keessatti ga'ee gudddaa taphata jedhamee itti yaadamuun muuxannoofi argaa yaada barreessan qabuun kan kalaqamuudha.

Yaada kana Abirahams (1981, f. 20) yummuu ibsu, "Describe character as person presented in dramatic or narrative work who are interpreted by the reader as being endowed with moral and dispositional qualities that are expressed in what they say the dialogues and by what they do the action" jechuun ibsa. Yaada kana irra wanti hubatamu, namfakkiin namoota asoosamaan uumamuun, hojii diraama keessatti yookaan asoosama keessatti qooda fudhataan, kan waan isaan dubbataniifi hojjetaniin dubbistootan hiikni itti kennamuudha.

Itti abaluun Kirszer and Mandell (1994, f. 89) yummuu ibsaan, "A character is a fictional representation of person usually but not necessarily, psychologically realistic depiction of a person" jechuun ibsu. Akka yaada kanaatti, namfakkiwwan namoota dhugaan addunyaa kana irra jiran osoo hin taane bakka bu'aa isaaniti.

Namfakkiin, asoosama tokko keessatti argamaan wal hin fakkaatan. Akkuma namoota dhugaa addunyaa kana keessa jiraatanii amalaafi bifa mataa isaani gonfachuun mul'ataniidha. Ga'een isaan qabaniis tokko miti.

Gariin jalqaba asoosamicha irra kaasanii hanga dhumaatti keessatti qooda fudhatu. Kaan immoo yeroo muraasaaf mul'atani achumaan badu.

Yaada kana Dalisay (2006, f. 22) ammo yummuu ibsu, "There are several basis of character in terms of stories will often have one or two main characters or protagoinist to whom the most important things will happen or who will make the most important dicision of story" jechuun ibsa.

Akka yaada kana irra hubatamutti, seenessi tokko namfakkii muummee tokko yookaan lama qabaachuu danda'a. Kunis, seenicha keessatti wantoonni hedduun isaan wal qabatanii kan uumamaniifi murtee seenichi kennu keessatti baay'ee barbaachisa kan ta'eedha.

Namfakkiiwwan akkaataa barreessan itti kalaquufi dhiheessuu akka ta'e ragaan interneetii irraa argame tokko yummuu ibsu, "characterization process by which fictional characters are presented," jedha. Fedhasaan (2013, f. 74) ammo "Namfakkeessuun namfakkiilee uumuudhan, haala ittiin barreessaan namoota, bineensotaafi wantoota seenicha keessatti ga'ee taphatan amala namaa goonfachiisee mul'isu" jechuun yaada walfakkaatu kenna.

Yaadoota kana irra wanti hubatamu, barreessaan tokko namfakkii yummuu uumuu, ilaalcha dhala namaatiif qabuufi beekumsa dimshaasha qabu irra ka'uun bifaafi amala mataa isaaf kan namoota addunyaa dhugaa kana keessa jiraatanii ofii isaati bu'uura godhate taasifachuu isaati. Haata'uu malee, namfakkiin umamu sun garagalcha nama sanaa osoo hin taane, namoota adda addaa barreessichi jireenya isaa keessatti isa qunnamaan irra amala adda addaa isaan qabaan walitti fidee namfakkii kalaqamuudha. Barreessaan tokko namfakkii yummuu uumu qabxiiwwan hordofuufi heeroota eegu qabu gosa adda addaatu jira: isaanis,

### A. Amala Turaalessaa Qabaachuu

Haala uumama namfakkii keessatti amala turaalessaa qabaachisuun dhimma xiyyeeffanna guddaa argachuu qabu keessa isa tokkodha.

Namfakkiin kun amala kennameef qabatanii turuu jechuun amala waggootii baay'eef nama tokko irratti mul'atu jechuudha. Amalli kunis, uumama namfakkiiwwan asoosama keessatti argaman irratti mul`achuu qaba. Kana jechuunis namfakkiiwwan jalqaba seenaa isaaniiti eegalanii hanga dhuma seenaa isaaniitti amala walitti fufiinsa qabu akka qabaatan ni barbaadama. Kunis amala, gocha, yaadaafi fedhii isaaniin kan ta'uudha (Zarihuun, 2003).

### B. Mudaa Qabaachuu

Namfakkiin tokko mudaa tokkollee akka hin qabneetti ta'ee uumamuu hin qabu. Mudaa qabaachuu jechuun namfakkiin tokko amalaaafi sansaka isaatiin goonkumaa kan mudaa hin qabne ta'ee kalaqamuu hin qabu jechuudha. Sababiin isaas, namni addunyaa dhugaa keessa jiraatu amala tokko qofa hin qabu. Sansakaan isaa gosa tokko qofa miti. Kana jechuunis, sansakaan nama tokko ciminaafi dadhabinas kan qabu ta'ee amala walmakaa ta'etu irratti mul'ata (Zarihun, 1996).

Kana jechuun, gochaafi amala isaa keessatti gaarummaanis gadhummaanis argamuu danda'aa jechuudha. Fakkeenyaaf, namni waanuma xinnootti haaruu amma tokko obsa qabaachuu danda'a. Akkasumaas, intalli baay'ee bareedduu mudaa tokkoo ni qabaatti. Kanaafuu, namfakkiiwwan fakkaatti namaa ta'anii asoosama keessatti argamaniis haala kanaan uumamuu qabu. Kana ta'uu baannaan dubbistoota biratti amanamummaa dhabu jechuudha.

### C. Walitti Dhufeenya Namfakkiiwwanii

Uumama namfakkiiwwanii keessatti qabxiin hubatamuu qabu kan biroon walitti dhufeenya yookiin hariiroo gidduu namfakkiiwwaniitti mul'atuudha. Namni kophaa isaa hin jiraatu waan ta'eef, namfakkiiwwan gidduuttis walitti dhufeenyi wanta hafu miti. Kanaafuu, namfakkiin tokko namfakkii kan biroo wajjin sababa adda addaatiin walitti dhufeenya ni qabaata. Walitti dhufeenyi isaanii kunis gaarii yookiin gadhee ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, namfakkiiwwan asoosama keessatti argaman firaafi diina, barsiisaafi barataa, obboleessaafi obboleetti ta'anii argamuudhaan walitti hidhamiinsa qabaachuu danda'u. seenichis, akkasitti babal'achuun itti fufaa kan deemuudha (Zarihuun, 1996).

#### 2.1.1.1.3. Yoomessa

Yoomeessi, bakkaafi yeroo seenaa asoosamichi keessatti seeneffamu sun itti dalagameefi seenaa asoosamichaa keessatti akka qooda fudhataniif yookaan hirmaataniif namfakkattoonni asoosichaan uumamaan sun keessa jirataniidha. Yaada kana Abrahams (1981, f. 175) yummuu ibsu, "The setting of a narrative or dramatic work in the general local, storical time and social circumstances in which its action occurs. It should be stressed in this connection that since awork offiction or any work of literature for that matter is influenced by the geographical, historical, social, political, literary etc" jedha.

Yaanni kun akkuma agarsiisu, yoomessi, bakka, yeroo seenawaafi haala hawaasummaa gochii seenessuu tokkoo keessatti raawwatamu ta'uu isaati. Akkasumaas, haala teessuma lafaa, hawaasummaafi siyaasaa waliin walitti hidhata cimaa qaba.

#### 2.1.1.1.4. Waldhabbii

Namfakkaattonni addunyaa asoosama keessatti lubbuu horatanii waan jirataniif wantoonni hedduun walitti isaan fiduu danda'a. Walitti dhufeenyi kun ammo gidduu isaanitti uumamuu

irraa kan ka’e fedhii wal fakkaata yookaan gara garaa qabaaniin yoo walitti dhufaan walitti dhufeenyi gidduu isaanitti uumamu waldhabbii jedhama.

Yaada kana Birhaanuu (2009, ff. 3 6-37) yummuu ibsu, “Conflict is the strugle between opposing force and alse an essential element because it moves the story forward” jechuun ibsa. Yaanni kuniis akkuma mul’isu, waldhabbiin qaamota waliin faallaa ta’aan gidduutti uumamuufi caacculee asoosama keessaa baay’ee murteessa ta’uu isaati. Kun ammo seenichi gara fuula duraatti akka deemu taasisa.

**2.1.1.1.5. Kallattii Yookaan Ija Seeneffamaa**

Ija yookaan kallattii seenessuu jechuun, akkuma jechichi agarsiisu kallattii seenichi ittin dhiyaatu yookaan ija seenichi ittiin ilaalamee seeneffamu jechuudha. Yaada kana Romberg (1982, f. 12) yeroo ibsu, *“*The point of view as the phrase it self suggests is the position from which the story is presented”jedha. Akka yaada kanaatti, iji seenessuu kallattii seenaan asoosamichaa ittin dhiyaatu yookaan himamuudha. Barreessaan ija ittiin barreessu filachuun mirga isaati.

Haata’u malee, dhimma guddaa seenichi dabarsu irratti hunda’ee, ija seenessaa inni filatu waldhabbii seenicha keessatti mul’atu, uumama namfakkattiwwanii, itti fayyadama afaanii, dhaamsaafi kallatti waligala seenichaa irratti dhiibba akka qabu hubachuu qaba. Kana malees, hariiroo seenichi seenicha wajjiin qabus adeemsaan seenessuu, unkaafi qabiyyee asoosamicha akka murteessu hubachuun barbaachisaadha.

Yaada kana Abrams (1971, f. 138) yoo ibsu, *“*The parpective or perspectives established by an author the reader is presented with the charachers, achions, setting and events which constitute the narrative in awork of fiction” jedha. Yaanni kun iji seenessa barreessatiin kan uumamu ta’ee kallatti ittin namfakkattota, gochoota yoomessaafi ta’insoota kanneen seenaa asoosamichaa hundeessan kan itti dubbistootaaf himamu akka ta’e agarsiisa.

Itti dabaluun, Romberg (1982) wabeeffachuun Hailun (2001, f. 18) akka itti aanu kana jedha, *“*Point of view means in ordinary language stand point or out look these meanings are all contained in the critical term point of view, which refers to the stand point from which author lets reader see and follow the events of the novel Agool straight forward definition…..is given as the position from which the story is presented”jedha.

Akka yaada kanaatti, iji seenessaa, bakka yookaan kallattii barreessaan dubbistoota dhaabsisee ta'insoota asoosamichaa ilaalchisu, akkasumaas hordofsiisuu yookaan roga seenaan asoosamichaa ittin dhiyaatu ta'uu isaati. Haaluma kanaan iji seenessaa, qaamolee seenessuu gurguddoo keessa isa tokko waan ta'eef ilaalcha dubbistoota seenaa dubbisaan irratti qabaan qajeelchuu irratti ga'ee guddaa taphachuu waan danda'uuf barreessaan yeroo asoosama tokko bareessu wantoota gadi fageenyaan itti yaade murteessuu qabu keessa tokko filannoo ija seenessa akka ta'e kan agarsiisuudha.

Qeeqtonni hojii asoosama baay'een, ija seenessuu akaakuu afuritti qoodanii dhiyeessu. Namoonni Altenbernd and Lewis (1986, f. 109) jedhamaan haala armaan gadiin akaakuu afuritti qoodanii jiru. Isaanis: ija ramaddii 1ffaa, ija ramaddii 3ffaa waan hunda beekaa, ija ramaddii sadaffaa waan hunda beeka murta'aafi ija ak-diraama jedhan. Haaluma walfakkaatuun Johson and Hamlin (1966, f. 47) akkaatama olii kanaan qoodanii dhiyeessanii jiru.

Walumagalatti qoodiinsa armaan olii irra akka hubannutti ija seenessaa barreessaan tokko filachuu danda'u afur akka jiraniidha. Itti aansuun yaada hayyootan deggeruun warren kana haa ilaalla.

### A. Ija Ramaddii Tokkoffaa

Ija ramaddii tokkoffaa keessatti seenessaan namfakkiiwwan seenicha keessatti hirmaatan keessa tokko ta'uu kan danda'u, akkasumaas, seenessaan ga'ee lama kan taphatuudha. Innis, seenaa asoosamichaa seenessuufi addunyaa asoosamichaa keessatti akka namfakkaatti tokkootti hirmaachuudha. Ragaan intarneetii irraa argame waa'ee ija kana yummuu ibsu, "In the first person point of view, the story is told by a character within the story, a characterusing theirst person pronoun" jedha. Yaada kana irra wanti hubatamu, gosa ija ramaddii tokkoffaatiin seenaan kan dhihaatu namfakkii seenicha keessatti argamuun. Innis, qooda maqaa 'Ani' jedhutti dhimma bahuun seenicha dhiheessa.

Seenessaan, ani jedhee wanta isarra gahe ofi isaa raawwate yookiin gocha nama kan biraa irra gahe yookaan gocha namfakkiiwwan kan biroon hojjetamaan seenessu kun haala seenaa asoosamichaafi filannoo barreessicha irratti hundaa`e namfakkii olaanaa yookiin namfakkii xiqqaa ta'uu danda'a. Yaada kana Klarer (1999, f. 22) yummuu ibsu, "First person narrations

can adopt the point of view either of the protagonist or a minor figure.The majority of novels in first person narration uses of course, the protagonist main character as a narrator" jedha.

Iji ramaddii tokkoffaa, seenaa seeneffamuufi dubbistoota seenicha dubbisaniif bu'aa argamsiisuu qaba. Yaada kana Johnston 2002, f. 91) yoo ibsu, "First person narrators engages readers directly, creating asense of intimacy. They can comment on their own experiences and emotions and readers naturally feel in the charcters head" jedha.

Akka yaada kanaatti, dubbistoonni itti dhiyeenyaan seenicha akka hordofaniifi miira namfakkiiwwanii kallattiin akka hubatanif isaan taasisa. Kun ammoo, seenaa yookaan gochaa dalagame tokko nama irratti hirmaate irra yookaan bakka sanatti argamee nama argeefi dhaga'eerra dhaga'uun, seenichi dhugummaa of keessa qabaachuu isaa kan hin shakkisiisne waan ta'eef bu'aa iji ramaddii tokkoffaan agarsiisuudha.

Gama biraan iji ramaddii tokkoffaa hanqinoota mataa isaa niqabaata. Hanqinoota isaa keessa tokko bakka seenaan asoosamichaa itti raawwatamu hundatti argamee seenessuuf gahumsa hin qabu. Yaada kana Rimmon (1983, f. 103) yoo ibsu, "Firest person narrators are subject to limited knowledge, personal involvement and problematic value schames, often giving rise to the possibility of ureliabilty" jedha.

Yaada kana irra wanti hubatamu, iji seenessu ramaddii tokkoffaa beekumsa inni waan hundaa argee seenessuuf qabu murtaawaa ta'uu isaati. Seenessuun wa'ee mataa isaa, wa'ee qulqullina mataa isaa ibsu yoo ta'ee, oftuulee namoota warra kaan irra of caalchisee wa'ee mataa isaa seenessuu ni dana'a. Wa'ee beekumsa isaa, wa'ee dandeetti isaa ilaalchisee yaanni inni seenessuu of tuulummaa qabaachuu danda'a. Yeroo kana dubbistoonni dubbiin isaa gurri guddifame waan ta'eef dhugaadha jedhanii fudhachuuf ni rakkatu.

### B. Ija Ramaddii Sadaffaa Hunda Beekaa

Ija ramaddii sadaffaa hunda beekaa Johnston (2002, f. 97) yoo ibsu, "Techniquein which the narrator is able to move in and out of vaious characters" jedha. Yaada kana irra wanti hubatamu, namichi ija kanaan seenaa asoosamichaa seenessu sun gochaa asoosamicha

keessatti dalagameefi wa'ee namfakkattoota hundaa kan beeku yummuu ta'u, wanta namfakkaattoonni sammuu isa keessattillee yaadan dubbisuuf ga'umsa kan qabuudha.

Itti dabaluun yaada Melakneh (1999) yummuu ilaallu, eenyummaafi maalummaa, fedhii, hawwii, yaadaafi ilaalcha namfakkaattiiwwanii tokko tokkoon beeka. Kanaafuu, gochaa namfakkattiiwwan hojjetaan, waan isaan sammuu isaani keessatti yaadan, fedhii isaanii, icciitii isaani, rakkinaafi bal'ina isaaniiti.

Walumagalatti wanta namfakkattiwwan dalaganiif dalaguu yaadan amalaafi bifa isaani hunda hordofee dubbistootaaf dhiyeessa. Bakkaafi yeroo isaani hin daangessine, Bakka hundattuu, yeroo kamittuu, gochaa dalagameef dalagamuu yaadame hunda seenessuu danda'aa jechuun ibsa.

Namni Jahn (2005, f. 85) jedhamu yoo ibsu, "God like abilities such as omniscience and omnipresence" jedha.

Akka yaada kanaatti, seenessaan kun akkuma waaqa waan hunda kan beekuufi bakka hundatti argamuu waan danda'uuf, seenessaa akka waaqa jedhamee waamama. Kana malees, Tashoomeefi Kaawwan (2002, f. 42) yummuu ibsan, "seenessaan asoosamichaa yaada dhuunfaa kan mataa isaa kennuu, ceepha'uu, amantaafi falaasama kan mataa isaa odeessuuf carraa bal'aa qaba. Kanaafuu, seenessaan carraa birmadummaan dubbachuu kennameefitti gargaaramee waan barbaade odeessuu danda'a" jechuun ibsu.

Haaluma walfakkaatuun Abrams (1971, f. 139) yummuu ibsu, "Who not only reports freely comments on his characters, evaluating thear action and motives and expressing his view about human life in general, who discibes, reprts or shows the action in dramatic scenes, whith out introducing his own comments or judgments" jedha.

Yaada nama kana yummuu ilaallu, namni kun gosa lamatti qoodee ibsa. Inni jalqabaa, kanneen gochaafi amala namfakkiiwwanii irratti qeeqaa, yaadaafi madaalli isaanii kennaniifi wa'ee jireenyaa irratti ilaalcha qabaan ibsuudha. Kan biraan, wanta rawwate tokko akka jiruutti kanneen gabaasaniifi agarsiisan, seenaafi gochaa raawwatamu gidduu seenanii qeequufi yaada mataa isaanii kanneen hin kennineedha.

Faayidaa iji kana Rimmon (1983, f. 95) yoo ibsu, “Familiarity, inprinciple, whith characters, linner most taught and feelings, knowledge of best, present and futre: presence in location where characters are supposed to unaccompanied (example on alonely stroll or during alove scene in locked room) and knowledge of what happens in several place at the same time” jedha. Yaada kana irra wanti hubatamu, miirawwaniifi yaadawwan keessoo namfakkiwwanii agarsiisuu danda’uu, beekumsa yeroo darbee, kan ammaa, kan egeree qabaachuufi bakka namfakkiwwan itti argamuu danda’aan hundatti argamee seenessuu danda’uusaati. Seenaa fakkaatti tokko qofaasaa mana cufaa keessatti raawwatellee seenessuuf ga’umsa qabaachuu isaati.

Itti dabaluun Tashoomaafi kaawwaan (2002, f. 45) yummuu ibsan, “Seenessaan ija nama waa hunda beekee seenaa asoosamichaa seenessu kun gochaa namfakkattiwwaniin hojjetaan, gochi isaanii firii akkamii akka agarsiisuu, wal qunnamtii namfakkattiwwan gidduutti mul’atu, wanta seenaa asoosamicha keessatti dalagamu hunda tokko tokkoon dubbistootatti hima*”* jedhu.

> Ittuma fufuun namoonni kun ammo hanqina ija ramaddii kana akkas jechuun ibsu, Gochi namfakkaattiwwanii nama biraatin yookaan seenessaadhan waan hirmamuuf, dubbistoonni wanta namfakkaattonni dalagaan yookaan raawwataan xiinxalanii maalummaafi eenyummaa namfakkattiwwan sana akka hun hubanne gufuu itti kan tahuufi tokkummaa seenaa asoosamichaa laaffisuu danda’a jedhu (f. 46).

Kun kan agarsiisu, ija seenessaa kana keessatti wanti hundinuu seenessaan waan himamuuf carraan dubbiftoonni carraqqii mataa isaniitiin amalaafi eenyummaa namfakkattotaa baruuf qabaan xiqqaa ta’uu isaati.

### C. Ija Ramaddii Sadaffaa Hunda Beekaa Murtaawaa

Iji nama hunda beekaa murtawaa gosa ija ramaddii sadaffaa yummuu ta’u, seenesichi ilaalcha mataa isaa akka barbaade dubbachuu hin danda’u.

Beekumsi inni wa’ee namfakkaattiwwaniif qabufi yaada mataa isa calaqqisisuuf carraa inni qabu daangeffamaadha. Yaada kana Martin (1986, f. 133) yoo ibsu, “The narrator represents only what the character’s eye or as an invisible witness standing next to him” jedha.

Akka yaada kanaatti, seenaan asoosamaa ija kanaan dhiyaatu kallattii namfakkii filatame tokkotiin akka dhiyaatu, seenessichi namfakkaatti kana jala dhokatee haala inni keessa jiruufi gochawwan inni raawwatu gochawwan namfakkaatti biro kanneen namfakkaatti filatame kana waliin walitti dhufeenya qabaaniin hojjetaan ilaalcha namfakkattichaatin dhiyeessa.

Seenessichis namfakkattiwwaan hunda waan hin beekneef, maalummaafi eenyummaa namfakkattiwwan biro karaa namfakkaattii isa filatame kanaa dubbistoota biran akka ga'u taasisa. Itti dabaluun Tashoomeefi kaawwan (2002, f. 46) yoo ibsan, "seenaan asoosamicha seenessuu fedhii, yaadaafi ilaalcha namfakkaatti hundaa guutummaan guutuutti hin beeku. Wa'ee gochaa seenicha keessatti dalagamuus ta'e wa'ee namfakkattiwwanii beekumsa seenessaan qabuu murtawwadha" jedha.

Namni Griffith (2011, f. 45) jedhamu ammo akkas jechuun ibsa, "As with the omniscient narrators of the third person limited point of view refer to the charaters as he and she and still have more knowledge of the fictional world than we do of our worlds. But they restrict (limit) their perspectives to the mind of one character" jedha. Akka yaada kanaatti, gosni ija kun akkuma ija hunda beekaa ramaddii sadaffaadhan seeneffama.

Seenessaan kunis, beekumsa nuti addunyaa keessa jirannuuf qabnu caalaa, waa'ee addunyaa asoosamichaa beekumsa hedduu qaba. Haata'u malee, fedhii, yaadaafi ilaalcha namfakkii hundaa guutummaa gutuutti hin beeku. Waa'ee gocha seenicha keessatti dalagamus ta'ee waa'ee namfakkiiwwanii beekumsi inni qabu murtaawaadha.

Akkasumas, ilaalcha amantaafi falaasama mataasaatii odeessuuf carraan inni qabu murtaawaadha. Kana jechunis, seenessichi waa'ee namfakkiiwwan asoosamicha keessatti argaman hunda hin beeku. Kana malees, ilaalcha mataasaatii akka barbaade dubbachuu hin danda'u. Beekumsi inni waa'ee namfakkiiwwanii qabuufi yaada mataasaatii callaqqisisuuf carraa inni qabu daangeffamaa ta'uu isaati.

Bu'aa iji seenessan kun qabu ilaalchisee, Abrams (1971, f. 140) yoo ibsu, "The point of view is limited to the consciousness of acharacter within the story itself, aims at giving the reader the illusion that he participates nexperiencing events that simple evolve before his eyes" jedha. Yaada kana irra wanti hubatamu, dubbistootaafi namfakkattoota walitti dhiyeessuun filatamaa ta'uu isaati.

### D. Ija Ak-Diraamaa

Iji ak-diraamaan, faallaa ija ramaddii sadaffaa hunda beekaa yummuu ta'u, bu'aan guddinni asoosama yeroo dhiyootiin asitti argamsiise asoosamoota ammayya keessatti bal'inaan kan mul'atuudha. Seenessaan, ija kana waan argeefi dhaga'e akkuma jirutti dhiyeessa malee ibsa tokkaan yaada mataa isaa itti hin dabalu. Dubbistoonnis, amalaafi maalummaa namfakkattiwwanii kan hubataan gochaafi waliin dubbii namfakkattiwwan taasisaan kallattin hordofuun ta'a.

Yaada kana Kiszner and Mandell (1994, f. 170) yoo ibsaan, "whith in objective point of view narrators events unfold the way they would in aplay or amovie. Narrators tell the story only by reproducing dialogue and by providing discriptions of the action. They do not present the thoughts of characters or insight in to their action or motivations" jedha. Akka yaada kanaatti, wanti kallattii seenessatiin himamu yookaan seeneffamu akka hin jirreefi gochawwan rawwatamaniifi waliin dubbiin namfakkattiwwan gidduutti mul'atu akkuma jirutti dubbistootaaf akka dhiyaatu hubachiisa.

Seenessichi seenicha keessatti kan hin hirmaanneefi seenichaan ala dhaabbate kan hordofu waan ta'eef, wanta yeroo raawwatamu argeefi dhaga'ee akka kaameera waraabee kallattiin dubbistootatti agarsiisuun dhiyeessa malee miiraafi yaada isaa itti hin ida'u, gochaafi waliin dubbi namfakkaattiwwan gidduu seenees yaada kennuu hin danda'u. Gochoota seenichaatu bifa bifaan qinda'aani mul'atu malee, asoosamicha keessatti harki barreessicha hin argamu.

Yaada kana Romberg (1982,f. 12) yoo ibsu, "The author is an observer, who tell us every thing that happens in the objectective physical sense and every thing that is said but he does not tell us what passes in the mind of any of the characters" jedha. Akka yaada kanaatti, seenessi ija kanaan dhiyaatu haala diraama yookaan do'ii fakkaatuun uumuu danda'a.

Ogummaa diraamaa keessatti taatoonni waltajjii irra yeroo socho'aan, gochawwaan yeroo raawwatan, akkuma argamaan hunda asoosama ija ak-diraamaatin seeneeffamu keessattis namfakkaattonni waltajjii asoosamicha irra yeroo socho'aan, gochawwaan yeroo rawwataniifi waliin dubbii yeroo taasisaan kallattin argamu. Kunis, dubbistoonni, namfakkattonniifi gochawwan isaanii wajjiin walitti dhiyeenya cimaa akka uuman taasisa.

Akkasumaas, diraamaa yookaan do'ii tokko waltajjii irratti yummu agarsiifamu, daawwattoonni sagalee barreessa diraamichaa akkuma hin dhageenye hunda dubbistoonni asoosama ija ak diraamaas seeneffame dubbisaanis sagalee barreessa asoosamichaa hin dhaga'an.

Iji ak-diraamaa dubbistootaafi namfakkattiwwan baay'ee walitti dhiyeessa waan ta'eef fayidaa guddaa qaba. Gama biraatin ammo barreessichi seenicha gidduu seenee yaadaafi ilaalcha isaa akka hin ibsanne kan daangessu waan ta'eef rakkoo geessisu qaba. Dhimma kana Tashoomaafi kaawwan (2002, f. 61) akkas jechuun ibsu,

> Namfakkaattiwwan gochaa yookaan dalagaa isaanitin eenyummaa isaani mul'isu. Kun fayidaa yookaan bu'aa gosti ogbarruu kun hojii ogbarruu asoosamaatiif argamsiisuudha. Akkuma bu'aa argamsiisuu qabu mudaa qabuun miidhaa seenaa asoosamichaafi dubbistoota irratti fiduus niqaba. Mudaa gosa ija kanaa keessa inni bu'uura, seenessaan giddu gidduutti haalawan tokko tokko irratti ibsa kennuu hin danda'u. Kanaafuu, dubbistoonni tokko tokkoo seena seeneffamu akka salphaatti hubachuu dhabuu danda'u.

Walumagalatti, seenessi ija ak-diraama gochawwaniifi waliin dubbi namfakkattiwwanii akkuma jiruutti kan dubbistootatti agarsisuudha. Ga'een seenessicha asoosamicha keessatti hin mul'atu. Seenessicha keessatti gochawwaniifi waliin dubbii namfakkattiwwanii xiinxalee, madaalee murtoo kennuun ga'ee dubbistootati. Haata'u malee, iji kun seenaa himuun dhiyeessuurra agarsiisuun dhiyeessuu filata waan ta'eef kallattii kanaan bu'a qabeessa.

#### 2.1.1.1.6. Itti Fayyadama Afaanii

Itti fayyadamni afaanii, akkaata barreessan jechoota itti dhiyeessuudha. Kana jechuun jechoonni asoosaan asoosama keessatti itti fayyadamu jechoota guyya guyyaatti itti gargaaramnu irra adda ta'uu kan qabaniidha. Itti fayyadama malleen dubbii Malakne (2006) wabeeffachuun, Misgaanuun (2012, f. 76) yummuu ibsu, "By definition they are forms of expression which depart from the conventional word or sentence in order to achive a special effect beyond the range of literal language such as association stmulation, ormentationof language and analogy" jedha.

Akka yaada kanaatti, jechoonniifi himoonni tartiibaafi hiika duraan qabaniin alatti hiika biraa qabaachuun ergaa yaadame kan dabarsaniidha. Akasumaas, barreeffama keessattis ta'e dubbii afaanii keessatti calaqqisaniidha. Kanaaf, itti fayyadama afaanii kana akkaata fayyadama isaaniitii iddoowwan adda addaatti itti gargaaramuu dandeenya. Itti aansuun warren kana yaada hayyootaan wal qabsiifnee haa ilaallu.

**A. Akkasaa**

Akkasaan, waan ibsamuu barbaadame tokko waan biraatiin walbira qabanii ibsuudha. Yaada kana Melakneh (2006) wabeeffachuun Misgaanuun (2012, f. 29) yoo ibsu, "Simile ise a figure of speech in which a comparison is expressed by a word or aphrase suchas like, as then or a sif" jedha. Akka yaada kanaatti, akkasaan jechoota akkaafi fakkaata jedhamanitti argamuun wantoota adda addaa lama wal dorgomsiisuuf kan tajaajilu ta'uu isaati.

Itti dabaluun Myers (2008, f. 10) mala dubbii kana yoo ibsu, "Simile always containseither the word like or the word as, because the writers is saying that some thing is like or the same as some thing else" jedha. Wanti yaada kana irra hubatamu, akkasaa keessa wantoonni sadii jiraachuu isaaniiti. Isaanis: kan ibsu, kan ibsamuufi amala irratti walfakkaatan.

**B. Bakka Buusaa**

Bakka buusni amala, bifa yookaan boca namaa, bineensotaa, muka akkasumaas, lubbuu qabiyyee gara garaa fuudhee kan biraatiif kennuun guddisee suuraa waan addeffamu sanaa namatti kan agarsiisuudha. Yaada kana Berhanu (2009, f. 24) yoo ibsu, "Metaphor is used to compare two things that are remote from each other by drawing on a certain aspect of similarity between them" jedha. Akka yaada kanaatti, bakka buusni wantoota lama kanneen wal hin fakkaanne waldorgomsiisuun yookaan amala isa tokko isa biraatiif kennuun waan keessa namaatti dhagahamu ibsachuuf kan tajaajilu ta'uu isaati.

**C. Nameessaa**

Nameessaan, lubbu-qabeeyyii yookaan uumama namaan alaatiif amala namummaa kennuun wanti sun akka namaatti akka dubbatu, kolfu, gaddu, gammadu, beela'aan taasisuudha. Yaada kana Berhanun (2009, f. 25) yoo ibsu, "Persofication is a teachnique of presenting inanimate things and abstract qualities as though they were alive" jedha.

Wanti yaada kana irra hubatamu, wantoota lubbuu hin qabneefi qabatamaan hin mul'anneef amala wantoota lubbuu qabanii kennuufi jechuudha. Itti dabaluun Myres (2008, f. 37) yoo ibsu, "Personification is one way of speaking or writing in which an in animate object or abstraction given human qualities"jedha. Akka yaada kanaatti, nameessi wanta nama hin taaneef amala namaa gonfachiisuun uumamu ta'uu isaati.

**D. Habalaka yookaan Saaduu**

Habalakni, nama tokko waan jaallataan yookaan jajaan fakkeessani karaa ittiin xuquuf yaalaniidha. Akkasumaas, amala dubbii waan jechuu barbaanne tokko karaa faallaa ta'een itti ibsinuudha. Yaada Raymond dubbii qolaa kana irratti jedhe yoo ilaallu, habalakni yaada ibsuu barbaadame tokko ifatti osoo hin taane, karaa faallaa isaa ta'een kaa'uudha. Kunis, yaada dubbatame sanaan rakkoo nama mudachuu danda'u jalaa miliquuf kan gargaaruudha. Kana malees, irra keessatti yaada tokko kan jaju, kan faarsu, kan deeggaru kan fakkaatu yoo ta'u, hiikni yookiin keessi isaa yoo ilaalamu garuu faallaa isaati (Raymond, 1992). Misgaanuun (2012, ff. 87-88) Abrams (1993) wabeeffachuun yaada olii kana yoo ibsu,

> Irony is a mockery or scorn use of words to express the opposite of what one readlly means, that is words of praise are given often intended. A kind pearsonisn't it a remark made when apeason is actually unkind, cruel, self seeking jealous or prejudiced. In most of modern critical uses of the term irony, there remains the root sense of dissembling or hiding what is actually the case, not however in order to deceive but to achieve special rhetorical or artistic effects.

Akka yaada kana irra hubannuutti, habalakni waan ibsamuu barbaadame tokko faallaa waan sanaatiin ibsuu jechuudha. Fakkeenyaf, nama hamaa yookaan ofittoo ta'e tokkoon nama gaarii akkamii jechuun ibsuudha.

**E. Ukukkubee**

Ukukkubeen, dhimma irratti dubbatamu sana hamma ga'uun olitti yookaan gaditti baay'ee guddisuun yookaan xiqqeessuun himuudha. Yada kana Berhanun (2009, f. 27) yummuu ibsu, "Hyperbole is a technique of using gross exaggeration or overstate the facts in a piece of writing" jedha. Kun kan agarsiisuu, ukukkubeen waan qabatamaa ta'e tokko garmalee

guddisanii yookaan xiqqeessanii ibsuu ta'uu isaati. Itti dabaluum Dean (2006, f. 50) ammoo akkas jechuun ibsa, "Hyperbole is an exaggeration that is base in truth" jedha. Yaada kana irra wanti hubatamu, ukukkkubbeen dhugaa jiru irra kan ka'u ta'ee, yaada yookaan waan tokkoof xiyyeeffannoo g1`uddaa kennuudhaan garmalee olkaasanii yookiin gadi buusanii agarsiisuudha.

**F. WalFaallee**

Walfaalleen, mala dubbii jechoota waliifaallaa ta'anitti fayyadamuudhan dhaamsi adda addaa itti darbuudha. Yaada kana Misgaanuun (2012, f. 89) yoo ibsu,

> Walfaalleen gaaleewwan yookaan himoota yaadoota waliifaalla ta'aniin ijaaramaan keessatti mul'ata. Yaadoleen waliifaallaa ta'aan kunneen yoo irra keessa isaanii ilaalaan qoosaa fakkaatu. Haata'u malee, abbaa itti hubatee ilaaleef, icciitii dhugaa ta'e of keessa akka qabu namatti agarsiisa. Yoo gadi fageenyaan sakatta'ame keessi dhokataa yoo ta'ellee waan hiika qabeessaafi haqa ta'eetu mul'ata.

Yaada kana irra wanti hubatamu, walfaalleen mala dubbii jechoota waliifaallaa ta'aan walfaana fayyadamuudhan ergaan hiika qabeessa ta'e keessatti darbu ta'uu isaati.

**G. Fakkoommii**

Fakkoommiin, yaada mallattoodhan bakka buusuu yookaan amalaafi hiika bakka bu'aa sana gonfachiisuudha. Yaada kana Okpewho (1992, f. 101) yoo ibsu, "A symbol is aconcrate of familiar object that is used in reference to, or as an explanation of an abstract idea or a lesser familiar object or event. It is a particular means of conveying certain important truths or lessons about human life and the problem of existence" jedha. Akka yaada kanaatti, fakkoommiin yaada baay'ee walxaxaa ta'e yookaan wantoota jireenya dhala namaa keessatti baay'ee murteesso ta'aan karaa cina gala ta'een ittin dabarfachuuf yaalamuudha.

Itti dabaluun Wiiliyaam (1965) Misgaanuun (1012, f. 85) wabeeffachuun akkas jechuun ibsa, "In a sense the word symbol is universal in the most elementary sense of some thing stands for or pointing to some thing else. But in literary terminology the meaning has to be narrowed" jedha. Akka yaada kanaatti, fakkoommiin waan tokko kan bakka bu'uu ta'ee, ija ogbarruutiin garuu hiikni isaa dhiphachuu qaba yaada jedhu agarsiisa. Melakneh (2003, f.

146) ammo yummuu ibsu, “Symbolism is the representation of reality on one level of reference by crosponding reality. It is adominant literary device in the novel” jechuun ibsa.

Akkaa yaada kanaatti, fakkoommiin wanti tokko wanta biroodhan bakka buufamee ittiin agarsiifamuudha. Amalli mala dubbii kanaa inni guddaanis bakka bu’uudhan yookaan mallattoodhan yaada ibsuu isaati.

## 2.2. Qeeqa Ogbarruu

Qeeqa ogbarruu ilaalchisee namoonni gara garaa yaada adda addaa kennaniiru. Kanneen keessaas, Mario (2005, f. 100) yoo ibsu, “the term literary criticism can refer to the literary interpretation of texts as well as their evaluation. For that reason, literary critique is sometimes used to differentiate between the interpretation of a text and the evaluative criticism that often occurs in connection with literary awards and book reviews” jedha.
Akka yaada kanaatti, qeeqa ogbarruu jechuun hojii ogbarruu tokko madaaluufi hiikuun ibsuu of keessatti hammata yookaan hojii ogbarruu tokko madaaluun hiika itti kennuu jechuudha. Kanas yeroo raawwata xiyyeeffannoo irra dhaabbatanii qeeqaniin ciminaafi hanqina ogbarruun sun qabu addaan baasuun gara fuula duraatti akka fooyya’uuf kallattii agarsiisuudha. Kunis kan taasifamu, hariiroo akkaataa barruun tokko itti hiikamuufi madaalliin qeeqaa gidduu jiruun adda baasuun, kan fooyya’uu qabu barruu duraanii waliin wal qabsiisaa fooy’essaa akka deemaniif nama gargaara. Hala kana keessatti, cimina mul’ate onnachiisuufi hanqina mul’ateef ammo irra deebi’amee hanqinni akkasii akka hin mul’anneef, fooyya’ee akka barraa’u taasisuun barbaachisa akka ta’e namatti agarsiisa.

Yaaduma kanaan kan wal-fakkaatu ragaan toora interneeta tokko irraa argame akkas jetti,“Liter ary criticism comesin various shapes and aims. At best it poses searching questions of the writer and insists that he understands how the arts, the sciences and philosophy have different but coexisting concepts oftruth and meaning” thhp://WWW.textetc.com/Criticism.htm.

Yaadni olii kunis kan agarsiisu, yaadxinni qeeqa ogbarruu rogaafi kaayyoo gara garaa qabatee kan dhiyaatudha. Dhimmoota inni irratti xiyyeeffachuun hojii ogbarruu tokko madaalus, gaaffiin barreessaa ogbarrichaa maal akka ta’e, ogummaa (aartii) akkamitti akka fayyadamee barreesse, yaadota saayinsiifi falaasamaa haala kamiin adda baasee

akka itti gargaarame, waan ibsuu barbaadeefi yaadrimee isaa hangam akka walqabataniifi wal ibsaa deeman kenneen jedhaman irratti fuulleffachuun hojiin ogbarruu tokko qeeqamu akka danda'u namatti agarsiisa. Haaluma kanaan hojiin ogbarruu qeeqamuus kan jalqabe bara qaroomina Girikii kaase akka ta'e hayyoonni ogbarruu tokko tokkoo ragaa ba'u. Kanneen keessa, Habib (2005, f. 1) akkas jedha,

> Our English word criticism drives from the ancient Greek term krites, meaning judge. Perhaps the first type of criticism was that which occurred in the process of poetic creation itself: in composing his poetry, a poet would have made certain judgment about the themes and techniques to be used in his verse,about what his audience was likely to approve and about his own relationship to his predecessors in the oral or literary tradition.

Akka yaada olii kanaatti, jechi "qeeqa" jedhu jecha Giriikotaa duraanii "krites" jedhamurra kan dhufe yoo ta'u, hiikni isaas murtoo kennuu akka jechuuti. Hojiin isaas kan jalqabe adeemsa waloon tokko walaloosaa ittiin barreessu, qindeessu, dhaamsa ittiin dabarsu, haala ijaarsa bo'oowwan walaloo, dhiibba walaloon sun miira dhaggeeffataa yookaan dubbisaa isaarraan ga'uufi hariiroo inni hordoftoota isaa waliin qabu addaan baasanii beekuuf kan itti gargaaramaan akka ta'e namatti mul'isa.

Dabalataanis, Habib (f. 3) maalummaa qeeqaa yoo ibsu, "Criticism is the practice of analyzing, classfying, interpreting or evaluating literary or other artistic work" jedha. Kunis kan agarsiisu, karaalee hojiin kalaqa tokko haala qabatamaa ta'een xiinxalamu, qoodamu, hiikamuufi madaalamu ta'uusaatu hubatama.

Bifumawalfakkaatuun, ragaan toora inteerneeta irraa argamame tokko maalummaa yaadxina qeeqaa ogbarruu ilaalchisee akkasitti kaa'a, "literary criticism is the study, evaluation and interpretation ofliterature. Modern literary criticism is often influenced by literary theory" jedha http://www goagle. com/. Akka yaada olii kanatti, qeeqa ogbarruu jechuun karaale ogbarruun tokko ittiin qoratamu, madaalamuufi ibsamudha jechuun nidanda'ama. Qeeqni ogbarruu ammayaas, ogbarrichi akkamiin akka kalaqameefi galmi isaa maal akka ta'e beekuuf yaadxinaalee ogbarruutti gargaaramuun qorataafi madalaa kan deemu ta'uu agarsiisa.

Dabalataanis, maalummaa qeeqa ilaalchise Baldick (2001, f. 43) akkas jedha, "Criticism is analysis of its structure and style, judgment of its worth by compar is on with other works, estimation of its likely effect on readers and the establish ment of general principles by which literary works (individually in categories or as a whole) can be evaluated and understood" jedha.

Akka yaada kanaatti, qeeqa ogbarruu jechuun hojii ogbarruu tokko keessatti caasaa afaanichaa haala inni itti dhiyaate, dhaamsa isaa, jijjiirama inni sammuu dubbisaa isaarratti fidu, qajeelfama waliigalaa hojii ogbarruu tokko ittiin madaalaniifi hubatan kan of keessatti qabatudha. Kunis kan agarsiisu haala waliigala ogbarruu tokko ciminaafi hanqina inni qabu kan mul'atu erga qeeqame booda akka ta'e namatti agarsiisa.

Itti dabaluun Lodge (1988, f. 63) qeeqa ogbarruu yummuu ibsu, "Criticism consists of judging and appreciating recent works with a view to helping the public make up its mind and a scientic function which consists of a positive study, closely with a view of knowledge of the conditions of existence of literary, works or the materiality of the text, source, psychological or historical origins etc" jedha. Akkan yaada kanaatti, karaalee hojiin ogbarruu tokko ittiin madaalan, dinqisiifatan, sammuu dubbistootaa kakaasan, maaddaafi seenaa isaa qoratan, akkasumas, wantoota hawaasa keessaatti mul'atan calaqisiisuu isaanii karaa ittiin madaalaniifi xiinxalan akka ta'e namatti agarsiisa.

Hojiin qeeqaas kan jalqabe jaarraa 18ffaa dura walaloo irratti akka ta'e hayyoonni tokko tokkoo nibsu. Yaada kana ilaalchisuun, Dutton (1984, f. 15) yoo ibsu, *"...Any criticism* written before approximately 1800 may be understand criticism of creative literature in general" jedha. Akka yaada kanaatti, seenaan jalqabbii qeeqa ogbarruu qeeqa walalootiin wal qabata. Kunis hanga hojiin kalaqa asoosamaa jalqabutti walaloon akka ogummaa kalaqa waligalaatti ilaalama akka ture agarsiisa. Haala kanaan, qeeqni jaarra 18ffaa dura qeeqni walaloo akka qeeqa barruu kalaqaa hunda hammatutti fudhatamaa ture. Ogbarruun tokko yeroo qeeqamu, hanqina inni qabu qofa osoo hintaane cimina isaallee waliin ka'aa deemuun barbaachisaadha.

Yaada kanaan kan walfakkaatuu, Abdiin (2015, f. 6),Wall (2010) wabeeffachuun akkas jedha, ".qeeqa irratti yaadolee garaagaraa lama akka jiranidha. Inni jalqabaa ceepha'uun

hanqina inni qabu baasuu yoo ta'u, inni biraan hanqina qofa osoo hintaane cimina hojiin sun qabus kan hammatudha" jedha.

Yaada olii kana irraa waan hubatamu, hojiin ogbarruu tokko yeroo qeeqamu ciminaafi hanqina inni qabu addaan baasaa deemuun guddina ogbarruu sanaaf murteesaadha. Hala kana keessattis, ciminni argame akka itti fufuufi hanqina mul'ateef ammoo fala akka barbaadan kallattii kaa'uun bu'aa qeeqni fide ta'uu namatti agarsiisa.

Namni M. Ellis (1974, f. 54) jedhamu faayidaa qeeqni ogbarruu qabu yummuu ibsu, "It has often been sacd that the purpose of criticism is to render the text more enjoyable to the reader, to encourage and excite his appreciation of the text, to explicate it and to point out to him what he mightother lucid have missed" jedha. Yaada olii kanarraa wanti hubatamu, faayidaan qeeqa ogbarruu tokko barruun qeeqame sun dubbistoota biratti akka jaalatamu taasisa. Akkasumas, barruu tokko kallatti adda addaatiin gadi fageenyaan ilaalanii hubachuuf akka gargaarudha.

Ogbarruun tokko dhimmi barreeffamuuf qaba. Dhimma isaa hubachuuf ammo dubbisuufi qeequun murteessaadha. Ogbarruu qeequun ammo ogummafi muuxannoo barbaada. Namni ogbarruu qeequ tokko maal gochuu akka qabu, Encyclopedia Britannica yoo ibsu, "Critics ask what literature is? What it does? What it is worth?" jedha. Akka hiika kanaatti, namni ogbarruu qeequ tokko maalummaa, faayidaafi gatii ogbarruun qabu cimsee gaafachuu, akkasumaas beekuu qaba kana malees, yaadxinoota adda addaa fay'adamuun sakatta'uu gaafata. Kanaaf, itti aansuun yaadxina qeeqa ogbarruu yaada hayyootaan wal qabsiisuun kan ilaalluu ta'a.

## 2.3. Yaadxina Qeeqa Ogbarruu

Jaarraa 20ffaan dura yaaliin dalagaa ogbarruu ibsuuf taasifamaa ture baay'ee gadaanaa ture. Sana dura wanti ture, ogbarruu jechuun waa'ee mataa ofii ibsuu (self-interpreting) ture. Haa ta'u malee, haguma beekumsi dabalaa deemu ilaalcha of ibsuurraa gara ogbarruu yaadxinessuutti jijjiirame (Graff, 1987).

Seenaan ogbarruu, seenaa qeeqa ogbarruu waliin eegale. boodarra garuu walta'iinsa warra waa uumanii barreessanitiin bu'ura yaada isaani gargaaramuun galteewwan peedaagojii

ogbarruu gara yaada ka'umsa tokkootti fidan. Bara dheeraadhaaf yaadxinni ogbarruu walitti dhufeenya barbaachisoo qeeqa ogbarruu kanaaf tajaajilaa ture (Eagleton, 1996).

Hojii ogbarruu tokko qeequun dura maalummaafi ulaagaalee ittiin qeeqamu beekuun barbaachisaadha. Kanaafuu, maalummaa yaadxinaalee qeeqa ogbarruu ilaalchisee hiika namoonni gara garaa kennan haa ilaallu, Namni Carter (2006, f. 14) jedhamu, yaadxina qeeqa ogbarruu ilaalchisee akkas jedha, "The oris the adoneto the conclusion that literary; theory does not real existsas an idependent discipline, there is many clam just theory about every thing" jedha. Akka yaada kanaatti, qeeqafi yaadxina isaaf hiika salphaafi gabaabaa ta'e kennuun rakkisaa akka ta'e agarsiisa.

Bifuma kanaan, namoonni yaadxina gara garaa hundeessuun hojiilee ogbarruu qeequunis maalummaa isaa ibsuun ifaafi salphaa akka hin taane kaa'eera. Itti dabaluun Castle (2007, f. 9) yummuu ibsu, ''The term literary is used to cover collecyion of principles and assumption that govern theoretical refilection on the nature and function of literary works." jedha. Yaanni kun ammo kan ibsu, jechi yaadxina ogbarruu jedhu qindoomina qajeeltoowwaniifi yaadota bu'uura kanneen amalootaafi faayidaawwan ogbarruu tokkootiin ilaallamu ykn madaalamudha. Yaaduma kanaan kan wal fakkaatu, ragaan toora intarneetii irraa argame tokkos akkasitti ibsa, "Literary theory is a stnict sense is the systematic study of the nature of literature and of the methods for analyizing literatu" jedha.

Yaadxinaaleen ogbarruu yaada haaraa akka nuti maddisiifnuufi waan dubbifame tokko keessatti yaada maaltu jira jedhamee gadi fageenyaan akka yaannu nu taasisa. Kanarraa kan ka'e, yaadxinni ogbarruu tuuta yaadxinootaati jedhamees beekkama (Tyson, 2006). Haaluma kanaan, Carter (2006, f. 14) yaadxina qeeqa ogbarruu ilaalchisee akkas jedha,

> The problem is that defining what counts as theory and what one means by literary is not an easy task. More critics and theorist have grappled bravely with the problem but have finally give up declaring that it does not matter analyze some theorists head one to the conclusion that literary theory; theory does not reall exists as an independent discipline, there is many claim just theory theory about everything.

Akka yaada kanaatti, maalummaa qeeqaafi yaadxina isaaf hiika salphaafi gabaabaa ta'e kennuun rakkisaa akka ta'e agarsiisa. Bifuma kanaan, namoonni yaadxina gara garaa

hundeessuun hojiilee ogbarruu qeeqanis maalummaa isaa ibsuun ifaafi salphaa akka hintaane kaa'aniiru. Itti dabaluun Klages (2006, f. 18) ammo yaadxina qeeqa ogbarruu yoo ibsu, "These are the kinds of questions that literary theory helps us answer we will still probably always be concerned with closer reading and asking of a text What does this mean? But we will also concern with how does this mean, what does it produce and what effect does that have on us and on our world? That what literary ultimately is about" jedha.

Yaadni kunis kan ibsu, wayita ogbarruu tokko gadi fageenyaan dubbisnu, gaaffileen wanta dubbifnu sana irratti ka'uu malu. Gaaffileen ka'uu qabaan kunis, kanneen akka: kana jechuun maal jechuudha? akkamitti akkas ta'a? bu'aa maalii qaba? miidha maalii qaba? rakkoo inni addunyaatti fidu maalii? kan jedhaan ka'uu malu. Yeroo kana taasifinus ogbarricha sana qorachaafi madaalaa kan deemnu ta'uu agarsiisa. Yaadonni ogbarruus kan qoratamaniifi madaalaman ulaagaalee yaadxina qeeqa kanatti gargaaramaniiti.

Ittuma fufuun Castle (2007, f. 9) akka itti aanu kanatti ibsa, "The term literary theory is used to cover collection ofprinciples and assumption that govern theoretical reflection on the nature and function of literary works" jedha. Akka yaada kanaatti, jechi yaadxina ogbarruu jedhu qindoonima qajeeltoowwaniifi yaadota bu'uura kanneen amalootaafi faayidaan ogbarruu tokko ittiin ilaalamu yookaan madaalamuudha.

Walumaagalatti, yaadoonni kun kan agarsiisan hojiin ogbarruu tokko yaadxinaalee qeeqa ogbarruutti dhimma ba'uun yeroo xiinxalamu hanqina isaa qofarratti kan xiyyeeffatu osoo hintaane, cimina isaallee waliin kaasuu kana malees, wantoonni ogbarruu sana keessatti argamaan akkaata kamiin akka dhiyaataniifi gumaachi isaan barruu sanaaf kennaan ammo maal akka ta'ee kan hubachiisuudha.

### 2.4. Yaadxina Qorannichi Bu'uureffate

Qorannoo tokko keessatti kallattii waan qoratamu agarsiisuufi mata duree qorannichaa murteessuuf yaadxinnii ga'ee guddaa qaba. Qorataaniis, mata duree qorannichaa, kaayyoofi gaaffile bu'uura giddugaleessa taasifachuun yaadxina hojichaaf isa gargaaru filachuun dhimma kan itti ba'eedha. Kanuma ilaalchisuun, qorannoo kana keessatti yaadxinni bifiyyee asoosama filatame kana xiinxaluuf kan gargaareedha. Itti aansuun ammo yaadxina kana yaada hayyootan wal qabsiisuun kan ilaalluudha.

### 2.4.1. Yaadxina Bifiyyee

Yaadxinni bifiyyee yaadxinoota hojiin ogbarruu tokko ittiin qeeqamu keessaa isa tokko yoo ta'u, yaadxina kana ilaalchisee yaadoleen gara garaa kan dhiyaataniidha. Yaadolee kanaas yummuu ilaallu, jalqaba yaadxina bifiyyee Habib (2005, f. 603) yummuu ibsu,

> There were two schools of Russian formalism. The Moscow linguistic circle, led by Roman Jacobson was formed in 1915; this group also included Osip Brik and Tomashevsky. The second group, the Society for the Study of Poetic Language (Opoyaz) was founded in 1916, and its leading figures included Victor Shklovsky, Boris Eichenbaum and Yuri Tynyanov. Other important critics associated with these movements included Leo Jakubinsky and the folklorist Viladimir Propp.

Akka yaada kanarraa hubatamutti, jalqabni yaadxina bifiyyee Raashiyaa keessatti jalqaba jaarraa 20ffaa namoota akka Victor Shklovsky, Viladimir Proppfi beektota Raashiyaa kanneen birootiin akka turedha. Yeroo sanatti gareewwan lama, garee xiinqooqaa (The Moscow linguistic group) fi hawaasaa kanneen Afaan ogwalaloo qo'atu (poetic language) kan turan yoo ta'u, inni duraa bara 1915tti kan hundeeffame yoo ta'u, nama Roman Jacobson jedhamuun kan durfamu ture. Inni lammataa ammoo kan hundeeffame bara 1916tti yoo ta'u, dursitoonni garee kanaas kanneen akka Victor Shklovskyfi Boris Eichenbaum faa turan.

Ragaan toora interneetii, https://en.Wikipedia.org/Formalism/ irra argame yoo ibsu, "In literary theory, formalism refers to critical approaches that analize, interprate or evaluate the inherent features of a text. These features include not only grammar and syntax but also literary devices such as meter and tropes. The formalist approach reduces the importance of text's historical, biographical and cultural context" jedha.

Yaada kana irra wanti hubatamu, yaadxina ogbarruu keessa bifiyyeen, barreffamicha qofa irratti hunda'ee haala qindoomina barreffamichaa kan xiinxalu, hiikuufi madaalu ta'uu isaati. Wantoota hojichaan ala dhufaan, faayidaa hawaasichaan kan wal qabataan kanneen akka aada, seenaa jireenyaafi seenaa hawaasichaaf xiyyeffannoo guddaa hin kennu. Yaanni toora intarneetii, http://www.britanica.com/topic/Formalism-literal/ irra argame inni biraan ammo akka itti aanu kanatti ibsa,

> Formalism also called Russian Formalism,Russian Russky Formalism, innovative 20th-century Russia school of literary critism, it beganin two groups; OPOYAZ, an acronym for Russian words meaning society for the study of poetic language, founded in 1916 at St. petersburg (later Leningrad) and led by vinktor shklovsky and the boscow linguistic crcle founded in 1915. Other members of the groups included Osip Brik, Boris Eikhen Baus, Yury Tynianov and Boris Tomashevsky.

Akka yaada kana irra hubatametti, bifiyyeen Raashiyaa keessatti jaarra digdammaffaa keessatti yaadxina qeeqa ogbarruu ta'uudhan hundeeffamuu isaati. Garee lamaan hojii eegale. Gareewwan kunninis gartuu hawaasa itti fayyadama afaanii walaloo qo'atuufi gartuu xiinqooqa kan bara 1915 dha.

Gareewwan lamaanuu keessatti namoonni qooda adda addaa qabaan kan turaniidha. Gama biraatiinis maddi interneetii, https://www.slideshare.net/mariaraja/formalism/ irra argame qeeqa yaaxina bifiyyee haala armaan gadiin ibsa,

> Formalist criticism regards literature as aunique form of human knowledge that needs to be examine on it own terms all the elements necessary for under standing the work are contained whithin the work it self. Of particular interest to the formalist critic are the element of form, style, structure, tone imagery etc. That are found within the text. A primary goal for formalist critics is to determaine how such element work toger with the tex's content to shope its effects upon readers.

Yaada armaan olii irra wanti hubatamu, akka ilaalcha qeeqtota bifiyyeetti, ogbarruun kennaa addaa ykn dandeetti adda qabanitti gargaaramuun namoonni kalaqaan ta'uu isaati. Wantoonni hojii ogbarrichaa hubachuuf gargaaran hundi isaani achuma barreeffamicha keessatti kan argamaniidha. Gama biraan kaayyoon jalqaba qeeqtota bifiyyee akkaatan caacculeen barruu keessatti argamaan walitti qinda'uun dubbistoota ofitti hawwataan ibsuu irratti xiyyeffatuufi unki akkaata barreeffamichi ittin dhiyaate, caasaafi dandeetti yaadonni achi keessatti ibsaman sammuu namaa keessatti fakkiwwan uumaniif dursa kan kennuudha.

Karaa biraatin Bartens (2001, f. 32) yummuu ibsu, "Formalists began to translated into English in the late 1950s and 1960s, that the English speaking would began to notice of their wholly different approaches of literary art" jechuun ibsa.

Yaada kana irra akka hubatamutti, yaadxinni bifiyyee erga hundeeffamee booda gara afaan ingiliziitti hiikamuun dubbattoonni afaan ingiliiziis hojilee ogbarruu gara garaa qeequuf kan itti fayyadamaan ta'uu kan agarsiisuudha.

Akka yaada bifeessitootaatti, jechoonni yeroo hunda dubbatamaan ogbarruu barreessuuf baay'ee kan hin fay'anne, yoo itti fayyadaman ammo barbaachisummaa ogbarruu sanaa kan gadi buusuufi barruun kalaqaa haala akkasiin barreeffame baay'ee kan nama hin gammachiifneedha. kana malees, akka dubbistoonni si'ayinaan hin dubbifne taasisa. Kanaafuu, ogbarruun caasluga afaanii eeguun cinatti jechoota hiikaf gumaachan filachuun barbaachisaadha. Karaa duraan beekamu irra maksuun jechoota fayyadamuun miidhagummaa hojii kalaqaa sana tumsuu irra darbee hiika kan xiyyeeffachiisuudha.

Akka N. Krishnaswamy et al (2004) jedhanitti, bifeessitoonni qorannoo isaani keessatti qabiyyee caala bifa barruu kalaqaaf xiyyeeffatan yummuu ta'u, bifni barruu kalaqaa tokko haala dubbi irra kaasee hanga caasluga afaanii hojii kalaqaa sana uumetti ilaaluun barbaachisaadha jedhanii kan amananiidha. Kanaafuu, bifeessitoonni yeroo ogbarruu qeeqan barruu kalaqaa sanaafi haala naannoo hojiin sun keessatti raawwate irratti kan xiyyeeffataniidha. Yaadxinni kun bifa hojii barruu sanaa, akkasumaas qindaahuudhan hojiichaaf wantoota hawwattumaam dabalaan irratti kan fuulleffatuudha. Itti aansuun xiyyeeffannoo yaadxina kanaa yaada hayyootan wal qabsiisuun ilaalla.

## 2.4.1.1. Xiyyeeffannoo Yaadxina Bifiyyee

Yaadxinni kamiyyuu wantoota irratti xiyyeeffatee ogbarruu tokko xiinxalu qaba. Kanaaf, yaadxinni bifiyyees xiyyeeffannoo mataa isaatiin ogbarruu waan ilaaluuf, xiyyeeffannoo isa kana namoonni adda addaa yoo ibsaan,

Carter (2006, ff. 31-32) yoo ibsu, "As the name suggests formalism was more interested in analysis of form, the stracture of the text and its use of language than the contant. Formalist wented to establish ascientific basic for the study of literature. The early Russian formalists was an extereme one the believed that the human enomation and ideal expressed in a work of literature" jedha. Wanti yaada kana irra hubatamu, bifeessitoonni qabiyyee caalaa; xiinxala bifa, caasaafi itti fayyadama afaani irratti fedhii guddaa kan qabaan ta'uu isaaniiti.

Cain (1999) barruu isaa keessatti akka ibseetti, bifiyyeen barreeffamichi barreessa isa oomishe irra wanti hafe, akka qaama guutuutti ofuma isaatiin akka dhaabbatu mirkaneessa.

Namni tokko yaadxina bifiyyee irratti hunda'uun ogbarruu tokko qeequ yoo barbaadu yeroo dubbisu maal gochuu akka qabu, Dobie (2012, f. 40) yoo ibsu, "The critic who wants to write about literature from a formalist perspective must $1^{st}$ be a close reader who examines oll the elements of a text individual and question how came together to create a work of art such a reader, who respects the autonomy of a work achieves an understanding of it by looking inside it not out side it or beyond" jedha. Yaanni kun kan agarsiisuu, ogbarruun tokko yaadxina bifiyyee bu'uura godhachuun yummuu qeequun barbaachisu, jalqaba irratti barruu sana gadi fageenyan dubbisuun waan hojiin sun qabatee jiru adda baafachuun isa ijoodha.

Adeemsa kana keessatti wantoonni ogbarruu sana keessatti hammataman kopha kophaatti haala kamiin akka dhaabbataniifi gurmuudhanis hojjechuuf miidhagina kennuun sirriitti hubachaa deemuu kan qabuudha. Kana galmaan ga'uuf ammo gubba gubaa ilaaluu osoo hin taane keessoo irratti hunda'uudha. Namni Erlich (1980, f. 191) jdhamu yummuu ibsu, "The formalist critic would want to knw not why or by whom it was created but how it is made" jedha. Akka yaada kanaatti, qeeqaan yaadxina bifiyyeen waan kalaqame tokko xiinxalu beeku qabu: maalif, eenyun kalaqamee osoo hin taane akkaata kamiin qindoomuun kalaqamaanii hawwattummaa kennaniif yaada jedhuudha.

Itti dabaluun Selden, (2005, f. 235) yummuu ibsu, "Formalisims sustained popularity amang readers come primarily to understand and enjoys a work for its own interest value as apiece for literary art. Emphasing close leading of the work it self formalism puts the focus on the text as literature" jedha. Yaada kana irra wanti hubatamu, hojii ogbarruu tokko hubachuufi ittiin bashannanuuf wanti barbaachisu hojjicha gadi fageenyaan haalaan dubbisuufi waan barruun sun hammate hunda addaan baafachuun barreeffamicha ija ogbarruutiin ilaaluudha.

Walumagalatti, yaadxinni bifiyyee kitaaba ogbarruun wal qabataan qeequuf haala barreeffama kitaabichaa, bifa, qindoomina, akkaata ijaarsa qaama isaa guutummaan ilaaluufi jechoota kalaqaaf fayyadaan (literary terminology) xiinxaluu irratti kan fuulleffatuudha. Waan kana ta'eef, yaadxina bifiyyee qabiyyee barreeffama tokkoo caalaa; xiinxala unkaafi miidhagina barreeffama dhiyaate, akkasumaas wantoota miidhagiina barreeffamichaaf

bu’uura ta’aan kanneen akka; haala ijaarsa sadarkaa caasaa jaargochaa, tartiiba ta’eewwanii yookaan gochoota namfakkiiwwan raawwataan, kallattii seeneffamaa, yoomeessa seeneffama sanaafi itti fayyadama afaanichaa kan bu’uureffatuudha. Kanaafuu, as keessatti xiyyeeffannoon addaa kan kennamuuf: sadarkaa jaargocha asoosamichaa, namfakkiiwwan, yoomeessa, waldhabbiifi malleen dubbii asoosamicha keessatti argamaaniifi argamuun isaanii ammo barruu sanaaf gumaacha akkamii akka godhaan irratti kan xiyyeeffateedha.

## 2.5. Sakkatta’a Qorannoo Walfakkaatoo

Qorannoo tokko geggeessu keessatti qorannoowwan mata duree sanaan walitti dhiyeenya qabaan gara garaa sakatta’uun walbira qabanii ilaaluun murteessaadha. Kanaaf, Qorataan qoranno qorannoo kana waliin walitti dhiyaatu jedhee argatee dubbise haala kanatti aanuun dhiyeesseera.

Fiqaaduu Qana’aa (2012), *“*Qaacceessa Waldhabbiifi Fakkoommii Asoosamoota Dhaabaa Wayyeessaa: Haala Godaannisaafi Dungoo Halkaan Sanaaa” mata duree jedhu irratti, digirii lammaffaa Afaan Oromoofi ogbarruun guuttachuuf qorannoo adeemsiseedha. Kaayyoon qorannoo kanaas, asoosamoota eeramaan lamaan keessatti toofta barreessaan asoosamichaa waldhabbiifi fakkoommiitti dhimma ba’ee aada, siyaasaafi falaasama uummata Oromoo ibsuuf yaale qaaccessuudha.

Fakkoommii asoosamoota baasuun ibsuu irratti xiyyeeffachuun isaa qorannoo kanaan tokko yoo ta’u, garagarummaan isaanii qorannoo Fiqaaduu Qana’aa fakkoommiifi waldhabbii qofaa irratti kan xiyyeeffateedha. Qorannaan kun ammo fakkoommii dabalatee caasaa ijaarsa jaargocha asoosamichaa, akkaata uumaama namfakkiiwwanii, yoomeessa, waldhabbii, ija seeneffamaafi dubbiiwwan qolaa achi keessatti argamaan baasuun, hawwattummaa kitaabichaaf gumaachi isaa taasiisan maal akka ta’e kan xiinxaleedha. Kun addummaa isaani isa bu’uuraadha.

Dassaaleny Hayiluu (2008) “Xiinxala Asoosama Yoomi Laataafi Kabiir Waadoo Gadaa Sabboonaa Oromoo: Ija Yaadxina Dhugummaatiin*”* mata duree jedhu irratti, digirii lammaffaa Afaan Oromoofi ogbarruun guuttachuuf qorannoo adeemsiseedha.

Kaayyoon qorannichaas, asoosamoota olii keessatti barreessitoonni lamaanituu siyaas-dinagdee, aadaa, seenaa, duudhaa, amantiifi haala jiruufi jireenya ummata Oromoo ibsuuf yaalan xiinxaluudha.

Qeeqa yaadxinalee ogbarruutiin ilaalamuun qorannoo Dassaaleny Hayiluu qorannoo kanaan hamma tokko kan walitti dhiyeessuu ta'us, gosoota qeeqaa yaadxinaalee keessaa kan inni irratti xiyyeeffate immoo yaadxina dhugummaa yoo ta'u, kan qorannoo kanaa immoo yaadxina bifiyyeeti. Kanaafuu, qabxiin xiyyeeffannoo kun garaagarummaa ijoo qorannoowwan lamaanii ta'uu danda'a.

Margaa Abbabaa (2008) "Qaaccessa Bakka Bu'insa Namfakkiilee Dubartootaa Asoosamoota Afaan Oromoo Imaanaa Imaltuufi Hiree Galgalaa" mata duree jedhu irratti, digirii lammaffaa Afaan Oromoofi ogbarruun guuttachuuf qorannoo adeemsiseedha. Kaayyoon qorannichaas, asoosamoota eeraman keessatti bakka bu'insa namfakkiileen dubartoota kallattii jiruufi jireenyan (siyaasaan, dinagdeefi hawaasummaan) qaban xiinxaluudha.

Qorannoon kun qeeqa yaadxinaalee ogbarruutiin ilaalamuun qorannoo Margaa Abbabaa waliin hamma tokko kan walitti dhiyeessuu ta'us, gosoota qeeqaa yaadxinaalee keessaa kan inni irratti xiyyeeffate immoo yaadxina maarkistiin yoo ta'u, kan qorannoo kanaa immoo yaadxina bifiyyeeti. Kanaaf, qabxiin xiyyeeffannoo isaani gara garummaa qorannoo lamaanii ta'uu danda'a.

Abduljebbaar Qassee Walloo (2009/ 2017) mata-duree, "Qaaccessa Asoosamoota Hadhooftuufi Doobbii Jaalalaa, Ija Yaaxina Bifiyyeetiin"jedhuun ulaagaa Digrii Lammaffaa Afaan Oromoofi ogbarruun guuttachuuf qorannoo geggeesse yoo ta'u, kaayyoon isaa asoosamoota eeraman yaadxina bifiyyee bu'uura taasifachuun qaaccessuudha.

Xiyyeeffannoon isaas; ijaarsa caasaa sabseenaa, kallattiin seenaa akkaata kamiin akka ibsame, fakkaattiiwwan haala kamiin akka bocamaan, haalli dhiyeessa seenaa, itti fayyadamniifi fakkoomiiwwan maal akka fakkaatan irratti kan fuulleffateedha. Qorannoo kanaafi Abduljebbaar yaadxina bifiyyee irratti hundaa'uun asoosamoota filataman xiinxaluun walfakkeenya.

Wanti adda isaan taasisu immoo, kan Abduljebbaar, ijaarsa caasaa, kallattiin seenaa, fakkaattiiwwan akkamiin akka bocamaan, Itti fayyadamniifi fakkoomiiwwan maal akka fakkaatan irratti kan fuulleffateedha. Qorannoom kana keessatti garuu warreen kana qofa osoo hin taane, namfakkii guddaafi xixiqqaa, kana malees, warreen kun asoosamicha keessatti argamuun hawwattummaa isaaf gumaacha akkamii akka godhe kan xiinxaleedha.

Walumaagalatti, qorannoowwan namoota adda addaatiin taasifaman kunneen soosamoota Afaan Oromootiin barreeffaman irratti hojjetamuun isaanii walfakkeenya qorannoo kana wajjin qaban kan agarsiisuu yoo ta'u, qabxiin xiyyeeffannoo isaanii garaagarummaa isaanii kan agarsiisuu ta'a. Garagarummaan isaani inni bu'uura qorannoowwan kun hundi isaanii caacculewwan achi keessatti argamaan hawwattummaa kitabichaaf gumaacha isaan taasisaan waan kaasan tokkollee hin qaban, qorannoon kun garuu hawwattummaa caacculeen achi keessatti argamaan gumaachaniif kan xiinxaleedha. Kanaaf, qabxii xiyyeeffannoo isaanii kana irratti hunda'uun hanqinoota qorannoo gama sanaan hin guutamne ni guuta jedhee qorataan waan itti amaneef kallattii itti aanuu kanaan xiinxaluu filate, ijaarsa sadarkaa jaargochaa, akkaata namfakkiiwwan itti uumamaan, kallattii ija seeneffama, waldhabbii akkasumaas, yoomeessi isaa akkaata kamiin akka dhiyaateefi malleen dubbii achi keessatti argamaan akkaataa kamiin akka dhiyaataniifi hawwattummaa kitaabichaaf gumaachii isaan taasiisaan maal akka fakkaatu kan xiinxaleedha.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

## 1.1. Saxaxa Qorannichaa

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa asoosama dheeraa *Ededa* ija yaadxina bifiyyeen xiinxaluudha. Xiinxala gaggeessuun saxaxa qorannoo akkamtaa akka barbaadu barreessitoonni adda addaa ni ibsu (Finnegan 1970, Okpewho 1992). Qorataanis yaada kana bu’uura godhachuun mala kanatti dhimma baheera.

Saxaxi qorannoo waa’ee qorannoo tokkoo kan hammatudha. saxaxi qorannoo waligala qorannichaa kan to’atu akkasumaas, qorannichi maal akka fakkaatuufi maal irratti akka bu’uure gaaffiiwwan jedhaniif deebii kan kennuudha (Addunyaa , 2011). Qorannoon geggeeffamu tokko akkaata ibsuu irratti xiyyeeffata yoo ta’e saxaxi isaa ibsa ta’ee, kan ibsamus ragaalee akkamtaarratti yoo hundaa’e, saxaxi isaa ibsa akkamtaa (qualitative descriptive) akka ta’eedha (Cohen, 2005).

Haaluma kanaan qorataanis, ragaalee mata durichaan wal qabataan bifa jechaan kan sassaabate waan ta’eef, mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahuun saxaxa ibsa akkamtaa fayyadamuun qorannicha kan geggeesseedha. Sababni saxaxi kun filatameefis, gaaffilee qorannoo, kaayyoo qorannichaafi ragaaleen funaanamaniifi xiinxalamaan bifa jechaan ta’uu giddu galeeffachuunidha.

Gosti qorannoo kanaas, qorannoo akkamtaa yookiin qulqulleeffataadha. Qorataanis, yaadxina bifiyyee bu’uureffachuun, kitaaba asoosama bifa isaa xiinxale kaayyoo isaa irratti hundaa’ee gosa qorannoo akkamtaa yookaan qulqulleeffataa jalatti xiinxala kitabaa geggeesse jira.

## 3.2. Madda Ragaalee

Qorataan madda raga qorannoo kanaa, kitaabuma filatame kana akka madda ragaa jalqabaa (tokkoffaatti) kan fayyadameedha. Yaada kana Filee (2019, f. 62) yoo ibsu, “maddi raga tokkoffaa odeeffannoo ragaalee irra kallattiidhan funaanuun tooftaa itti walitti qabaniidha” jedha. Kanaaf, Maddi ragaa qorannoo xiinxalame kanaas, asoosama dheeraa *Ededa* maxxansa jalqabaa Alamuu Goobanaatiin bara 2021, fuula 309 qabatee maxxanfamedha.

## 3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorataan tokko dhimma qorannoo isaaf, wantoota dhimmicha ilaallatu hunda ilaaluun ulfaachuu waan maluuf tooftaa gara garaatti dhimma ba'ee qorannoo isaa geggeessuu danda'a. Iddattoon adeemsa irraawwatamaa tokko keessaa ragaalee argachuudhaaf waan qorannoon irratti adeemsifamu sana akka madda ragaatti fayyadamuudhan qorannoo geggeessuudha (Filee, 2019).

Qorataanis, qorannoo kana geggeessuuf tooftaale iddatteessuu jiran keessaa miti-carraa kan ta'eetti dhimma baheera. Malli bu'uura taasifamees, miti carraa keessa kaayyeffataa kan ta'eedha. Sababni tooftaafi malli kun filatameefis, asoosamoonni afaan oromoo hedduu waan ta'aanif, kana hunda irratti altokkichaan qorannoo irratti geggeessuun waan hindanda'aamneef, qorataan asoosama yeroo dhiyootti barreeffame akkasumaas, asoosamicha gadifageenyaan dubbisee hubannoo isaa waan qabuuf kana giddu galeessa godhachuun tooftaafi mala kana gargaarame. Qorannoowwan kallattii kanaan adeemsifamaan tooftaafi mala kana gargaaramu waan ta'eef.

## 3.4. Mala Funaansa Ragaalee

Qorannoo kana keessatti, malli ragaaleen ittiin funaaname xiinxala dookimantiti. Sababii qorataan mala kana fayyadameefis, sakatta'i ragaalee, dookimantii dhiyaate keessatti himoota adda addaa akkaata yaadxina bifiyyeen xiinxaluuf mijatu irratti hojjechuuf kan gargaaru waan ta'eef, yaadxina bifiyyee bu'uureffachuun bifni asoosama *Ededa* akkaata isaan ittiin barruu sanaaf miidhagina keennaan gosa gosa isaaniitiin ramadamuun xiinxaluu waan dandeessisaniif mala kana fayyadameera.

Ragaalee kana funaanuufis, qorataan cheeklistii qopheessuun itti fayyadameera. Kunis, jalqaba kitaaba asoosama *Ededa* gadi fageenyaan dubbisuun, akkaata xiyyeeffannoo yaadxina bifiyyeen addaan baasuun erga barreeffamaan toora galfatee booda, akkaata isaan ittiin miidhagina barruu sanaaf kennaan qindeesse itti fayyadamuu danda'eera.

## 3.5. Mala Xiinxala Ragaalee

Tooftaan xiinxala ragaalee qorannoo kana keessatti qorataan dhimmi itti bahe mala qulqulleeffataati. Sababiin isaas, ragaalee sakatta'a dookumantiitiin argamaan ibsa irratti kennuun kan xiinxalame waan ta'eef.

Yaada kana Adduyaan (2011, f. 71) yoo ibsu, "Qaaccessa ragaalee akkamtaa keessatti ragaawwan sana qopheeffachuun, irra deddeebi'anii dubbisuun keessoo isaa baruu, qoqqooduu, ibsuufi hiikuun adeemsa qorataan tokko hordofuu qabu keessa warra muraasa" jedha.

Yaada kana ka'umsa godhachuun qorataanis, jalqaba odeeffannoo kanaaf kallattiin barbaachisu asoosama *Ededa* dubbisuun adda baase. Kunis, kan ta'eef qorannoon kun irra caala kallattiin kan ilaallatu kitaaba dhihaate gadi fageenyaan dubbisuun adda baasuun qorannoo adeemsisuuf waan ta'eefi.

Bu'uuruma kanaan, qorannoo kana geggeessuuf, kitaaba asoosamaa qorannichi irratti geggeeffame sirriitti dubbisuun erga hubatamee, kaayyoo qorannichaa irratti hunda'uun xiyyeeffannoo yaadxinni bifiyyeen asoosamicha adda baasuun qoqqooduu, yaadxina filatame kana bu'uureffachuun xiinxaluu, ibsuu (addeessuu) fi hiikuun maloota hojiirra oolaniidha. Ragaaleenis bifa himamsaan (ibsaan) kan xiinxalamanidha. Sababni isaas, qorannoo kanaaf ragaaleen kitaaba barreeffamerraa walitti kan funaanamaniifi odeeffannoowwan argamanis bifa jechaan kan xiinxalaman waan ta'aniifidha.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSAAFI HIIKA RAGAALEE

## 4.0. Cuunfaa Jaargocha Asoosama Ededa

Asoosamni Ededa Alamuu Goobanaatiin Bara 2021tti, fuula 309 qabatee kan barreeffameedha. Cuunfaan jaargocha isaas haala itti aanu kanaan dhiyaatee jira.

Namfakkiin muummee asoosama kanaa Bisingeedha. Bisingeen, suluula laga Abbayyaa ganda Yaaballoo keessatti dhalatte. Uumamaan bilchina sammuu waan qabduuf hawwaasa keessatti fudhatama qabdi. Sababa kana ta'eef, obboleessi ishee Ittuun maaf nacaalaa hawaasa kana keessatti fudhatama argatte jedhee yaada gaarii hin qabuuf. Naannoo isheen keessatti dhalatte kun mana barumsaafi gabaa waan hin qabneef, namoonni bilchina ishee beekan utuu gabaa Diimaa deemtee, hawaasa sanaan wal bartee, mana barumsaa isaaniitti barachuun bilchina uumamaan qabdu kana gabbiffatte, uummata sanaaf furmaata ta'uu akka dandeessu yaada dhiyeessaniif. Namoota yaada dhiyeessan keessa Waacilaan isa tokko ture, innis akkaas jedheen, ati otoo dhiibbaa Aadaafi rakkoo ilaalchaa ganda kanatti hidhee si qabee, addunyaa tulluuwwan kana duuba jiru akka hin agarre si daangesse kana cabsitee irra aantee kan jedhu ture. Yaanni kun Bisingeen akka isheen dhimma sanaaf itti yaaduu jalqabdu kan taasiseedha. Kanaaf, kun ka'uumsa jargoocha asoosama kanaati.

Maatiin ishee keessuma obboleessi ishee Ittuun isa namoonni kun argaan yoo argite nurkaa baatii jedhanii waan amananiif Gabaa kana deemtee arguu isheef fedhii hin qaban. Abbaafi haati ishee sodaa qabaan irra ka'ani akka isheen hiriyoota ishee waliin gabaa Diimaatti deddeebitu murteessan. Bisingeen, yeroo gabaa sanatti deddeebitu, mana barumsaa Lalisaa jedhamu bira dabartee waan deemtuuf, jaalala hawwasichaafi Zuuquloo biratti jaalalli barumsaa itti dabalamuun akkamitti barachuu akka qabdu itti yaaduutti kaate.Yaanni kun tumsa jaargoocha asoosama kana kan agarsiisuudha.

Bisingeen kana booda waan hundaa dhiftee Ijoolleefi abbaa manashee waliin taa'uu murteessitus, waadan yeroo ijoollummaa, qabsoo isheen hiriyoota ishee waliin jalqabde, gargaar ba'iinsi uummata Diimaafi uummata Gumuuz boqonnaa waan dhowweef, achumatti hawwaasa naannoo keessa jiraattu sana ijaaruutti kaate.

Bisingeen akkuma waada galtee, waa bittee gurguraa akkaata kaayyoo isheef mijatuutti Qeerroofi Qarree ijaaruutti kaate. Keessuma dargaggoota kolleejjii adda addaa irra

eebbifamanii hojii dhabuun Waldaan gurma'aani qonnaa irraatti ijaaramani hojjetaan sana waliin wal baruun sochii isheef baay'ee haala mijeesse. Obsaan, bakka Bisingeen jirtu gaafa baree jedhu, iddoo hunda isaaniif giddugaleessa ta'e Baloo Jaagamiitt, Ganduubee isa qabsoo Bisingeen dhiifte dhufte ogganuufa waliin akka wal arganiif xalayyaa bareesse. Bisingeen, ijoollee naannoo jirtuu qindeeffatte jirtu waliin waamicha sana irratti Baloo Jaagamaatti wal arguun, dhimma uummata Diimaafi Gumuuz irratti erga mari'atanii booda akka waligalaatti walitti qabama sana nama ogganu Bisingee filataan. Yaadoonni kun kan agarsiisaan yeroo jaargochi asoosama kana sadarkaa finiinaa irra ga'eedha.

Bisingeen, biyyan keessa jiraadhu keessa kanaan ba'eef dhiiga warra Diimaa hin ilaalu jedheeni, amma garuu kan isaani argurrayyuu darbee mana kooyyuu galeera waan ta'eef, achuma deebi'een abbaakoo kunuunsaa, warra qabsa'aa jiranitti dabalamuun kaayyoon koo akka galma ga'uuf cimsee qabsa'aa jettee murteessite. Bisingeen asifachi ilaaltee nama wa'ee haala biyyi sun keessa jiru itti himu barbaadde argatte. Innis, ammaaf callifamee akka jiru, garuu qabsoon ammayyu akaa hafee jiru itti hime. Yaadoonni kun ammo kan agarsiisaan yeroo jaargoochi asoosama kana gara sigigaannaatti dhufaa jiru kan agarsiisuudha.

Bisingeen, gaafa Obsaa iyyaafattu, qabsoo karaa nagaa yaalee dadhabee, baasuu dinnaan akka Bosonatti galee hidhannoon falmachaa jiru odeeffatte. Itti dabaluun, tulluu mana barumsaa Lalisaatti ol baatee, ijoollee Dhidheessa gamaaf yoo bilbiltu, Yaasiniifi Hinsarmuun qabsoo bosonaatti makamanii akka jiraan, Beekaafi Bulchaan isa karaa nagaa finiinsa akka jiraan qulqulleeffatte. Kana booda, gara uummata keessa dhalatteetti deebitee haalli qabsoo isaani jijjiramuu akka qabu hubachiiftee akkasumaas, gara maatii isheetti deebitee Abbaa Manaafi Ijoolle Isheetti nagaa dhaamtee, namoota mana ishee cina dhaabatanii eegan waliin qabsoo hidhannoon falmachuuf deemsa isaani kallattii malkaa kollicheen itti fufaan. Yaadoonni kun furmaata jaargocha asoosama kana kan agrsiisuudha.

### 4.1. Xiinxala Sadarkaa Ijaarsa Jaargocha Asoosama Filatamee

Jaargochi, ijaarsa gochoota kan sababaaf bu'aa of keessatti qabatuudha. Sababaaf bu'aan jaargocha tokkoof baay'ee barbaachisaadha. Sababootaafi bu'aaleen namfakkoonni keessa darbaan, keessumattuu namfakkiin ol'aanaan keessa darbutu jaargocha tokko ijaara. Jaargochi tokko jalqaba kaasee hanga dhumaatti sadarkaalee adda addaa qaba (Pughfi

Margaret, 2014). Haaluma kanaan, sadarkaalee jaargochi asoosama *Ededa* of keessatti hammate jiru haala armaan gadiin xiinxalamanii dhiyaataniiru.

### 4.1.1. Xiinxala Maddaa Yookaan Ka'umsa (Exposition) Jaargocha Asoosamichaa

Maddi, iddoo seenaan tokko itti jalqabu, yaada ka'umsaa yookiin iddoo itti barreessaan odeeffannoo dugda duubaa itti dhiheessu, waltajjii qindeessu, haala mijeeessu, bakka namfakkiiwwaniifi waldiddaan uumamuu danda'u itti beeksifamanidha. Kanaaf, maddi asoosama *Ededa* akka itti aanutti dhiyaate xiinxalameera.

> Ati otoo dhiibbaa Aadaafi rakkoo ilaalchaa, ganda kanatti hidhee si qabee, addunyaa tulluuwwan kana duuba jiru akka hin agarre si daangesse kana cabsitee irra aantee, Barumsaan ijakee banattee, kennaa waa hubachuu, dandeettii waan itti amante hojjechuu Uumamni si badhaase kanaas beekumsaan gabbifattee, akka Uummanni keenya bowwaa boodatti hafinsaa, jireenya hiyyummaafi gadadoo kana keessa ba'ee, Uummattoota biro teessuma lafaanis ta'e sadarkaa jireenyaa isaatti dhiyoo jiraan kanaan qunnamtii isaa cimsatee, hariiroo isaa bareechatee tokkoomee dhaabbachuun, mallattoo boodatti hafiinsa ta'ee mul'achuu keessaa ba'ee, biyya wal qixxummaafi qabeenyi keessatti dagaagee keessa jiraachuun, jireenya fooyya'e akka jiraate taasisuu keessatti, nama adda durummaan, akka Urjii Ifa xiqqoo dhaloota kaanitti agarsiiftee, daandii gara qaroominaatti ceesisu irraa qajeelchuu keessatti ga'ee guddaa kan gumaachitu taata jedhe Waacilaan (f. 9).

Hafeen kun asoosama filatame kana keessa kan fudhatameedha. Yaanni hafee fudhate kanaa kan ibsu, maddi asoosama kanaa bifa haala jireenya namfakkii muummee ibsuun dhiyaachuu isaa kan agarsiisuudha. Kana jechuun, asoosaan ka'umsa asoosamicha haala qabatamaa jiruun wal qabsiisee dhiyeessuuf qabatamaa jireenya namfakkii muummeen keessa jiraattuun wal qabsiisuun kan ibseedha. Ibsa kana keessatti immoo namoonni adda addaa haala qabatamaa Bisingeen keessa jiraattu irratti hunda'uu akka isheen dhimma sanaaf xiyyeeffannoo laattee of kakaaftuuf yeroo isaan dhiibbaa irratti uuman yaanni kun ni agarsiisa. Crimson (2012, f. 60) "Exposition is introduction and establishment of the character, setting and stuation" jedha. Kanaaf, ka'umsi jaargocha asoosama kanaan haala qabatamaa jireenya dhuunfaa namfakkii muummeefi hawaasa isheen keessa jiraattuun

qabatamaa godhee, hawwataa taasisuun miidhagina itti horee akka jiru xiinxalli kanaan hubatameera.

### 4.1.2. Xiinxala Tumsa/Dabaliinsa (Rising Action) Jaargocha Asoosamichaa

Tumsi, yookaan dabaliinsi, erga ka'umsa keessatti wanti hunduu eegalame ta'iiwwan achi keessatti argamaan bakka itti babal'ataa deemaniidha. Tumsi asoosama *Ededa* haala armaan gadiitiin dhiyaatee kan xiinxalameedha.

> Mana maatii Bisingeetti, galgala galgala akka duraanii haasaa gurratti tolu haasa'uun, mammaaksa durii walitti humuun hafee, wa'ee qalbiin ishee bakkee ilaaluu, qunnamtii isheen ijoollee ganda sana ba'anii barataniifi namoota gabaa qeellootti deddeebi'aan waliin gootu mata duree taasifachuun (f. 13).

> Bisingeen kan mana baate, akka isaan yaadanitti fagaatte baduuf yookaan of ajjeesuuf osoo hin taane, mana hiriyaa ishee fiixee ganda sana jiru tokko deemte, akkuma mana hiriyaa ishee sana geesseen, hiriyaan ishee sun, nama bakka adda addaa geessee waan adda addaa argitee jirtu waan taateef, wa'ee kanaa kaasani utuu haasa'aa jiranii, mucaan umurii waggaa lamaan ishee caaluu tokko dhufee dubbisuuf harka itti erge (f. 23).

Asoosama filatame kana keessaa yaanni hafee fudhatame kun kan agarsiisu, Tumsi asoosama kanaas, bifa waliigalteen dhiyaate kan jiruudha. Kunis, asoosaan tumsa asoosama kanaa bifa waliigalteen dhiyeessuuf namfakkiilee asoosamicha keessatti argamaan amaloota maatii keessatti mul'ataan kennuufiin akkaata itti maatiin tokko waliin mari'ataan godhee amala kana maatii kana gonfachiise jira. Kun immoo tumsi jaargoocha asoosama kana waligaltee irrattu rarrahuu isaafi bifa kanaan dhiyaachuun isaa immoo dafee hubatamuu ergaa asoosamichaafi hawwattummaa asoosamichaas daraan dabalee akka jiru xiinxala kanaan bira gahameera.

### 4.1.3. Xiinxala Finiina/Guutimiira (Climax) Jaargocha Asoosamichaa

Finiinsi, humnoonni walfalmaan lamaan keessaa tokko isa biro irratti yeroo ol'antummaa xumuraa argatuudha. Bakka yaadoonni nama dhiphisaan bantii itti qaqqabaniidha. Ragaan akka fakkeenyaatti asoosamicha keessa fudhatame haala armaan gadiitin dhiyaatee xiinxalameera.

> Rakkoo kana furuuf mala malee hunmi akka hin barbaachifne itti amananii, Jaarsolii ganda sana waamuun, akka Ittuun dhiifama gaafatee isheetti haraaramu dargaggoota ishee gargaaruuf jecha Ittuu waliin wal lolaniis waamsisanii akka walitti hararamaan godhaan. Tarkaanfiin isaani inni itti aanu maatii isaani amansiisanii, akka Bisingeen hiriyoota ishee waliin gabaa deemtu taasisuu ta'e (f. 35).

> Bisingeen manatti deebitee qophii deemsa ishee isa dhumaa qophii yaadaafi kan qaama gochuu eegalte. Kan guddisee ishee qore dhimma maatii ishee dhiistee isa dhumaaf addaan baatee deemuuti. Dhimma ulfaata akkasii yaadan buusanii baasanii murtoo irra ga'uun, waan hundaa caalaa ulfaata sababa ta'eef, kana waliin walfalmaa turtee, garaa ishee kutattee ba'uuf murtoo isa xumuraa irra geesseetti. galaa guyyoota muraasaaf isaan gargaaru icciitin mana warra waliin deemuuf ka'anii keessa iddoo tokkotti qophee ffatanii, galaa yeroo dheeraa, madda isaa uummata godhatanii qophaa'aniiru (f. 304).

Hafeen kun asoosama filatame kana keessa kan fudhatameedha. Asoosama filatame kana keessaa yaanni hafee fudhatame kun kan agarsiisu, finiinni asoosama kanaas, bifa waliigalteen dhiyaate kan jiruudha. Kunis, asoosaan finiina yookaan guutmiira  asoosama kanaa bifa waliigalteen dhiyeessuuf namfakkiilee asoosamicha keessatti argamaan amaloota jaarsolii hawaasa keessatti fudhatama qaban akkasumaas, jaarsolii namoota wal dhabaan walitti haraarsan kennuufiin akkasumaas, akkaata itti jaarsoliin namoota walitti haraarsan kanamalees, amala isaan agarsiisuu qabaan gonfachiise jira. Kun immoo, finiinni yookaan guutmiirri jaargoocha asoosama kana waligaltee irrattu rarrahuu isaafi bifa kanaan dhiyaachuun isaa immoo dafee hubatamuu ergaa asoosamichaaf akkasumaas, hawwattummaa asoosamichaas daraan dabalee akka jiru xiinxala kanaan bira gahameera.

Turco (1999, f. 42) "The climax, when protagonist and antagonist are pitted against one an other in a final effort. At this point the protagonist either over comes the antagonist and achieves the goal or the conflict is lost" jedha.

### 4.1.4. Xiinxala Sigigaannaa (Falling Achion) Jaargocha Asoosamichaa

Sigigaannaan, yaanni qalbii dubbisaa asoosamicha fiixeerra ga'ee rarraasa ture bakka itti gadi bu'aa deemuu eegaluudha. Ragaan akka fakkeenyatti asoosamicha keessa fudhatame akka itti aanutti xiinxalamee jira.

> Bisingeen tabba Gichowaatti dhiyaatte, karaan qaxxamuraa iddoo mana maatii isheetti fidee, kan isaan irra dhufaniin walitti dabalamuu irratti waacilaafaa waliin wal argatanii akkuma xiqqoo deemaniin, Ittuun hiriyoota isaa keessa kan ciccimoodha jedhamaan dabalatee, mataa mare, akkuma guyyaa tokko Bisingeen abjuudhan argite cirii baatee iddoo qabatee eeggate (f. 34).

> Maaltuu ta'e, hunda isaanii fixanimoo eenyu irra balaan ga'e, eenyuun waamu, eenyu koo itti ergadhu, wayyoo yaa abbaa ijoolleeko! du'aafi ajjeesuu lagadhu jedhee, nageenya barbaacha qe'ee keetii si baaseen bineensa si nyaachisee, ijoollee koo abbaa malee hanbisee? ammaan booda eessattan baqadha, eenyu wajjiin? ani si bira hafee hin jiraadhu, nama fayyaa fuudhee biyyaa baasee amma si awwaaleen deebi'ee biyyatti hin galu, mooji ijoollee kanaati malee anis daandii ati irra deemterra ni ka'a jette, isa qabsoo dheeraaf kakattee kaate dagattee, taatee ammaa kanaan abbaa manaakoo dhabeera jettee rifatte (ff. 225-226).

Asoosama filatame kana keessa hafeen fudhatame jiru kun yaanni isaa kan agarsiisu, sigigaanni bifa abdii kutannaa namfakkii muummeen uumamee jiraachuu isaa kan agarsiisuudha. Kunis, asoosaan yaada abdii kutachiisu agarsiisuuf, waldhabbilee namfakkilee gidduutti uumsisee namfakkileen muummee akka isheen abdii kutaattu kan taasiseedha. Taatee kana keessatti walitti bu'iinsi namfakkii muummeefi kanneen biro waliin taasifamuun akka jaargochi asoosama kana sigigaatu taasifameera. Kun immoo abdii kutannaa namfakkii muummeen jaargochi asoosama kana akka sigigaate kan agarsiisuufi asoosaan walitti bu'iinsa kanaan abdii kutachiisuun isaa haala qabatamaa hawaasa keessa jiruun qabatamummaafi hawwattummaa asoosamichaa daraan dabalee jiraachuu isaa xiinxala kanaan bira gahameera. Ehrenhaft (2010, f. 50) "Falling action is the result of conflict" jedha.

### 4.1.5. Xiinxala Furmaata Jaargocha Asoosamichaa

Furmaanni, bakka gochoonniifi ta'iwwan asoosamicha keessatti rawwatamaa turan itti hiikamanii waan tokko irra ga'aniidha. Fakkeenya akka ragaatti asoosamicha keessa fudhatame haala armaan gadiitin dhiyaatee xiinxalameera.

> Rakkoo kana kan furu, mala malee hunmi akka hin barbaachifne itti amananii, jaarsolii ganda sana waamuun, akka Ittuun dhiifama gaafatee isheetti haraaramuuf, dargaggoota ishee gargaaruuf jecha Ittuu waliin wal lolaniis waamsisanii akka walitti hararamaan godhaan. Tarkaanfiin isaani inni itti aanu maatii isaani amansiisanii, akka Bisingeen hiriyoota ishee waliin gabaa deemtu taasisuu ta'ee, kanaas dhamaate torbaan tokko booda galmaan ga'aan (f. 35).

*"*Bisingeen kan argiteefi kan hawwite hunda osoo hin taane, kan dendeesse bitattee, kan hafe sittaan deebia jettee ijaan nagaa itti dhaamte" (f. 54).

> Isheedhaaf guyyaan seena qabeettii, waamicha qabsoof deebii isa dhumaa laattu, guyyaa ittii nageenyyaafi biliisummaa uummata isheef jecha aarsaaf of dhiyeessitu, guyyaa isa dhumaaf ijoollee isheefi abbaa manaa ishee akka sana jaallattu irra addaan baatee, mana kan jedhamutti nagaa dhaamtee mana ishee bosona godhachuuf murteeffatte sun geessee, irriba kan jedhamuunis akka waan isa dhumaaf gargaar ba'uuf murteeffatteetti ija ishee lagannaan ilaalaa bulte,….nagaatti jaalalle koo! jaalala qabsoofi kan uummataatu jaalala kee caalee sirra nafudhatee nagaatti! ijoollekoo haadhaafi abbaa taatee akka guddistuu adaraa (ff. 304-305).

Hafeewwan kun asoosama filatame kana keessa kan fudhatamaniidha. Yaadoonni hafeewwan fudhatame kun agarsiisaan, furmaanni sadarkaa jaargocha asoosama filatame kanaa bifa fedhii namfakii muummee giddu galeessa godhateen furamee akka jiru yaanni agarsiisu jira. Kunis, asoosaan asoosamicha keessatti ergaa inni dabarsuu barbaade xiyyeeffannoo akka argatuuf akkasumaas, qaamni asoosama kana dubbisu ergaa isaa bifa salphaa ta'een akka hubatuuf fufmaata jaargocha asoosamichaa namfakkii muummeen wal qabsiisee furuu isaa yaanni agarsiisu jira. Kun immoo furmaanni asoosamichaa haala qabatamaa namfakkii muummee kan agarsiisuufi asoosaan bifa kanaan ibsuun isaa immoo ergaan isaa xiyyeeffannoo akka argatuufi dubbiftoota ofitti hawwachuuf akkasumaas,

hawwattummaa jaargocha asoosamichaafillee gumaacha akka godhe xiinxala kanaan hubatameera.

Walumaagalatti haalli ijaarsa sadarkaa jaargocha asoosama *Ededa* madda yookaan ka'umsa irra haga furmaataatti bu'a ba'ii namfakkii ol'aanaafi kanneen biroon keessa darbaan sababaafi bu'aan deggeree kana malees, xiyyeeffannoo ergaaf iddoo kennuuf furmaata jaargochichaaf namfakkii muummee giddu galeeffachuun dhiyeesseera. Akkata kanaan dhiyeessuun isaa immoo, akkaata ijaarsa jaargocha asoosamichaan hawwattummaa, qabatamummaafi ergaan asoosamichaa salphumatti akka hubatamu taasisuu isaa xiinxala kanaan bira gahaameera.

## 4.2. Xiinxala Namfakkiiwwaniifi Waldhabbii Asoosama Filatamee

### 4.2.1. Xiinxala Namfakkiilee Asoosamichaa

Asoosamni tokko barreeffame seenaan tokko rawwatamuuf, namfakkiiwwan jiraachuun dirqama. Namfakkiiwwan kun ga'ee asoosamicha keessatti qabaniin, akkaata uumama isaaniitin, gochaa isaan seenicha keessatti raawwataniin namfakkii muummeefi namfakkii xixxiqqoo jedhamanii bakka lamatti qoodamu (Melakneh, 2006).

Yaada waan kana deggeru kan, Wilcox and Rankin (1993, f. 89) jedhaan yummuu ilaallu, "The characters in any short story or novel initiate the action and develop the plot, asoon as this happens, we as readers, naturally begin to question the motives and personalities of the characters," jedhu. Haaluma kanaan, Namfakkiiwwan asoosama *Ededa* keessatti argamaan haalli uumama isaani akkaata armaan gadiitin dhiyaatani xiinxalamaniiru.

#### 4.2.1.1. Akkaataa Asoosaan Namfakkii Muummee Itti Kalaqe Yookaan Uume

Namfakkii muummee seenaa asoosamichaa keessatti iddowwaan hedduutti kan mul'atu ta'ee, seenichis irra caalaan kan isaan wal qabatuudha. Melakneh (2006, f. 47) "… A hero or heroine, often called the protagonist, which is the central character who engages the Readers interest and empathy. The antagonist is the character, force or collection of forces that stands directly opposed to the protagonist and gives rise to the conflict of the story" jedha. Namfakkiin muummee asoosama *Ededa* Bisingee Daanbeedha. Sababni isaas, iddoowwan hedduutti wa'een ishee osoo hin ka'iin hafee hin beeku. Bisingeen, haalli yookaan amalli isheen ittiin dhiyaatte; nama kutannoo qabdu, nama abdii hin kunne, nama jaalala namaaf qabdu, nama waada hin nyaanne, nama walqixxummaatti amantuufi nama namoota biratti

fudhatama qabduudha. Akkaata namfakkiin muummee kun itti dhiyaattes akka itti aanutti dhiyaatee xiinxalameera.

### A. Amala Kutannoo Gonfachiisuun Kalaqe

> Shamarreen kun haguma hacuccaafi to'annaan itti baay'ataa deemu, mana sana jibbaa, warra ishee akka gufuu jireenya ishee ta'aniitti ilaala deemte. Falli kanaa maal jettee of gaafatti. Falli isaa kutannoodhan haala kana cabsee keessa ba'uun, Tulluuwwan kana garaas kan jiru arguudha jettee murteeffatte (f. 14).

Hafee kana irra wanti hubatamu, namfakkii muummee barruu kana kan taate Bisingeen, yummuu acuuccaan itti baay'ataa deemuu isheen ammo kutannoo dhimma sana irratti qabdu itti dabalaa deemteedha. Kun ammo, amala nama kutannoo qabu kan agarsiisuudha. Kanaaf, asoosaan namfakkii muummee asoosama kana  amala nama kutannoo qabuu gonfachiisee jira. Kun immoo asoosaan namfakkii muummeef amala kana kennuufiin isaa qabatamummaa hawaasa keessa jiru waliin dhugummaa asoosamichaa mirkaneessuu isaa xiinxala kanaan bira gahaameera.

### B. Amala Arjummaa Gonfachiisuun Kalaqe

> Harka ishee Ijoollee Oromoof hiixattee hin nuffine Sana dirirsitee, kana qabadha! karaa kana irratti qormaata guddaatu isiin eeggata, akka karaafi akka baraa hin beekan jedhu mitiire, of eeggataa, odeeffataa deema! akka dargaggummaa gootanii maal dhibdiidhan wacaa wal bira hin ya'inaa! Rabbi isiin geggeessee, warra keessaniin isiin haa geessisu! jettee akka nama reeffa lafa ka'ee itti iyyuu, sagalee ol fuutee boo'aafii imimmaan ishee darbataa (ff. 222-223).

Wanti asoosamicha keessa qonxorame kun kan agarsiisu, Bisingeen yeroo isheen waanuma qabduun nama gargaartuudha. Kun ammo amala arjummaa qabaachuu ishee agrsiisa. Kanaaf, asoosaan namfakkii muummee asoosama kana amala nama arjummaa qabu gonfachiisee akka jiru wanti jiru wanti agarsiisu jira. Kun immoo asoosaan namfakkii muummee asoosama kanaaf amala kana kennuufiin isaa qabatamummaa hawaasa keessa jiruun dhugummaa asoosamichaa daraan akka dabale xiinxala kanaan hubatameera.

### C. Amala Nama Waadaa Hin Nyaannee Gonfachiisuun Kalaqe

> Waamichi kun waamicha seenaa, kan qabsoo Uummataa, waamicha waadan kaleessa galee, isaafis haarsa kaffalaa as ga'eeti malee, kan hiriyootakoo muraasa miti. Kanaaf seenaatu na waamee, uummanni natti dhaamee jennaan maal jedheen hafa? Kun qaama haarsaa ani kaffaluuf waada gale sababa ta'eef akkaminaan dheessa (f. 207).

Hafeen kun ammo kan agarsiisu, Bisingeen nama waadaa hin nyaanne, akkasumaas nama waada eegdu ta'uu ishee kan agarsiisuudha. Kana jechuun, yeroo isheen hawaasa ishee keessatti walitti bu'iinsa argame kana taa'ee hin ilaalu jettee, Dhidheessa gamatti deemte, Obsaafi Ganduubeen wal quunnamuun waan keessa turaan waliin wal qabsisuun yummuu isaan iddoo giddugaleessa ta'eetti wal argina jedhanii xalayyaa barreessaniif, Bisingeen kana hiriyoota kootu na waama utuu hin taane, seenaatu na waama jettee, waan jalqaba walii galaan sana eeguuf jettee lafa isaan jedhaan sanatti wal argitee, kallattii isaani gara fuula duraa irratti waliin mari'ataan. Kun ammo, kan agarsiisuu amala nama waada eeguu ta'uu isaati. Kanaaf, asoosaan amala kana namfakkii muummeef kennuun isaas hawwattummaa asoosamichaa dabalee akka jiru xiinxalichaan bira gahaameera.

### D. Amala Nama Wal Qixxummaatti Amanu Gonfachiisuun Kalaqe

> Ati Waaqayyoo akkam si jaallata? jaalala namaa siif kennee, addatti ijoolle Oromoo akka jaallattuuf ilaalcha qajeela sii badhaase si uume. Keessuma akkamitti uummata keenya akkas jaallattee waliin makamtee jiraatte? jedhe Beekaan. Nutis Nama. Isinis Nama, hundi keenya nama. Nama ta'uun keenya qofti wal nu jaallachiisa. Egaa bineensi as jiraaree amma? egaa utuu wal hin barree ati as bultaaree? animmoo biyya Oromoo dhaqeen kabajamee, kunuunfamee galaa ree? walitti firoomanii daandii jireenya ofii bal'ifatu, karaa isaa qajeelfatu malee (ff. 202-203).

Hafeen kun kan agarsiisuu, Bisingeen nama walqixxummaatti amantu, nama namni nama ta'uu isaan walitti dhiyaatee waliin jiraachuu akka qabu. Kana jechuun, Bisingeen yeroo isheen naannoo Dhidheessaa turte sana, ijoollee hojii barbaachaaf naannoo sana dhufanii qonnaa qotaa turaan sana yummuu isheen kallatti adda addaan bira dhaabbattu, gochaa ishee dinqisifatanii yummuu isaan gaafataan, ilaalcha walqixxummaatti amanuu ishee yummuu isheen ibsituuf, dubbii ishee kana irra dhaabbatanii namoonni isheen ibsiteef ilaalcha wal qixxummaa qabaachuu ishee yeroo isaan dinqisifataniidha. Kun immoo illaalcha walqixxummaatti amanuu ishee kan agarsiissudha. Kanaaf, asoosaan namfakkii muummee

asoosama kanaaf ammala nama walqixxummaatti amanuu kennameefi ergaa isaa akka dabarfate, bifa kanaan ergaa isaa dabarfachuun isaa immoo hubannaa ergaa asoosamichaaf hawwattummaa akka dabale xiinxala kanaan bira gahaameera.

Walumagalatti asoosaan, haala kanaan namfakkii muummee dhiyeessuun isaa qabatamummaa hawwaasa keessa jiruun wal qabsiisee hawwattummaa asoosamichaa daraan akka dabale kana malees, miidhagina asoosamichaas akka finiinse xiinxala kanaan bira gahamee jira.

#### 4.2.1.2. Akkaataa Asoosaan Namfakkiiwwan Xixiqqoo Itti Kalaqe Yookaan Uume

Asoosama tokko keessatti warreen namfakkiiwwan xixiqqoo jedhamaan kanneen ga'ee muraasa qabaniidha. Namfakkiiwwan kunneen battaluma seenicha keessatti hirmaachuu jalqabaniin eenyummaafi maalummaan isaani baramuudha. Namfakkiiwwan xixiqqaa asoosama kana keessatti argamaan: Daanbee, Doosonaa, Ittuu, Zuuquloo, Waacilaa, Jaallataa, Obsaa, Obbo Gammadaa, Niinaa, Ganduubee, Beekaa, Bal'inaa, Hinsarmuu, Yaasiin, Moomiinaa, Bulchaa, Obbo Baakuree, Bakaree, Shimaaloo, Zuudoo, Najuu fa'a maqaa dha'uun ni danda'ama. Namfakkiiwwan xixiqqoon kun asoosamicha keessatti amalaafi bifa akkamiin bocamanii akka dhiyaatan haala itti aanu kanaan dhiyaatanii xiinxalamaniidha.

**A. Zuuquloo, Amala Gara Laafina Qabaachisuun Kan Kalaqeedha**

"Zuuquloon garuu yaadaan malee qaamaan itti siquu saalfatee irra siqee ilaala, yummuu isheen gufattee gatantartu otoo hin se'iin kan isa dura sagalee dhageessisu hin turre" (f. 47).

Yaada hafee fudhatame kana irra wanti hubatamu, Asoosaan namfakkii kana amala nama gara laafina qabuu gonfachisuu isaati. Kunis, asoosaan asoosama kana keessatti namfakkiilee keessa isa tokko amala nama gara laafina qabuu gonfachiise jira. Kun immoo hawaasa keessa amalli adda addaa akka jiru kan agarsiisuufi akkaata kanna dhiyeessuun isaa immoo qabatamummaa asoosamichaa dabaluu isaa xiinxallii kanaan hubatameera.

**B. Ittuu, Amala Inaaffaafi Basaasummaa Qabachisuun Kan Kalaqeedha**

“Kan ishee basaasu, kan arge dhaga’ee fidee warratti hasaasu obboleessa ishee isa maaliif isheen ana caalaa uummata ganda kanaa biratti fudhatama godhattee? Namni maqaa ishee dhaha jedhee ija isaa inaaffiin da’ame Ittuudha” (f. 14).

“Obboleessi ishee Ittuun, si’oomina irratti mul’ate kan hubate, yummuu isheen gara mana hiriyoota isheetti deddeebitus argee warratti himee, hordoffii itti cimsuus, isheen qophii ishee daqiiqaa tokkofillee otoo hin dagatiin itti fuftee, sa’atiitti murteessitu sana eeggatte” (f. 17).

Hafee kana irra wanti hubatamu, Asoosaan namfakkii kana duraa duubaan amala inaaffaafi basaasummaa kenneefii kan jiruudha. Kana wanti agarsiisu ammo, Ittuun yeroo Bisingeen mana baatee gara hiriyoota ishee deemtu waan isheen hin godhiin hedduu isaa itti dabalee maatii isheetti hima. Kana kan godhuuf ammo akkaa isaan ishee jibbanii isa jaallataan barbaadeeti. Kana malees, utuu isheen bira hin jiraatiin wa’ee ishee dhugaarra kan fagaate maatiitti himuun isaa amala basaasummaa qabaachuu isaa kan agarsiisuudha. Kun immoo asoosaan namfakkii tokko amala lama gonfachiisee dhiyeessuun isaa dhugummaa hawaasa keessa jiruun hawwattummaa asoosamichaa akka dabale xiinxala kanaan bira gahaameera.

### C. Waacilaa, Amala Nama Seenaa Beekuu Qabaachisuun Kan Kalaqeedha

“Waacilaan sagalee isaa ciratee, afeeramuu isaaf galata erga dhiyeesse booda, akkana jedhee, hidda dhaloota uummatichaa irra kaasee, seenaafi aada isaa gabaabsee ibsuu jalqabe” (f. 69).

Hafee kana irra wanti hubatamu, Asoosaan namfakkii kana amala nama seenaa sabaa gadi fageenyaan beekuu godhee kan kalaqeedha. Namni kun yummuu inni seena saba keessatti dhalatee gadi fageenyaan uummata Diimaa iddoo tokkotti walitti qabamanii jiraniif waan sabni sun keessa jiru isaaniif ibsuudha. Kun immoo asoosaan amala kana namfakii kanaaf kennee dhiyeessuun isaa namani seenaa saba beeku hawaasa keessa jiraachuu isaa, kun immoo dhugummaa hawaasa keessa jiruun miidhagummaa asoosamichaa dabalee akka jiru xiinxala kanaan hubatameera.

### D. Dosonaa, Amala Nama Shira Xaxuu Qabaachisuun Kan Kalaqeedha

“Haati ishee aadde Dosonaan, amma illee gufuu karaa irraa hin maqiin jiru itti ta’uun, harka jiifatanii jabeessanii qabatan. Ati mucaa kee kana lafa buustee, nuun bowwaa yaaddoo keessatti darbattee, qabsoo jettee balbala kana hin geessu” (f. 145).

"Gurbaa qabame sana warri qabe uleedhan gargaaramaa akka poolisiitti oggaa qorataan, kan inni kana raawwate humnaan butee ishee fuudhuuf akka turee fi kanas kan qindeesse bakka isheen jirtu barbaadani iitti ergaan Ittuufi Haadha isaa akka ta'e ifa baasee hime" (f. 114).

Wanti asoosama filatame kana keessa qonxorame kun kan agarsiisuu, amala namfakkii kanaa nama shira xaxu godhee kan dhiyeesseedha. Kunis, asoosaan asoosamicha keessatti namfakkiif amala qabatamaa hawaasa keessa jiruun wal qabsiisee akka dhiyeesseedha. Kun immoo haala qabatamaa hawaasa keessa jiruun dhugummaa asoosamichaa daraan akka mirkaneesse xiinxala kanaan hubatameera.

Dimshaashumatti namfakkiiwwan xixiqqoo ilaalchisuun wanti asoosama filatame kana keessa fudhatamani xiinxalamaan kan agarsiisan, asoosaan namfakkiileewwan kanaf amaloota adda addaa kennuufin ergaa isaa dabarfatee akka jiruudha. haala kanaan namfakkiiwwan kana dhiyeessuun isaa qabatamummaa hawwaasa keessa jiruun wal qabsiisee hawwattummaa asoosamichaa kan dabale akkasumaas, amalawwan hawaasa keessatti yeroo ballinaan mul'ataan namfakkiiwwan gara garaa kan gonfachiisee kana malees, namfakkiima tokka amala adda addaa gonfachiisuun asoosama kana keessatti ballinaa kan mul'ateefi akkata kanaan mul'achuun isaa immoo miidhagina, qabatamummaa, hawwattummaafi jaallatamummaa asoosamichaaf gumaacha akka inni godhe xiinxala kanaan bira gahaameera,

### 4.2.2. Xiinxala Waldhabbii Asoosamichaa

Waldhabbiin, namoonni yaadaafi gochaan faallaa walii ta`anii yoo wal morman akkasumaas, walfalmii humnoota faallaa ta`aan lama gidduutti humnan uumamuudha. Waldhabbiin kan keessaafi kan alaa yommuu jedhaman, asoosama *Ededa* keessatti kan argamu waldhabbii alaati. Waldhabbiin alaa, kan namoonni Addunyaa Asoosama, uumama naannoo isaanii waliin walitti bu`aniidha. Waldhabbiin asoosama *Ededa* keessatti mul'ataan; waldidhabbii uumama waliiniifi namaaf namaati. Warreen kunis itti aanuun asoosamicha keessa fudhatamani xiinxalamani jiru.

#### 4.2.2.1. Xiinxala Waldhabbii Uumaama Waliin

Barreessaan asoosama tokko, haala naannoo isaa bareechee yoo ibsu, hariiroo namfakkiileefi uumama naannoo bu`uura taasifata. Kana keessatti, namfakkiilee fedhii adda addaa qaban irraan kan ka`e uumama naannoo isaanii waliin walitti ni bu'a. Kun immoo wal dhabbii

uumamaa jedhama. Bifti waldhabbiin kun asoosama kana keessatti baay’inaan mul’achuu baatus bakka muraasatti ni mul’ata. Hafee itti aanuu kana yummuu ilaallu,

> Tulluu Gichowaa isa gurraacha’ee faara badee, dafqa isaanii dhuguuf qopha’ee eeggatu sanaas halaala irratti arguu jalqabaniiru. Gartuun Ittuu gogeessa tokko keessa yummuu ga’uu fooliin ajawwaa raqa raqa jedhu tokko qilleensaan makamee dhufee, Afaaniifi Funyaanitti isaan guute. Jaallataan afaan isaa qabatee, akka hin balaqamne ittisuuf yaalaa, maali inni akkana ajaa’u? jedhee sagalee ol kaasee. Waacilaan humna ol kolfee, kolfa isaa to’achuuf yaala, kun haafuura Gammoojjiiti malee nutu hafuura ajaa’u sitti baafate miti obsi! isheen atii nyaataa turte akka haramtee si keessa hin baane jabeessi qabadhu! kan sitti aja’ee bineensa xixiqqoo sanyii Goondaa, Ganduuleessa jedhamuudha (f. 42).

Hafeen fudhatame kun asoosamicha keessa kan fudhatameedha. Yaanni hafee fudhatame kanaa kan agarsiisu, Asoosaan namfakkiilee asoosamicha keessatti argamaan yummuu inni uumama waliin wal dhabsiisun ergaa isaa dabarsutu mul’ata. Kun kan agarsiisu immoo ergaa isaa hawaasa keessatti xiyyeffannoo akka argatuuf, namfakkiilee kana karaa baratamaa ta’een waldhabsiisee jira. Waldhabbii kana keessatti immoo kallattii baratamaa ta’een walitti bu’iinsa kana uumuun, ergaa isaa dabarsuuf tattaaffii akka inni godheetu goobanee mullata. Kun immoo kallattii baratamaa ta’een yookaan hawaasa keessatti fudhatama qabuun namfakkiileen asoosamicha keessatti argamaan waldhabuu isaanii kan agarsiisuufi aoosaan akkaata baratame kanaan namfakkiilee waldhabsiisee ergaa isaa dabarfachuun immoo qabatamummaa hawaasa keessa jiruun dhugymmaa asoosamichaaf beekamtii akkka kenne xiinxala kanaan bira gahaamee kan jiruudha.

Yaada Toora interneetii, Webster`s unabridged Dictionary jedhamu irra fudhatame yoo ilaalle, Namootaafi qilleensa uumamaa gidduutti walitti bu`iinsi ni uumama. Namoonni naannoo adda addaa keessatti, gosoota qilleensa adda addaa keessa jiraatu. Haalli qilleensa inni dura jiru jijjiiramee inni biroon haala jireenya irratti jijjiirama yoo kan fidu ta`e walitti bu`iinsi namaafi uumama naannoo faana ni uumama.

#### 4.2.2.2. Xiinxala Waldhabbii Namaaf Namaa

Asoosama kana keessatti waldhabbiin namfakkiiwwan gidduutti sababa adda addaa irraan kan ka’e uumameera. Waldhabbiiwwan kun akka itti aanuutti dhiyaatanii xiinxalamaniiru.

**A. Waldhabbii Bisingeefi Maatii Ishee Gidduutti Uumame**

Wal dhabbiin Bisingeefi maatii gidduu isheetti uumamee hafee kana keessa fudhatamee akkaa itti aanutti dhiyaatee xiinxalameera.

> Bisingeenis, ani maaliif akka isiin hundi natti fe’amtanii, hiriyyaa koo biraa na hanbisuun, mana kana keessatti hiitanii na ka’uuf natti duultaan naaf hin galu, haalli kun akka ani isiniif mana keessan kana qofaa osoo hin taane, naannoon itti dhaladhe kana illee jibbee keessaa baqadhu na taasisaa jira. Garmalee jabeessanii yoo harkisan funyoonuu ni cita akkuma jedhamu, hacuuccaafi hordoffiin garmalee kun, kan caaluu akka ani mana kana dhiisee bahuuf kutannoo natti hora malee, as keessatti hidhee na hin hanbisu, ani ammaan booda kana naaf godha jedhee isiin hin gaafadhu yeroo mataa kootti karaa na baasuun asii bahuun yaala, yoo hawwiin koo fiixaan naaf ba’e, Sulula kana keessa ba’een jireenya garaas jiru yoo xiqqaate illee Gabaa hiriyoonni koo argaan arguuf yaala. Yoo kana hundaaf karaan natti cufatte, asumatti tarkaanfii mataa kiyya of irratti fudhadha jettee yaada qabdu itti gabaabsitee itti fulchite (ff. 21-22).

Hafeen kun asoosama filatame kana keessa kan fudhatameedha. Yaanni hafee ffudhatamee kun kan agarsiisu, namfakkiiwwan asoosamicha keessatti argamaan yummuu isaan walitti bu’aniidha. Kunis, asoosamicha keessatti ergaa isaa karaa baratamaa ta’een dabarfachuuf akkaata kanaan namfakkiilee wal dhabsiisee jira. Waldhabbii namfakkiileefi namfakkiilee gidduutti uumame kunis, dhugaadhuma hawaasa keessa jiruun wal qabsiisuun ergaa isaa kan dabarfateedha. Kun immoo haala qabatamaa hawaasa keessa jiruun dhugummaa asoosamichaaf daraan mirkaneessuu isaa kan agarsiiseefi asoosaan namfakkiiwwan kana kallattii kanaan waldhabsiisuun isaa asoosamichi bifa hawwataa ta’een akkaa inni dhiyaate taasisuu isaa xiinxallii kanaan bira gahameera. Fedhasaa (2019, f. 108) “Waldhabbii alaa keessaatti namoonni addunyaa asooma jiraachuuf yookaan yaada isaanii wal fudhachiisuuf jecha namoota naanno isaani jiraatan waliin mormii uuma” jedha.

### B. Waldhabbii Waacilaafi Ittuu Gidduutti Taasifame

Namfakkii muummee asoosama kana kan taate Bisingeen yummuu isheen Waacilaafi Zuuquloo waliin Gabaa Diimaa deemuuf karaa irra bu'aan, Ittuun kara irra dhaabbatee eeguun isaan gidduutti waldhabbiin uumame akka itti aanu kanatti dhiyaatee xiinxalameera.

> Achitti Waacilaa faana baay'ee wal wallaansani. Kan obboleetti koo koratee fuudhee deemuuf ka'e si'iidha jedhee isuma irratti xiyyeeffatee oggaa inni Waacilaa guddaa miidhu, Bisingeen boodaan gortee, dhadhaabbate ishee humnaan, haarii yeroo dheeraa irra madden Ittuu dhooftee humnaan of irra gadi teessifte. Ittuun achii ka'ee humnaan irree ishee qabatee kan ana irra itti aanee, obboleettii kiyyaa narraa fudhatee deemuu barbaadu haadhufu jedhee harkifatee qajeele (f. 34).

Yaanni hafee asoosama filatame kana irra hubatamu, namfakkiiwwan asoosamicha keessatti argamaan wal dhabsiisuun ergaan isaa bifa hubatamuu danda'uun dhiyeessuudha. Kunis, asoosamicha keessatti namfakkiileen kallattiilee adda addaan waldhabuun ergaan asoosamichaa yeroo isaan itti dabarfamaniicha. Kun immoo dubbistoonni asoosamichaa si'ayinaan akka dubbisaniif gumaachi isaa yaraa akka hin taaneefi asoosaan kallattii kanaan namfakkiilee wal dhabsiisuun isaa immoo miidhagina asoosamichaaf kennee akka jiru kanamalees, ergaan asoosamichaa ifaa taasisuuf gumaacha akka inni godhe xiixala kanaan bira gahaamee jira.

### C. Waldhabbii Zuuquloofi Namoota Bisingee Butuuf Jedhan Gidduutti Taasifame

Namfakkii muummee asoosama kanaa kan taate Bisingee yummuu namoonni butuuf jedhanitti wal dhabdee nama Bisingee jaallatuufi namoota ishee butuuf jedhaan gidduutti taasifame akka itti aanutti dhiyaatee xiinxalameera.

"Zuuquloon yummuu iyya dhaga'uu sagalee ishee addaan baafachuun isa hin dhibne. Bira ga'ee kan lafatti kuftee, ukkaamsamtee qabamtee jirtu Bisingee ta'uu ogguu argu; isa dugda ishee irra jilbeenfatee lafatti gadi qabee jiru dhahee irra galagalchuuf yeroo itti hin fudhanne" (f. 113).

Hafee asoosama filatame kana irra wanti hubatamu, namfakkiiwwan asoosamicha keessatti argamaan wal dhabsiisuun ergaan isaa bifa hubatamuu danda'uun dhiyeessuudha. Kunis,

asoosamicha keessatti namfakkiileen kallattiilee adda addaan waldhabuun ergaan asoosamichaa yeroo isaan itti miidhaginaan dabarfamaniidha. Kun immoo dubbistoonni asoosamichaa si'ayinaan akka dubbisaniif gumaachi isaa yaraa akka hin taaneefi asoosaan kallattii kanaan namfakkiilee wal dhabsiisuun isaa immoo miidhagina asoosamichaaf kennee akka jiru kanamalees, ergaan asoosamichaa ifaa taasisuuf gumaacha akka inni godhe xiixala kanaan hubatameera.

Egaan waldhabbii ilaalchisee, yaadoonni hafeewwan asoosama filatame kana keessa fudhatamani xiinxalamaan kun kan agarsiisaan, asoosaan gosoota wal dhabbii keessa waldhabbii alaatti gargaaramuu isa, waldhabbii alaa keessa ammo irra caalmaa wal dhabbii namaafi namaa kalaqee ergaa dabarfachuu barbaade dabarsee akka jiru, kun immoo ergaan asoosamichaa si'aahina akka hubatamuu, qabatamummaa, hawwattummaafi miidhagina asoosamichaa daraan akka dabale xiinxallii kanaan bira gahaameera.

## 4.3. Xiinxala Yoomessafi Ija Seeneessa Asoosama Filatamee

### 4.3.1. Xiinxala Yoomessa Asoosamichaa

Yoomeessi, jechoota yoomiifi eessa jedhamaan irra kan ijaramaniidha. Jechi yoom jedhu yeroo wajjiin, jechi eessa jedhu immoo bakka yookaan iddoo wajjiin kan walitti hidhamuudha. Yeroon haala hawwaasummaatiinis walqabata. Bara dhimmi sun raawwatame keessa hawaasni haala akkamii keessa akka ture irraa hubanna. Kana jechuun, Yoomessi Asoosama yeroofi bakka qofaan kan hin daangeffamne ta`uu isaati. Kanaaf, asoosama keessatti yoomeessi bala'aa yoo ta'eeyyuu xiinxala kanaan warren kana sadan qofti kan ilaalamaniidha. Warren kunis, yeroo, bakkaafi hawaasummaadha.

Yaada kana Fedhasaan (2019, f.94) yoo ibsu, "Yeroon kallattiifi alkallattiin kan ibsamu yommuu ta`u, jaarraa dhimmi suni irratti xiyyeeffatuun walqabatee, haala hawaasummaan kaasa. Bakki immoo, naannoo seenaan suni itti raawwate ilaallata. Sana duukaa haala teessuma lafaa, haala qilleensa naannoo faa ni hammata" jedha. Kun kan agarsiisuu, Yeroon kallattiin yommuu ibsamu, ganama, galgala, halkan, bara akkasiifi kan kana fakkaatan yoo ta`an, karaa alkallattii immoo taatee yeroo ta`e keessa raawatameen kan wal qabsiisu ta`uu isaati.

#### 4.3.1.1. Xiinxala Yeroo Asoosamichaa

Yeroon, Bara yookaan Bara seenawaa namfakkiiwwan seenicha keessatti argamaan sun itti jiraatan, bara seenaan asoosamicha keessatti ibsame, itti dalagame, tibba yookaan waqtiilee seenaan asoosamichaa ittiin dalagamefi namfakkiiwwan keessa jiraatan, Akkasumaas, guyyaa yookaan halkaan seenichi itti dalagame hunda of keessatti hammata. Kanaaf, yeroon asoosama *Ededa* keessa jiran keessaa muraasni akka itti aanaan kanatti xiinxalamee jira.

> Gaafa **Roobii waaree booda** Haadha isheetti siqxee itti hirkatte teessee, sagalee laaffisattee, haadhakoo! isaan ammaan dura qalbiikee jeeqaa tureef dhiifama naaf godhi! garuu **fuula duratti** waanan hojjedhu hunda si'iin mari'adhee malee hin deemu. Isa ofiikee Gabaa deemtee kan na barbaachisu bituuf murteessite sana gaariidha itti adeemi! kan ati naaf filatteen fudha! **har'a** garuu deemeen, mana hiriyaakoo ishee ebeluu jedhamtu sana bira hasa'aa **buleen**, sammuu koo haaromsadhee, jabaadhee siif deebi'a (f. 32).

"Amma **Aduun dhiitee**, lafti **dimimmisee**, Ganda Oromoo Urnaa jedhamutti ba'aan. Namoonni isaani warri jajjaboon **guyyaadhan** qe'ee Orommotti ba'aan, ganda Abba Michuu isaanii Lootuu, Lalisaafi Dommaantoo jedhamanitti qoqqodamanii deemaniiru" (f. 48).

"**Barii Dilbataa** Jaallataa waamanii, oyiruu warra obsaa keessa gaaddisa mukaa tokko jala dhakaa butatanii, baala buufatanii ta'aan. Obsaan gaaddisa muka kanaa Mana Barumsa Bu'uuraa Aadaafi Seenaa Uummattoota lamaanii jennee ha moggaasnu jedhee kolfaa jalqabe" (f. 69).

> **Bara Darguu** hacuuccaan warra abbaa lafaa nurra kufee, iji keenya yeroof banamee, sodaafi yaaddon jiraachuun amma tokko nurraa xiqqaatee, garba jedhamanii gurguramuun hafee ture. Garuu erga garbummaan hafee jedhamees, Uummattoota Sabaaf Sab-lammiilee hunda waliin deebinee garbummaa bifa jijjirrate jalatti yoo kufnes, **jalqaba sirna sanaa** irratti akka namaatti illalamnee, gandaan gurmoofnee guutuu ta'uu baatuus, mirga namummaa keenya haga tokko shaakaluun, nama of keessa filannee, ittiin buluu eegallee turre (f. 87).

Hafeewwan kun asoosama filatame keessa kan fudhatameedha. Jechoonni hafee kana keessa gurraacheffamaan kunis, asoosamicha keessatti yoomeessi yeroo calaqqimamuu isaa kan

agarsiisuudha. Asoosaan asoosamicha keessatti yaanni isaa akka hubatamuuf yoomeessa yeroo hawaasni hubachuuf hin rakkanne gargaarame. Kun immoo ergaa asoosamichaa hubachiisuuf akkasumaas, yoomeessoota hawaasa biraatti ifa galeessa ta'aan gargaaramuu isaafi akkaata kanaan gargaaramuun isaa immoo dafee hubatamuu ergaa asoosamichaaf daraan gumaacha akka godhe xiinxala kanaan bira gahaameera.

#### 4.3.1.2. Xiinxala Bakka Asoosamichaa

Bakki, iddoo seenichi itti raawwatameefi namfakkiiwwan seenicha keessatti argamaan keessa jiraataniidha. Wantoonni bakka keessatti hammatamuu danda'aan: haala teessuma lafaa, uumama naannoo, mana jireenyaa, waajjira adda addaa, manneen barnoota, lafa gabaa, lafa bashannanaa, meeshaalee namoonni sun itti fayyadamaan, konkolaatawwan adda addaa, daandiwwanfaa ta'uu danda'u. Iddoon seenaan asoosamichaa itti rawwate keessa muraasni: Tabba Gichowaa, Gabaa Qeelloo, Urnaa, Mana Barumsaa Yaasoo, Yaaballoo maqaa dhahuun ni danda'am. Bakki seenaan asoosama *Ededa* itti rawwatamaan kunneen haala armaan gadiitin dhiyaatanii xiinxalamaniiru.

"Bisingee Daanbee, **Tabba Gichowaa** isa fiixeen isaa hurrii keessa bade dhaabbatu, hanga ishee qaqqabutti ol jettee ilaalte" (f. 7).

"Bisingeen **Suuluula Laga Abbayaa Ganda Yaaballoo** jedhamu keessatti dhalattee, wa'ee jiraachuufi dhiisuu addunyaa biro osoo hin beekiin, qaamaanis, hubannaanis achuma gidduutti daangoftee kan jiraattuudha" (f. 7).

Guyyaa tokko **Gabaa Qeelloo** oolanii, Ganda Obsaafatti galan, galgala otoo haasa'anii obsaan akkana jedhe, "isinis barii ka'uu dhiisaatii Dilbata borii wal bira oollee, haala yeroo kana waliin ilaalla!" jedhee wal amansiisan (f. 117).

Galaa isaanii nyaatanii, bishaan **Gammoojjii Dilallooftuu** sana irra buusuun laphee qabbaneeffatanii, akkuma xiqqoo boqotaniin ka'anii deemsa isaanii dhadhabsiisaafi nuffisiisaa sana itti fufan. Deemsa guyyaa afurii booda karaa Arjoo Dhidheessaa ce'anii, **Ganda Gumuuz** Suluula bishaannicha gama jiru ga'an (f. 167).

"Deemsa isaanii kallatti **Malkaa Kollicheen** itti fufanii, yummuu aduun ho'uu jalqabu, Malkicha bira ga'aanii haala ittiin ce'aan mijeeffataan" (f. 306).

Hafeewwan kun asoosamicha keessa kan fudhatamaniidha. Jechoonni hafeewwan fudhatamaan gurraacheffamaan kunis, warren asoosamicha keessatti bakka ibsuuf asoosaan itti gargaarameedha. Kunis, asoosaan asoosamicha keessatti bakka ibsuuf akkaata asoosaan jechoota itti gargaarame kallattiin osoo hin taane alkallattii ta'uu isaa kan agarsiisuudha. Kun immoo asoosamicha keessatti asoosaan ergaa isaa dabarfachuuf akkaata inni itti jechoota bakka ibsuuf itti gargaarame jechoota alkallatti ta'uu isaafi kallatti kanaan gargaaramuun isaa immoo asoosamichi qabatamummaafi hawwattummaa qabachuu isaaf gumaacha akk inni godhe xiinxala kanaan bira gahaameera.

#### 4.3.1.3. Xiinxala Yoomeessa Hawaasummaa Asoosamichaa

Yoomeessi hawaasumma, namfakkiwwan seenicha keessatti qooda fudhataniifi hawaasni naannoo sanaa haala akkamii keessa akka jiran kan agarsiisuudha. Kunis gadda, gammachuu, roorroofi dhiibbaa hawaasicha keessatti calaqqisu of keessatti kan hammmatuudha. Yoomeessi hawaasumma muraasni akka fakkeenyaatti asoosama filatame kana keessa fudhatame, akka armaan gadiitti dhiyaatee xiinxalameera.

“Bisingeen maatii Gumuuz **Aadaafi Ilaalcha Boodatti hafaan marfamee**, jireenya gadi aana jiraatu irraa dhalatte” (f. 7).

“Gandi Bisingeen itti dhalatte, kan **Magariisa Uffatee**fi biyyoon isaa uumamaan gabbataa waan ta'eef, mala qonnaa boodatti hafaafi dhamaatee salphaan oomisha jireenya harkaa gara afaanitti ta'eef nama gargaaru argatanii jiraachuun ni danda'ama” (f. 9).

“Bisingeen, **Galaana Dhiigaafi imimmaani** uummattoota ollaafi obbolaa lamaan gidduutti lola'uuf jiru teessee arguu, du'aafii badii firootaafi hiriyootan ishee gurraan dhaga'uu, ofiis qabsoo irra ugguramtee ta'uu jibbitee, yeroof da'attee iddoo jijjirratte qabsa'uuf, qe'ee itti dhalatteefi warra irra dhalatteen “nagaatti!” jettee fagaattee deemteetti” (f. 161).

Hafeewwan kun asoosama filatame keessa kan fudhatameedha. Jechoonni hafeewwan fudhataman kana keessa gurraacheffamaan kunis, asoosamicha keessatti asoosaan yoomeessa hawaasummaa ibsuuf kan itti gargaarameedha. Kunis, asoosaan yaada isaa sirriitti ibsuuf, haala qabatamaa haawasni sun yeroo sana keessa jiru giddugaleeffachuu ergaa inni dabarsuu barbaade hawaasicha biraatii sirriitti akka hubatamuuf kan inni itti gargaarameedha. Kun immoo asoosaan haala qabatamaa hawaasa sanaa ibsuuf jechoota hawaasicha biratti

fudhatamaafi dhimma hawaasichaa ibsuuf beekamtii qaban garagaaramuu isaafi akkaata kanaan gargaaramuun isaa immoo hawaasicha biraatti asoosamicha fudhatamummaa akka qabaatuufi ergaa asoosaan sun dabarsuu barbaadeef xiyyeffannoo akka kennamuuf daraan gumaacha akka godhe xiinxala kanaan bira gahaameera.

### 4.3.2. Xiinxala Ija Seenessa Asoosama Filatamee

Iji kallattii ykn karaa seenaan asoosamaa tokko ittiin himamu ta'ee, ramaddii tokkoffaan ykn ramaddii sadaaffaan seeneffamuu danda'a. Seenessa ramaddii tokkoffaa kan jedhamu, qooddattoonni ani, ana, nuti, jechuun seenicha himu. Seenessa ramaddii sadaffaa keessatti ammo, seenessan, seenicha ala dhaabbatee hima yookaan seenessa. Kanaaf, Seenaan asoosama filatame kanaa ija ramaddii sadaffaan kan dhiyaate yummuu ta'u, seenessi isaas ramaddii sadaffaa hunda beekadha. Seenessan seenessichi harka caalu namfakkii muummee asoosamichaa kan taate, Bisingee irratti xiyyeeffachuun kan dhiyeesseedha.

> Gana Dilbataa tokko Bisingeen mana keessa gadi dhuftee balbala irra dhaabbattee, sochii Uummanni Ganda sanaa godhaa jiru daawwatti. Uummanni Aada waliin jireenyaa hunda dursee jiru sana kan qabu bakka tokkotti walitti fidee, nyaatee dhugaa, haasa'aa kolfaa jira. Isheenis ija fedhiin itti hirmaachuu keessaa calaqqisuun ilaalaa, ijoollee Ganda sanaa kan umuriin ishee fakkaatan, waan adda addaa hojjechuuf oggaa socho'aan argitee, hojiin isaanii isa kamtu fooy'aa akka qabuufi isheenis otoo itti hirmaattee kan jaallattuun wal madaalchisaa turte (ff. 7-8).

"Aadde Dosonaan otoo 'Gibiitaa' keessa gugguufanii hojjetaa jiranii, "akkaam bultaan aayyoo!" kan jedhu sagalee dhaga'anii oggaa ol jedhaan; namoota Oromoo baddaa irra dhiyeenya kana Ganda Gumuuz dhufaniifi naannichaaf haara ta'aan keessaa tokko kan ta'e mucaa Sookkoo Jaallataa jedhamu tokko argaan*"* (f. 38).

"Bisingeen, shamarraan bakkeedha dibbee isaanii fuula dargaggeessa irratti qabanii 'kash, kash' ergaa wal fakkaatu dabarsaan dhageessee fiigdee baatee itti makamte" (f. 181).

"Zuuquloos siree irratti ilaaltee, ijaan nagaa itti dhaamtee, bara jireenya ishee keessatti imimmaan dhangalaastee hunda kan caaluu lolaa imimmaanii of irra gadi diisaa, akka nama Taaboota dhungatuu, cufa mana isheetti galagaltee dhungattee, warra mana ishee cina dhaabbatanii eeganitti makamte*"* (f. 306).

Hafeewwan kun asoosama filatame keessa kan fudhatameedha. Yaadoonni hafee fudhatame kana irra hubatamaan kunis, haalawwan jiraan keessa haala dhuunfaa namfakkiin muummee giddu galeessa godhachuun ija asoosama kana kan agarsiiseedha. Kunis, asoosaan asoosamicha keessatti waan agarsiisuu barbaade sirriitti agarsiisuuf namfakkii muummee asoosamichaa irra dhaabbatee sirriitti agarsiisee jira. Agarsiisa isaa kana keessatti immoo haala namfakkiin muummee keessa jirtuufi haala haawaasa namfakkiin muummee keessa jiraattu wal bira qabuun haalawwaan sana keessa bahuuf immoo tattaaffi namfakkiin muummee akka barbaadu balliinaan ibsee jira.

Kunis, asoosaan rakkoo dhuunfaa namfakkii muummeerra ga'aa jiru akkasumaas, maddi rakkoo sana immoo maal akka ta'eefi walitti dhufeenyi hawwaasa namfakkiin muummeen keessatti dhalatteefi hawwasa Diimaa gidduu jiru maal akka fakkaatu kana malees, yeroo ammaa maal keessa akka jiran, wanta isaan keessa jiran sanaaf ammo furmaanni maal ta'uu akka qabu gochaa namfakkii muummee irratti raawwatamaa jiruufi gochaa irratti rawwatama jiru sana keessa ba'uuf ammo tattaaffi namfakkiin muummeen kun godhaa jirtu ilaaluun yummuu inni seenesutu mul'ata. Yaadoonni bifa akkasiin dhiyaatan immoo amala ija ramaddii sadaffaa hundaa beekaati.

Kanaaf asoosaan, ija ramaddii sadaffaa hunda beekaatti gargaaramuun seenaa asoosama kanaa bifa hubatamuu danda'uun dhiyeessuu isaa, Kun immoo dubbistoonni seenaa asoosama sanaa hubachuuf si'ayinaan akka dubbisaniif gumaachi isaa yaraa akka hin taane kana malees, ergaan asoosamichaa miidhagina akka gonfatuuf daraan gumaacha godhe xiinxala kanaan hubatameera. Berhanun (2013, f. 39) yoo yaada kana cimsu, "The story is presented by someone outside the story. Such narrators present their account about the major character in the story by using the third person pronoun she, he, or they" jedha.

## 4.4. Xiinxala Fayyadama Malleen Dubbii Asoosama Filatamee

Malleen dubbii ogbarruu keessatti: dhimmi tokko amansiisaa, qabatamummaafi miidhagina akka horatu taasisuuf gahee guddaa taphata. Yaada kana Harry (1972, f. 208) yummuu ibsu, "A figure of speech in which the literature meaning of a word or statement in the opposite of that intended" jedha. Haaluma kanaan, asoosama filatame kana keessatti malleen dubbii argamaan addaan baafamuun, xiinxalamanii dhiyaataniiru.

#### 4.4.1. Xiinxala Haala Fayyadama Malleen Dubbii Akkasaafi Iddeessaa

Asoosama filatame keessatti, malleen dubbii argamaan keessaa tokko akkasaadha. Akkasaan, walfakkeenya wantoonni lama qaban haala gaariin ibsuuf kan itti fayyadamnuudha. Ifa gochuu kana keessatti, jecha ‘akka’fi ‘fakkaata’ jedhanitti kan tajaajilamnuudha. Asoosama kana keessattis, yaada kana kan mirkaneessu,

“Bisingeen **Akka** Abaaboo Birraa urgooftuu, kan haasaan ishee **akka** Asheeta Dammaa mi’ooftu nagaan siif haa ta’u! Kan jedhu sagalee waacilaa ture” (f. 8).

“Awwaaraan makamtee Qeerramsa boolla bahe **fakkaattee**, kottoonfattee teessi. Quba miillaan qaxxisee bira ga’ee karaa cuuroo mana ilaallaan, Bisingeen ija diimeffattee, bineensa **fakkaattee**, ija ishee otoo hin libsatiin bakka tokko irratti dhaabdee teessi” (f. 19).

“Abbaanis itti siqanii, jechoota baay’ee gurratti tolaniin dubbatanii dubbisuu yaalaniis, isheen **akka** hin dubbanne kan kakattee **fakkaatti**, Tulluuwwan sana duuba qilee malee, kan biyyi hin jirre itti **fakkaata**” (ff. 13, f. 20).

“Namoonni hundinuu Gurra kennee gadi fageenyaan dhaggeeffata. Kan akka dammaa nutti miyaa’ee itti nuuf fufaa! Jedhan **fakkaatu**. Bisingeen silaa galaanni yaada ishee fudhatee Kan deeme **fakkaata**, haariidhan hidhii nyaatti. Iji ishee kan dhiiga roobsu **fakkaata**” (f. 107). “Si’ii mucaa koo, isheen qolee cabsitee akkanaan nagaa nama gaafattu kun, ati qe’ee warra Guddaatti dhalatte **fakkaata**! namaaf kabaja qabda” (f. 176).

Hafeewwan kun asoosama filatame keessaa kan fudhatameedha. Jechoonni hafee kana keessa gurracheffamaan kunis, haala fayyadama Afaani jedhaman keessaa mala dubbii akkasaa jedhamu kan calaqqisuudha. Kunis, asoosaan asoosamicha keessatti yaada isaa sirriitti ibsuuf wantoota wal fakkeenya qabaan wal bira qabee ibse. Ibsa isaa kana keessatti ammo jechoota wal bira qabiinsaaf gargaaran, akkaafi fakkaata gargaaramee kan jiruudha. Kun immoo malleen dubbii akkasaa jedhamu asoosamicha keessatti hojiirra ooluu isaa kan agarsiisuufi asoosaan malleen dubbii kanatti gargaaramuun isaa ammo yaadoota lama wal bira qabee, ergaa isaa hawwataa taasisee miidhagina itti horee akka jiru xiinxallii kanaan bira gahamee jira.

Malleen dubbii asoosama filatame keessatti argamaan inni biroon Iddeessa kan jedhamuudha. Iddeessi, gosoota malleen dubbii keessa isa tokko ta'ee, mala dubbii amala waan tokkoo isa biraatiif kennuun ibsuuf tajaajiluudha. Haaluma kanaan asoosama filatame kana keessaa, hafee fudhatame kun yaada kana mirkaneessa.

"**Gumuuz Buburraa'eera**, eeyyama isaa malee isa keessaa gurmaa'ee nooraa jaalalaa nuti irra deddeebinu cabsuuf humni badii isa keessaa ijaaramee ka'eera. Inni isiin ta'uuf deema jettanii ibsaa turtaniis, qabatamaan ta'uu jalqabeera" (f. 123).

"Wa'ee ishee abdii kutatanii utuu achii as deebi'aa jiranii, Jaallataan, amma haalli sodaachisaa ta'eera, karaa dur Oromoofi Gumuuz walitti deddeebisu daggalli nyaatee, **nooraan jaalalaa walitti ceesisu cabee Ededa** ta'ee jira" (f. 228).

Hafeewwan armaan olii kana keessatti, asoosaan amala waan tokkoo isa biraaf kennee yaada isaa yeroo inni ibsutu argama. Kun ammo dubbisaan yeroo asoosamicha dubbisu yaada asoosaa sana akka inni hubatuuf gahee inni qabu guddaadha. Kanaaf, asoosaan Gumuziif amala namni qabaachuu hin dandeenye buburrina, amala namaaf ammo gochaa lafa irratti mul'achuu danda'u kenneefii kan jiruudha.

Adeemsi fayyadama mala dubbii kun immo iddeessa ta'uu isaa kan hubachiisu, asoosaanis asoosamicha keessatti mala dubbii kanaatti akka fayyadameefi mala dubbii kanaatti gargaaramuun isaa ammo hawwattummaa asoosamichaa daraan dabalee akka jiru xiinxallii kanaan hubatamee jira.

### 4.4.2. Xiinxala Haala Fayyadama Malleen Dubbii Nameessaafi Arbeessaa

Malli dubbii asoosama filatame kana keessatti mul'atu inni biroon, nameessaafi gurra guddisuudha. Nameessuun, mala dubbii hojii ogumaa keessatti calaqqisu yoo ta'u, waan nama hin taane amala namaa gonfachisuudhaan kan dhiheessudha. Yaada kana Millerfi Greenberg (1991, f. 66) yoo ibsaan, "Personification is used inspeech and writing for giving inanimate objects, abstract concepts or actions, human or near human characteristics" jedhu. Kunis, malli dubbii nameessaa dubbiifi barreeffama keessatti kan hojiirra oolu ta'ee, gocha tokko amala namaatti fakkeessani ibsu akka ta'e eera. Haaluma kanaan, malli dubbii nameessaa asoosama kana keessatti bal'inaan yoo ta'uu baaates hojiirra ooleera.

“Tulluu Gichowaa isa gurraacha’ee faara badee, dafqa isaanii dhuguuf qopha’ee eeggatu sanas alaala irratti arguu jalqabaniiru” (f. 42)

Hafeen asoosama kana keessa fudhatame kana keessatti, Tulluun Gichowaa akka namaatti yeroo inni faara bade ilaalu argina. Kana malees, Tulluun kun miidhaa irratti geggeessuuf yeroo inni qophii taasiisutu mul’ata. Kun immoo akkaataa fayyadama afaanii ilaalchisee mala dubbii nameessa jedhamu kanatti asoosaan gargaaramuu isaa, asoosaan mala kanatti gargaaramuun isaa qabatamummaa asoosama kanaa daraan dhugoomsuu isaa xiinxallii kanaan hubatamee jira. Haaluma walfakkaatuun calaqqee mala dubbii nameessaa kan agrsiisu asoosama kana keessa,

“Yaa sinbirtuu laganaa

Silaa ergaan si ergaa

Qiltuu bira hin dabartu

Yaa allaattii laganaa

Silaa ergaan si ergaa

Raqa bira hin dabartuu” (f. 230).

Hafee kana keessatti ammoo, yeroo Sinbiraafi Allaattiitti akka namaatti itti dubbataniifi amala isaan agarsiisan itti himantu dhihaatee jira. Kana keessatti, waanni dhihaate gocha namaati.  Gochi namaa kun immoo fuulleen osoo hin tane kallatti Sinbiraafi Allaattin jedhuun kan ibsameedha. Kun immoo, asoosaan asoosaan mala dubbii nameessatti gargaaramuu isaafi mala dubbii kanaatti gargaaramuun isaa ammo yaada isaa bal’isee, qabatamummaa isaa dhuguumsuu isaa xiinxallii kanaan hubatameera.

Akaakuun malleen dubbii asoosama kana keessatti, heddumminaan jiraachuu baatus, mul’atu inni biraan gurra guddisaa yookiin arbeessuu jedhamee kan beekamudha. Arbeessuun, dhugaa jiru tokko fudhachuun, dhugaa sana garmalee xiqqeessanii yookaan guddisanii dhiyeessuudha. Kanas, hafee asoosamicha keessaa fudhannee yoo ilaallu, “Midhaan nyaachuu waan hir’isteef, huqqinni qaama ishee nama naasisa, lafeen cinaacha ishee fageenya irratti lakka’ama” (f. 21).

Hafee armaan armaan olii kana keessatti, huqqinni qaama ilaaluun isaa nama sodaachisuufi lubbuun jiraachuu isheef yaaddoon jiraachuu isaa agarsisa. Kana jechuun namni tokko hammuma fedhuyyuu yoo huqqate lafeen cinaacha fageenya irratti lakka'amuu hin danda'u. Garuu, huqqina nama kanaa sirriitti ibsuuf jecha haala kanaan kan dhiheessedha. Kanaaf, asoosaan gosa mala dubbii kanaa, ergaan isaa miidhagina horachuun dhageettii akka qabaatuuf mala dubbii kanatti dhimma bahuu isaafi dhageetti ergaa asoosama kanaas, daraan dabalee akka jiru xiinxallii kanaan bira gahaameera.

**4.4.3. Xiinxala Haala Fayyadama Malleen Dubbii Walfaallee/Mitiheefi Fakkoommii**

Akaakuun malleen dubbii asoosama kana keessatti mul'atu biroon walfaalleedha. Walfaalleen, gaaleewwan yookaan himoota waliif faallaa ta'aniin ijaaramaan keessatti mul'ata. Yaadoliin waliif faalla ta'aan kunniin yoo irra keessa isaanii ilaalan qoosa fakkaatu haa ta'u malee abbaa itti hubatee ilaaleef, icciitii dhugaa ta'e of keessa akka qabu namatti agarsiisa. Akkasumaas, dhaamsa ergaa darbuu yookaan hima barreeffamu keessatti yaanni walfaallessu argamuudha. Walfalleen yoo gadi fageenyaan sakatta'ame, keessi dhokataa yoo ta'ellee waan hiika qabeessaafi haqa ta'eetu mul'ata. Asoosamicha keessa hafeen fudhatame kunis yaaduma kana mirkaneessa.

> Gaafa Roobii waaree booda haadha isheetti siqxee itti hirkattee teesse, sagalee laafisattee, Haadhakoo! isaan amman dura qalbiikee jeeqaa tureef dhiifama naaf godhi! gara fuula duraatti waanan hojjedhu hunda siin mari'adhee malee itti hin deemu. Isa ofii kee gabaa deemtee kan na barbaachisu bituuf murteessite sanaas gaariidha itti deemi! kan ati naaf filatteen fudha har'a garuu deemeen mana hiriyaa koo ishee ebeluu jedhamtu sana bira haasa'aa buleen, sammuu koo haaromsadhee, jabaadhee siif deebi'a. Akka yeroo darbee dhokadhee deemee isiin jeequu hin fedhu. Yummuun achii deebi'uus, akka yeroo darbee dhukkubsadhee isiin hin naasisuu naaf hayyami! bor yeroo aduun waaree geessuun dhufaa jette. Isa yeroo darbe utuu hin dhukkubsatiin dhukkubsattuu of goote, waan baay'een irra ga'e yaadattee kolfaa (f. 32).

Hafeen asoosamicha keessa fudhatame kun haala fayyadama Afaani jedhaman keessaa mala dubbii walfaallee yookaan mitihee jedhamu kan calaqqisuudha. Kunis, ergaan yookiin dhaamsi darbu irra keessaan walfaallessuu isaa tarreewwan gara jalqaba irratti, Bisingeen

kanaan booda waan gootu hunda akka haadha isheen mari’attu ta’uu isaa ibsa. Tarreewwan gara dhumaa irratti ammo waan gochaa turteefi gochaa jirtu yaadattee kolfaa jiraachuu isa ibsa. Kanaafuu, yaanni kun kan walfaalleessan ta’uu isaa agarsiisa. Kun immoo malleen dubbii walfaallee yookaan mitihee jedhamu asoosamicha keessatti hojiirra ooluu isaa kan agarsiisuufi ergaa isaa haqa jiruun miidheksee qabatamummaa isaa daran dabaluu isaa xinxallii kanaan bira kan gahameedha.

Malleen dubbii asoosama kana keessatti calaqqisan kanneen biroon, mallatttoo/fakkoommiiti. Fakkoommiin, malleen dubbii keessaa tokko yommuu ta’u, waan qabatamaa ta’ee ijaan hin mul’anne tokko mallaattoo waan mul’atuun bakka buusuudha. Fakkeenyaaf, ‘odaa’ yoo fudhanne odaan ummata Oromoo biratti gaaddisa araaraa, kan seerri jalatti tumamu ta’uu mul’sa. Haaluma kanaan asoosama kana keessatti heddummina qabaachuu baatanis jechoonni hawaasa Gumuuz biratti yadrimee addaa yookiin fakkoommii addaa qaban ni mul’atu. Asoosama kana keessaattis yaada fakkoommii yookaan mallattumaa ibsaan hafee armaan gadii irra yummuu ilaallu,

“Akka bakkee baateen deemsa itti fufuu shakkitee, **Geefoo** mana jala dhaabbattee, keessuma Ittuun sochii ishee dhaga’uufi dhiisu otoo caqasaa jirtuu, **Gibiitaa** isaa keessa qufa’e” (f. 18).

“Ani warra kiyya jala dhokadheen **Baddaa**tti ol bahuuf deema jira sababa ta’eef, naannoo sa’a afurii warra koo bira deemiitii akka ani deeme itti naaf himi! jettee adaraa itti kennatte” (f. 33).

Hafee asoosama filatame kana keessa, jechoonni gurracheffamanii jiran hawaasa Gumuziin biratti mallattumma qabaachuun beekamu. Geefoon, uummanni Gumuuz keessatti kan inni ittin beekamu nama yeroo rakkoon isa mudatu tokko waan dahoo godhatee hafu qabuu ibsuuf jechoota mallattumma qabaniidha. Gibiitaan, hawaasa kana keessatti bakka nama kabajaa qabuuf kennamu ibsuuf mallattummaa qabaniidha. Akkasumaas, Baddaan, hawaasni Gumuuz, uummata Oromoo ibsuuf jechoota mallattumma qabaniidha. Dabalataan calaqqee mala dubbii fakkoommii yookaan mallattumma kan agrsiisu asoosama filatame keessa kan fudhatame,

“Ani karaa dheera deemee, tabbaafi irrangadee hedduu bu’ee ba’ee argeera, garuu kan akka **Gichowaa** kun eessattu na mudatee hin beeku” jedhe obboleessi ishee Ittuun” (f. 36).

“Amma gara mana dhugaatiitti goranii, kan barbaadan hiriyaa isaanii waliin bitatanii, keessuma isa caalaatti jaallataan Araqee, kaan achitti dhuganii, isa hafe wulleetti naqatanii, har’a gara qe’ee isaaniitti siqanii buluu waan qabaniif; Ganda Oromoo isa qarree qe’ee isaanii irra jiru **Urnaa**tti wal guuranii naqama” (f. 54).

“Shamarraan sirba isaaniitiin waraana waraanuuf, toora lammataa irratti hiriire ta’anii, lalanii lolchiisu, faarsanii daddammaqsuu, isa doofaa oggaa namni duulu qe’eetti hafee, mana dhiira irra lo’uu ni arrabsu. “kottuu dubartii gargaarii **Kuusaa** naqi” jedhu” (f. 183).

Hafee olii kana keessatti, jechoonni fakkoommii agarsiisuuf dhufaan gurracheffamanii kan jiraniidha. Uummanni Gumuuz jachoota kanatti mallattumma ibsuuf kan itti tajaajilamuudha. Gichowaan, mallattummaa waan nama sodaachisu yookaan waan darba nama dhowwatu ibsuuf mallattummaa qabaniidha. Urnaan, mallattummaa bakka namoonnii yeroo karaa dheera deeman gahanii boqotaan ibsuuf mallattummaa qabaniidha. Akkasumaas, kuusaan, mallattummaa nama sodaa qabu onnee itti horuuf dubartoonni Gumuuz ibsuuf mallattummaa qabaniidha. Egaan asoosaniis, jechoota mallattumma qabaan kanatti gargaaramuun ergaa isaa dabarfatee akka jiruufi malleen dubbii kanatti gargaaramuun isaa ammo ergaa waan hin mul’anne tokko mulataa taasisee, miidhagina isaa daraan dabaluun dubbisaa hawwachiisuu isaa xiinxallii kanaan hubatamee kan jiruudha.

Walumaagalatti, asoosama filatame kana keessatti, akkaataan itti jaargochi sadarkaa adda adda keessa darbe, haalli uumama namfakkiiwwaniifi waldhabbii, yoomessi akkasumaas iji seenessaa, bifa isaan ittin dhiyaataniifi itti fayyadamni malleen dubbii hawwattummaa qabaachuun isaa, asoosamni asoosa kana baraan jiraatoo ta’nii sammuu namaa keessatti bifa mul’achuu danda’aniin kan qindaa’an ta’uu xiinxallin asiin olitti ilaalame kun ragaa gudddaa dha.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

## 5.1. Cuunfaa

Bu’uura yaadxina bifiyyeetiin, asoosama Afaan Oromoo Bara 2021 barreeffame irratti xiinxalli geggeffameera. Qorannoon kunis kan geggeffame, asoosama Alamuu Goobanaa barreesse, mata dureen isaa *Ededa* jedhu irratti. Kaayyoon qorannichaas, bu’uura yaadxina bifiyyeetiin asoosamicha xiinxaluudha. Kaayyoo kana galmaan ga’uuf, mala qorannoo akkamtaatti dhimma ba’e. Hojii qorannichaaf bu’uura ta’uu kan danda’aaniifi xiyyeeffannoo yaadxina bifiyyeen wantoota wal qabataan, qorataan boqonnaa lama keessatti dhimma itti baheera. Saxaxi qorannichaas, ibsa akkamtaa bu’uureffachuun ragaaleen qorannicha kan qindeeffamaniidha.

Maddi raga qorannoo kanaa kitaaba filatame kana yoo ta’u, qoratichi gosoota qorannoo jiran keessaa akkamtaatti, mala qorannoo miti-carraa keessa kaayyeffataatti gargaarameera. Ragaaleen, kitaabicha sakatta’uun yookaan mala xiinxala barruutiin funaanamaniiru. Asoosama filatame kana gadifageenyaan dubbisuun, akkaata bu’uura yaadxina bifiyyeetiin hubachuuf akka tolutti qoqqooduun xiinxalamaniiru. Ragaaleen walitti qabaman, xiinxalamanii bifa himootaan barreeffamaniiru. Xiinxalamanii wantoota mul’ataniif furmaanni yaboo keessatti lafa ka’aameera. Asoosamni filatame kun bu’uura yaadxina bifiyyeetiin, Gochoonniifi ta’iiwwan sababaafi bu’aa irratti hunda’uun haala gaariin walitti qinda’aanii dhiyaachuun isaanii sadarkaan ijaarsa jaargochaa asoosamichaa walitti hidhamiinsa cimaaafi miidhagina akka qabaatu taasisaniiru.

Namfakkiiwwanis haala adda addaan uumamanii dhiyaataniiru. Hedduun isaanii ulaagaa namfakkiin tokko guutuu qabu guutanii kalaqamaniiru. Fakkeenyaaf, haalli uumama isaanii amalaan, jireenya hawaasumaafi gochaan namoota dhugaadhan addunyaa kana irra jiraataniin walsimsiisuun kalaqamaaniiru. Kana malees, namfakkiiwwan haala uumama isaaniin, iddoo tokkotti ibsamurra iddoowwan adda addaatti ibsamaniiru.

Waldhabbiin namfakkii gidduutti mul’ate, haala qabatamaa hawaasa keessa jiruun wal simateera. Kana malees, humnoota kaayyoof fedhii mataa isaanii qaban, waan hundaan wal gitaan gidduutti taasifameera. Fakkeenyaaf, waldhabbiin Bisingeefi maatii ishee gidduutti uumame madaalawaadha.

Sababni isaas, maatii waan ta'aniif rakkoo isaan gidduutti uumame tooftaan furuuf yeroo isaan carraaqantu mul'ata. Yoomeessi isaa, naannoo Gumuuz irraa jalqabee hanga naannoo Oromiyaatti kan babal'ate yummuu ta'u, keessumatti haalli uummanni Gumuziifi uummanni Oromoo keessa jiru kallatti siyaasaan maal akka fakkaatuufi dhimma waldhabdee uummata kana lamaan gidduutti yeroo tokko tokko uumamuuf, maddi wal dhabdichaa eenyuun akka ta'e bal'inaan ibseera.

Dabalataanis, amala waliin jireenyaa uummanni lachuu waliin qab, duruma kaasee maal akka fakkaatu, aadaan waliin jireenya  uummata Gumuuz maal akka fakkaatu, barnoota ammayyaan uummanni kun maal akka fakkaatu, siyaasni, dinagdeen, teessumni lafaafi haalli qonnaa isaanii maal akka faakkaatu kan agarsiisuufi gama uummata Oromoo ammo barnoota ammayyaan maal akka fakkaatu, siyaasa, jireenya qeerroofi qarreen barnoota sadarkaa ol'aan irra ba'aan keessa jiran, yeroon wal qabsiisuun bal'inaan ibseera.

Akkasumaas, uummanni kun lachuu qabatamaa jiru irra dhaabbatee, waliin jiraachuuf rakkoo akka hin qabne gadi fageenyan kan hubachiiseedha. Asoosamni filatame kun, ija ramaddii sadaffaa hunda beekaan seeneffame. Seenessaan dandeetti 'akka waaq' qabutti gargaaramuun gochawwan bakka adda addaatti si'a tokkotti raawwatamaan, bakka hundatti argamee seenesse. Akkasumaas, keessoo sammuufi miira namfakkiiwwanii kan dubbiseefi gochaa namfakkiiwwan qofaa isaanii raawwataan arguun dubbistoota biraan ga'eera. Beekumsa yeroo darbee, yeroo ammaafi yeroo egerees gonfateera.

Gama biraatiin ammo, seenessichi dandeettii kanatti gargaaramuun, wa'ee namfakkiiwwan biroos odeeffannoo gadi fageenyaan kennee jira. Akkaataa fayyadama Afaanii keessaa kan qorannoo kun mul'ise, malleen dubbii asoosama kana keessatti bal'inaan mul'achuu isaati. Haala kanaan, asoosama kana keessatti malleen dubbii kanneen akka: akkasaa, iddasaa, nameessaa, arbeessaa, mitiheefi fakkoommii jedhaman, asoosama kana keessatti kan hojiirra oolaniifi haala qabatamaa jiru irra dhaabbachuun miidhaginaafi hawwattummaa asoosamichaaf gumaacha guddaa kan godhan ta'uu qorannoon kun adda baaseera.

## 5.2. Argannoo

Qorannichi kaayyoo galmaan ga'uuf qabatee ka'e kan qabuudha. Kaayyoon isaas, asoosama dheeraa *Ededa* bu'uura yaadxina bifiyyeen xiinxaluudha. Argannoon qorannichaas; kaayyoo qorannoo, gaaffilee bu'uuraafi xiinxala geggeeffame bu'uureffachuun kan kaa'ameedha. Kunis, bifa kanatti aanuun tarreeffameera.

- Sadarkaan, ijaarsa jaargocha asoosamicha ka'umsa irra ka'ee haga furmaataatti, bu'a ba'ii namfakkii muummeefi xixiqqaan keessa darbaan sabaabaaf bu'aan deggeree kan dhiyeesse, akkaata kanaan dhiyeessuun asoosamichaaf, hawwattummaafi miidhagina isaa kan dabale ta'uu qorannoo kanaan bira gahaamee jira.
- Haalli uumama namfakkiiwwanii; amalaan, jireenya hawaasumaafi gochaan namoota dhugaadhan addunyaa kana irra jiraataniin wal simsiisuun kan kalaqamaaniifi waldhabbiin namfakkii gidduutti mul'ate haala qabatamaa hawaasa keessa jiruun kan wal sime kana malees, gosoota waldhabbii alaa keessa irra caalmaa wal dhabbii namaafi namaa kalaqamanii akka jiran, akkaata kanaan kalaqamuun isaanii; qabatamummaa, hawwattummaafi miidhagummaa asoosamichaa daraan akka dabale xiinxala kanaan hubatameera.
- Yoomeessi asoosama filatamee, naannoo Beeneshaangulgumuuz irraa jalqabee hanga naannoo Oromiyaatti kan babal'ate, hawaasummaan haala qabatamaa hawaasichaa kan ibse, kana malees, asoosaan ija ramaddii sadaffaa hunda beekaatti kan gargaarame, akkaata kanaan gargaaramuun asoosamichaaf, akkaata yoomeessan hawwattummaa, ija kanatti gargaaramuun isaa ergaa asoosamichaa miidhaginaan dabarsuuf gumaacha akka godhe xiinxala kanaan bira gahaameera.
- Malleen dubbii kanneen akka akkasaa, iddasaa, nameessaa, arbeessaa, mitiheefi fakkoommiin asoosama kana keessatti kan hojiirra oolan, warren kun hojiirra ooluun asoosamichaaf; hawwattummaa, qabatamummaa, dhageetti ergaa asoosamichaa kan dabale, haqa jiru miidheksee qabatamaa kan godheefi waan hin mul'anne tokko mul'ataa taasisee miidhagina akka itti horee qorannoo kanaan bira gahaamee jira.

### 5.3. Yaboo (Yaada Furmaataa)

Asoosamni jechoota miidhagoo humna qabaan fayyadamuun, bifa miidhagina qabuun, qaamoleen asoosama keessatti argamuun qinda'anii, seenaa, eenyummaafi haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo dhaloota tureefi amma jirurraa kanneen boodaan dhufaniif kan dabarsuufi waan darbe yaadachiisuun akka irra baratan kan taasisuudha. Kunis, hawaasni dubbisee irra barachuu kan danda'uu bifa miidhagina qabuun bocamee hawaasichaaf dhiyaateedha. Bifa miidhagina ogbarruu tokkoo ilaaluuf ammo yaadxinoota jiran keessa yaadxinni bifiyyee dhiimma filannoof hin dhiyanneedha. Kanaafuu, akka yaada furmaata qorannichaatti qabxiileen eeraman bifa kanaa gadiin dhiyaataniiru.

- Qorannoon bu'uura yaadxina bifiyyeetiin asoosamoota Afaan Oromoon barreeffamaan irratti kallattii adda addaan osoo gaggeeffame gaarii ta'a.
- Asoosamni kun heddumminaan dhimmoota jiruufi jireenya Uummata Oromoofi Uummata Gumuuz waliin walqabatan hedduu kaasa. Keessuma, uummanni kun lamaan sirnoota dhufaa darbaa keessatti walitti bu'iinsa isaan gidduutti uumamuuf sababni eenyuun akka ta'e kaasa. Kanaafuu, ogeeyyiin dirree qorannoo kanarra jiran yaadxina dhugummaan utuu asoosama kana xiinxalaniin yaada qoratichaati.
- Fakkoommiin, asoosama barreessuu keessatti gahee inni qabu ol'aana waan ta'eef barreessitoonni xiyyeeffannoo osoo itti kennani filatamaadha.

## Wabiilee


Abdii Waaqgaarii. (2015). "*Qaaccessa Asoosamoota Tulluu cubbuufi Ichima Jaalalaa, Yaadxina Bifiyyeetiin*." (Qorannoo Digrii Lammaffaa Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun Gamisaan Guuttachuuf qophaa'ee Yuunivarsiitii Addis Ababaaf Dhiyaate).

Abduljebbaar Qassee (2009/ 2017) mata-duree, "*Qaaccessa Asoosamoota Hadhooftuufi Doobbii Jaalalaa, Ija Yaaxina Bifiyyeetiin"* (Digrii Lammaffaa Afaan Oromoofi ogbarruun guuttachuuf qophaa'ee Yuunivarsiitii Addis Ababaaf Dhiyaate).

Abrams, M. H. (1971). *A Glossary of Literary Terms*. (3rd Ed) Delhi: Macmillan India Ltd.

(1981). *AGlossary of Literary Terms*. New York: Holt Rinehart and Winston.

Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa:Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Oromiyaa.

Alamuu Goobanaa. (2021). *Ededa: Asoosama Dheeraa*. Finfinnee Oromiyaa.

Alamituu Olii. (2020). *Ogbarruun afaan barsiisuu*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Heritage.

Alen Bery,L & Liewis, L. (1986). *Hand Book forthe Study ofFiction.* London:Macmilan Pub.

Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela*: *Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee. Oromiyaa.

Baldick Chris. (2001). *the Concise Oxford Dictionary of Literary Terms*. UK: Oxford University Press.

Beekan Gulummaa. (2013). *Guboo Seenaa: Asoosamaafi Saayinsiisaa*. Finfinnee Oromiyaa.

Bertens, H. (2001). *Letrary Teory*. *USA and Canada*: Taylors and Francis Group.

Birhanu, M. (2009). *Fundamental of Literature*. Addis Ababa: Printed by Alpha Printers PLC.

Bryman, A. (2004). *Social Research Methoods*. 2nd ed. New York: Oxford University

Press Inc.

Carter, D. (2006). *Literary Theory*. Published by Pocket Essentials.

Cain, M. A. (1999). *Problematizing Formalism: A Double- cross of Genre Boundaries.* College composition and communication, 51(1), pp. 89-95.

Crimson, R. (2012). *The Every thing Writing Series.* USA: Admas Midia. A division of FTW.

Chris, B. (2001). *The Concise Oxford Dictionary of Literary Terms*. USA: Oxford University press.

Dastaa Dassaalany. (2013). *Dimimmisa: Asoosamoota Biroo Waliin.* Finfinnee: Nechsar Printing Interprise.

Dalisay, J. (2006). *The Knowing in the Writing Notes and the Practice of Fiction.* Philipines the University of Philipiens Press.

David Lodge with Nigel Wood. (1988). *Modern Criticism anda Theory*: A Reader Second Edition. Prited in Sengapore.

Dassaaleny Hayiluu. (2008). "*Xiinxala Asoosama Yoomi Laataafi Kabiir Waadoo Gadaa Sabboonaa Oromoo, Ija Yaadxina Dhugummaatiin*."(Qorannoo Digrii Lammaffaa Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun Gamisaan Guuttachuuf qophaa'ee Yuunivarsiitii Addis Ababaaf Dhiyaate).

Dean, N. (2006). *Discovering Voice. Florida*: Library of Congress Catalog in publication data.

Diyanni, R. (1984). *Literature: Fiction, Poetery, Drama and Essay. Boston*: McGrow Hill Companies.

Dutton, R. (1984). *An Introduction to literary Criticism. England*: Longman York Press.

Dobie, A. (2012). *Theory into Practice: An Introduction to Literary Critism 3rd Ed*. USA: Nasan Education Ltd.

Ehrenhaft, G. (2010). *English Literature and Composition 3rd ed.* USA: BarronsEducational Series, Inc.

Eagleton, T. (1996). *Literary theory: An introduction Second Edition*. Minneapolis: The University of Minnesota press.

Encyclopedia Britannica.

Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Subii: Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*: Finfinnee, Oromiyaa. Subii printing press.

Filee Jaallataa. (2019). *Malleen Qorannoo (Research Methodology and Methods).* Mana Maxxansaa ADP (ADP printing press).

Fiqaaduu Qana'aa. (2012). "*Qaaccessa Waldiddaafi Fakkoommii Asoosamoota Dhaabaa Wayyeessaa,"* (Qorannoo Digrii Lammaffaa Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun Gamisaan Guuttachuuf qophaa'ee Yuunivarsiitii Addis Ababaaf Dhiyaate).

Finnegan, R. (1978). *Oral literature in Africa. (*4th ed) Oxford: Oxford University Press.

Geetaachoo Rabbirraa. (2014). *Furtuu. Seerluga Afaan Oromoo kutaa 9fi 10:* Finfinnee. Dhaabbata Maxxansiisaa Kurraaz Intarnaashinaal.

Gregory, C. (2007). *The Blackwell Guide to Literary Theory*. USA: Blackwell publishing.

Griffth, K. (2011). *Writing Essays about Literature*. A Guide and Styles Sheet 8th ed: USA UHL.

Graff, G. (1987). *Proffesing Litrature: An Inistitutional History*. Chicago: University of Chicago Press.

Johnston, W. & Hamlin, W. (1966). *The Short Story*. New York: American Book Company.

Johnston, S. (2002). *Where The Stories Come From*. New York: Addison Westly Lonman Inc.

Jahn, M. (2005). *Narratologym. A Guide to the Theory of Narrative:* Englis Department, University of Cologne.

Klarer, M. (1999). *An Introduction to Literary Studies*. USA and Canada: Tylorn and Francis Group.

Klages, M. (2006*). Literary Theory: A Guide for the Perplexed.* Grait Britain: Cromu well Ltd.

Kirzner, M. (1994). *Fiction Reading and Reaction Writing*. USA: Horcourt Brace and Compane.

Lazar, G. (1993). *Literatur and Language Teaching*. Combrdge University Press.

Lodge, D. (1988). *Modern Criticism and Theory*. Long man: London.

Margaa Abbabaa. (2008). "*Qaaccessa Bakka Bu'insa Namfakkiilee Dubartootaa Asoosamoota Afaan Oromoo Imaana Imaltuufi Hiree Galgalaa keessatti.*" (Waraqaa Qorannoo Ulaaga Digirii Lammaffaa Ittiin Guuttachuuf Qophaa'ee Yuunivarsiitii Jimmaaf Dhiyaate).

Melakneh Mengistu. (2003). *Fundamentals ofLiterature*. Addis Ababa: Biranna Printing Press.

(2006). *Fundamentals of Literature. 3rd Ed*. Addis Ababa: Addis Ababa University Press.

(1999). *Fundamentals of Literature for Colleges*. Addis Ababa: Commercial Printing Enterprise.

Mario, K. (2005). *AnIntroduction to Literary Studies.* London and New York: Published by Rout ledge. Taylor and Francis Group.

Martin, W. (1986). *Recent Theories on Narrative*. London: Cornell University Press.

M. A. R. Habib. (2005). *Ahistory of Literary Criticism from Plato to present*. USA: published.

M. Ellis, J. (1974). *The Theory of Literary Criticism. A logical Analysis*. USA: University of California Press Ltd.

Misgaanuu Gulummaa. (2012). *Yandoo:Ogumaafi ogwalaloo Oromoo.* Finfinnee, Oromiyaa.

(2013). *Guuboo Seenaa: Asoosamaafi Saayinsiisaa*. Finfinnee, Oromiyaa.

Milhom, H. (2006). *Writing Henres Fiction a Guide to the Craft*.USA: Bocaraton Florida.

Okpewho, I. (1992). *African Oral Literature: Background, Character and Continuity*. Blomington and Inianapolis: Indiana University Press.

Qananii Baay'isaa. (2016). "*Xiinxala Asoosamoota Burreen Bifa Tokko Mitiifi Dibaa, Ija Yaadxina Bifiyyeetii."* (Qorannoo Digrii Lammaffaa Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun Gamisaan Guuttachuuf qophaa'ee Yuunivarsiitii Addis Ababaaf Dhiyaate).

Raymond, W. (1992). *The Poetics of Mind. Figurative Thought. Language Understanding.* Cambridge University: Cambridge University Press.

R. E. Myers. (2008). *Figures of speech. Astudy and practicing Guide*. USA: Teaching and Learning Company.

Rimmon, K. S. (1983). *Narrative Fiction*. London: Routledge.

Romberg, B. (1982). *Studies in the Narrative Technique of the First Person Novel*. Stockholm: Almqvist and Wiksell.

Tashoomee Egeree, Mitikuu Dibbeessaa, Gammachuu Galaalchaa. (2002). "*Asoosamoota Dhangala'oo Oromoo, Caacculeefi Malawwan Barruu." Hidha Lammaffaa Barnoota Fagoo*. Finfinneerra: Mala Qunnamtii Giddugaleessa Ministeera Barnoota.

Selden, R. (2005*). Modern Literary Theory and Ancient Texts. A Reader Guide to Contemporary Literary Theory 3rd Ed.* Kentucky: University Press of Kentcky.

Seale, C. (2004). *Social Research Methoods*: A Reader. London: Routledge.

Turco, L. (1999). *The Book Literary Terms*. USA. University Press of New.

Tyson, L. (2006). *Critical Theory Today*: Auser Friendly University press. University of Minnesota.

Wasanee, B. (2010). *Bantuu Haaraa*: Seera Luugaafi Ogbarruu Afaan Oromoo. Finfinnee. Mega printing p. l. c.

Wilcox, R. (1993). *Fundamentals of Fiction USA*: University Press of America ink.

Zerihun Asfaw. (1996). *Yesinetsuf Meseretaawuyaan*. Addis Ababa: Benigdi Matemiyaa Dirijjiit Taattemee.

http://owl. English. Purdued. Edu [guyyaa marsariitiin kun seename 5/6/2015]

http://WWW.goagle. Com/ [guyyaa marsariitiin kun seename 18/6/2015]

htt://en.WiKipedia.org/WiKi/literary-theory[guyyaa marsariitiin kun seename 18/6/2015]

thhp://WWW.textetc.com/Criticism.htm [guyyaa marsariitiin kun seename 1/7/2015]

http://criticismauthers,style.Com [guyyaa marsariitiin kun seename 1/7/2015]


htts://en.WiKipedia.org/Formalism [guyyaa marsariitiin kun seename 4/7/2015]

http://www.britanica.com/topic/Formalism-literal/ [guyyaa seename 4/7/2015]

https://www.slideshare.net/mariaraja/formalism/[guyyaa marsariitii seename 5/7/2015]

https://en.wikipedia.org/Formalism [guyyaa marsariitiin kun seename 5/7/2015]

## Dabalee A: Suuraa Qola Kitaaba Asoosama Ededa



## Dabalee B: Cheeklistii

Gaaffileen akka cheeklistiitti ragaalee qorannichaa xiinxaluuf hojiirra oolan kanneen kanaa gadiiti.

1) Sadarkaaleen ijaarsa caasaa jaargocha hundumtu hammatamuu isaani mirkaneeffachuu, kanneen akka; madda yookaan ka’umsa, tumsa, finiina, sigigaannaafi furmaanni akkasumaas, qindoominni gidduu isaanii jiru maal fakkaataa?
2) Asoosama filatame kana keessatti barreessaan akaakuuwwan namfakkiiwwan akkaata kamiin dhiyeesse? Namfakkiiwwan isa kam irratti xiyyeeffate, Namfakkiiwwan gurguddoo, xixiqqoomoo masaanuu irratti xiyyeeffate?
3) Asoosamni filatame kallattii seenessuu akkamiin ibasame? Ramaddii tokkoffaamoo ramaddii sadaffaan dhiyaate?
4) Asoosama filatame kana keessatti waldhabbiin akkaataa kamiin uumaman yookaan kalaqamaan? Akkasumaas, yoomeessi asoosamichaa akkaata kamiin dhiyaatan?
5) Asoosama filatame kana keessatti, itti fayyadama afaanii ilaalchisee: saadoommiiwwan jira? Akkaakuu saadoommii kam fa’aatu jira? Saadoommiiwwan maal ibsu? Itti fayyadamni fakkoommii jira? Maal maal bakka bu’ u? Yookaan mallatteessu?